# XINXAALA IBSA LEELLOOFI FAARUU BOOCHISAA GODINA SHAWAA KAABAA : AANAA YAAYYAA GULLALLEERRATTI XIYYEEFFATE

**BALAACHOO MULUU TUFAA**

**YUUNIIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**KOOLLEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**

**FINFINNEE**

# XINXAALA IBSA LEELLOOFI FAARUU BOOCHISAA GODINA SHAWAA KAABAA : AANAA YAAYYAA GULLALLEERRATTI XIYYEEFFATE

**BALAACHOO MULUU TUFAA**

**GORSAAN: Dr. DASTAA DASSAALANY**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA(MA)**
**AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII DHIHAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMII FI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**
**FINFINNEE**

**Yuunvarsiitii Addis Ababaa**

**Dhaabbata Digirii Duraa Booddee**

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun guuttachuuf Balaachoo Muluu Mata Duree: Xinxaala Qabiyyee Faaruu Boochiftuu Sirna Boochisaa Godiina Shawaa Kaabaa: Aanaa Yaayyaa Gullalleerratti xiyyeeffate jedhuun qophaa'ee, sadarkaa Yuunivarsiitiin kaa'ee guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa ________________________________ Mallattoo ____________ Guyyaa _____________

Qoraa Keessaa _____________________________ Mallattoo _____________ Guyyaa ____________

Gorsaa _________________________________ Mallattoo ______________ Guyyaa____________

______________________________________________________________

Itti Gaafatamaa Mummee Ykn Qindeessaa Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)

## Axeerara

Kaayyoon qorannoo kanaa qabiyyeefi ergaa faaruu boochisaa boochiftuun dhiyaatu xinxaaluudha. Mata-duree kanarratti qorannoon akka gaggeeffamu ka'umsa kan ta'e: Faaruun boochisaa boochiftuun dhiyaatu carraa qorannoon bahee mul'achuu dhabuu, ragaan faaruu kana ibsu sadarkaa afaanii qofaan jiraachuufi dhiyaatinni faaruu kanaa hawaasa biratti laafaa deemuudha. Kaayyoo kana galmaan gahuuf barruulees ta'ee qorannoowwan hanga tokko mata-duree qorannoo kanaa waliin hidhata qaban sakatta'amaniiru.Yaaxxinaalee qorannoon kun bu'uureffates yaaxxina tajaajilaafi yaaxxina haalaa yoo ta'u,qorannoo kana keessatti madda odeeffannoo tokkoffaatti kan dhimma bahameedha. Dabalataanis, qorataan kitaabilee adda addaa akka wabiitti itti fayyadamameera. Maddi odeeffannoo tokkoffaas mala iddatteessuu kaayyawaa fi darbaa dabarsaan kan filatameedha. Odeeffannoo madda tokkoffaarraa funaanuuf daawwannaafi afgaaffiin hojiirra oolanii jiru. Odeeffannoowwan malleen kanaan funaannaman mala qorannoo ibsaan qaacceffamaniiru. Adeemsa kana hordofuun argannoowwan bira gahaman: Sirna boochisa nama du'ee irratti boochiftuu carraa faaruun boochisuu si'a sadi akka argattu; Sirna boochisa daa'imman umurii bakkatti hammaattee kaasee hanga ijoollota umurii waggaa 15 gadiitiif faaruun boochiftuu kan hindhiyaannef ta'uu; dhimmoonni faaruu boochiftuun ka'an irra caalaatti kan nama du'eefi maatii isaatiin ka n walqabatan ta'uu; ergaan faaruu boochiftuutiin sirna boochisaa irratti namootaaf darbu namoonni yommuu lubbun jiran waan gaariifi qajeelaa akka hojjetan onnachiisuu, gorsuu, qeequufi barsiisuu ; boochiftuun sirna boochisarratti faaruun boochisuu yoo eegalu, seenaa himuufiin yoo ta'u, yoo xumuuru immoo, faaruun eebbisuun kan xumuuru ta'uu fa'a.Yaboo qorannoo kanaa keessattis faaruu boochiftuutiif xiyyeeffannoon kennamuufii akka qabu yaanni kallattii itti aanu kun kaa'ameera. Dhimmoonni faaruu boochiftuun sirna boochisaarratti darban kun sadarkaa afaanii qofaan kan darbaa jiran waan ta'eef, osoo gara barreeffamaatti jijjiirramee gaarii ta'a. Akkasumas, faaruun boochisaa kun dhaloota dhufuuf madda seenaa waan ta'eef, viidiyoon waraabamee osoo olkaa'amee gaaridha. Kana malees, faaruu boochisaa keessatti hirmaannaan dubartootaa laafaa waan ta'eef, hawaasafi qaamni dhimmi ilaallatu dhimma kanarratti waliin hojjechuun, faaruu boochisaa keessatti hirmaannan isaanii akka dabalu osoo jajjabeessee. Dhumarrattis, qaamni aadaa hawaasaa kanaaf quuqqamu qorannoo bal'aa adeemsiisuun ragaa barreeffamaa gahaa dhalootaaf osoo kaa'ee.

## GALATA

Waan hunda dursee waaqayyo isa kallattii kamiinuu keessatti jalqabaa amma dhuma qorannoo kanaatti nagargaareen galateeffadha. Itti aansuun gorsaa koo kan ta'an Dr. Dastaa Dassaalany jalqabaa hanga dhuma qorannoo kanaatti nuffii tokko malee gorsa naaf kennuun qorannoo koo kallattii qajeeltoo waan qabsiisaniif galata guddaa qabu waan ta’eef umurii dheertuu isiniif yaa kennu jechuun barbaada. Dabalataanis, maatii koo qorannoo kana keessatti yaadafi horiin nagargaaran abbaa koo Obbo Muluu Tufaa, haadha koo Aadde Araggaashi Gonfaafi obbolaawwan koo hunda guddaan galateeffadha.

Akkasumas obsa guddaa horachuun nuffii tokko malee meeshaa viidiyoo kaameeraafi waraabduu sagalee naaf ergisuun nadeeggaraa kan turan B/saa Lammeessaa Waaqjiraafi B/saa Indiriyaas Nuguseef galannin qabu guddaadha. Kana mallees, hiriyaa koo kan ta’e B/saa Girmaa Taaddasaa yaadaafi beekkumsa qabaniin waan na gargaaraniif galata guddaa narraa qabu. Dhumarrattis Maanguddootaafi boochiftoota Aanaa Yaayyaa Gullallee, iddattoo qorannoo kanaa ta’uun qorannicha raawwii qabatamaan agarsiisan hundaaf galanni koo daangaa hinqabu.

## Bafata

**Qabiyyee** **Fuula**

AXAREERA ........ i
GALATA ........ ii
Suurawwan ........ v
Hiika Jechootaa........ Vi
BOQONNAA TOKKO:SEENSA ........ 1
1.1. Seenduubee Qorannichaa ........ 1
1.2. Ka'umsa Qorannoo ........ 3
1.3. Kaayyoolee Qorannoo ........ 4
1.3.1. Kaayyoo Gooroo ........ 4
1.3.2. Kaayyoolee Gooree ........ 4
1.4. Barbaachisummaa Qorannoo ........ 4
1.5. Daangaa Qorannoo ........ 5
1.6. Hanqina Qorannoo ........ 5
1.7. Ibsa Naannoo Iddoo Qorannoo ........ 6
1.7.1. Hidda Latiinsa Aanaa Yaayyaa Gullalleefi Akkaataa Moggaasa Maqaa Isaa ........ 7
1.7.2. Baay'ina Uummata Aanaa Yaayyaa Gullallee ........ 8
1.7.3. Haala Qilleessa Baramaafi Teessuma Lafaa Aanaa Yaayyaa Gullallee ........ 9
1.7.4. Haala Jiruufi Jireenya Hawaasa Aanichaa ........ 9
1.7.5. Adeemsa Fuudhaafi Heeruma Hawaasa Aanichaa ........ 9
1.7.6. Aadaa Nyaataafi Dhugaatii Aanaa Yaayyaa Gullallee ........ 11
1.7.7. Iddoowwan Hawwata Turizimii Aanichaa ........ 11
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ........ 12
2.1. Fookloorii ........ 12
2.2. Gooroowwan Fookloorii ........ 13
2.2.1. Duudhaa Hawaasaa ........ 15
2.2.2. Ogafaan ........ 15
2.2.2.1. Faayidaa Ogafaanii ........ 17
2.2.2.2. Gosoota Ogafaanii ........ 18
2.2.2.3. Afwalaloo ........ 19
2.2.2.4. Amaloota Afwalaloo ........ 20
2.2.2.5. Faayidaa Afwalaloo ........ 23
2.2.2.6. Gosoota Afwalaloo ........ 23
2.2.2.6.1. Faaruu ........ 24
2.2.2.6.2. Gosoota Faaruu ........ 25
2.3. Yaaxxinaalee Qorannoon Kun Bu'uureffate ........ 25
2.3.1. Yaaxxina Tajaajilaa ........ 26
2.3.2. Yaaxxina Haalaa ........ 27

2.3.3. Walsimannaa Yaaxxinaalee Fokloориifi Faaruu Boochiftuu ........................................ 27
2.4. Sakatta'a Qorannoolee Walfakkaatanii ........................................ 29
BOQONNAA SADI: MALA QORANNOO ........................................ 31
3.1. Saxaxa Qorannoo ........................................ 31
3.2. Mala Iddatteessuu ........................................ 32
3.3. Malleen Funaansa Ragaalee ........................................ 333
3.3.1. Daawwannaa ........................................ 33
3.3.2.Afgaaffii ........................................ 34
3.4. Meeshaalee Funaansa Ragaa ........................................ 35
3.5. Mala Xinxaala Ragaalee ........................................ 355
3.6. Qindoomina Qorannoo ........................................ 35
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE ........................................ 37
4.1. Akkaataa Jalqabbiifi Xummura Faaruu Boochisaa Boochiftuun Dhiyaatuu ........................................ 37
4.2. Yoomessa Dhiyaatina Faaruu Boochisaa Boochiftuun Dhiyaatuu ........................................ 39
4.2.1. Yeroo Reeffi Nama Du'ee Mana Jireenya Isaatii Bahu……………………………………….40
4.2.2. Erga Reeffi Qe'eedhaa Kaafamee Hanga Lafa Awwaalchatti…………………………….41
4.2.3. Iddoo Awwaalchaatti……………………………………………………………….43
4.3. Hirmaannaa Koorniyaa Faaruu Boochisaa Dhiyeessuu Keessatti ........................................ 45
4.4. Barmaatilee Dhiyaatina Faaruu Boochisaa Irratti Dhorkaman ........................................ 45
4.5. Dhimoota Boochiftuun Faaruun Sirna Boochisaarratti Dhiyeessitu ........................................ 46
4.6.Akkaataa Boochiftoonni Itti Dabaree Waliif Dabarsuufi Walirraa Fuudhuun Boochisan………47
4.7. Akkaataa Faaruun Boochiftuu Sirna Boochisaarratti Itti Hurruubamu ........................................ 49
4.7.1. Haalafi Ergaa Boochisaa Gulantaa Umuritiin Hurruubamu………………………………..50
4. 8. Ergaa Faaruu Boochisaan Umrii Ykn Haalota Garagaraa Keessatti Dhiyaatu ........................................ 54
4.8.1. Faaruu Boochisaa Yeroo Daa'imman Du'an Dhiyaatu ........................................ 54
4.8.2. Faaruu Boochisaa Yeroo Ijoollonni Du'an Dhiyaatu ........................................ 54
4.8.3. Faaruu Boochiftuu Sirna Boochisaa Yeroo Dargaggoonni Du'an Ittiin Boo'amu ........................................ 55
4.8.3.1. Faaruu Boochiftuu Cimina Dargaggeessa/ttii Du'e /Duute Mul'isuuf Dhiyaatu ........................................ 58
4.8.3.2. Hojii Osoo Hojjetuu Irraa Du'e/Duute Faaruu Mul'isu ........................................ 59
4.8.3.3. Deeggarsa Du'arraa Dandamachiisuuf Taasifameef Faaruu Mul'isu ........................................ 60
4.8.4. Faaruu Boochiftuun Yeroo Ga'eessonni Du'an Sirna Boochisaarratti Dhiyyaatu ........................................ 61
4.8.4.1. Faaruu Haala Jireenya Maatii Nama Du'ee Kan Gara Fuulduraa Ibsu ........................................ 62
4.8.4.2. Faaruu Leelloo Ga'umsa Hojii Namni Du'ee Ibsu………………………………….....63
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA , ARGANNOOFI YABOO ........................................ 66
5.1. Cuunfaa ........................................ 66
5.2. Argannoo ........................................ 67
5.3. Yaboo ........................................ 68
WABII ........................................ 69

## Suurawwan

Qabiyyee Fuula

Suura 1_ Boochiftuun farda yaabbatee boochisa gara qe'ee nama du'eetti yommuu daaman............. 41
Suura 2_ yeroo karaa walakkaa boochiftuun gidduu dhaabbatee yoo boochisu................................... 43
Suura 3_ Iddoo awwaalaatti boochistuu gidduu namootaa dhaabbatee yommuu boochisu.................. 45
Suura 4_ Dargaggeessaaf shinooteen hidhatameefi yeroo boochiftuun boochiftu agarsiisu............... 57

## Hiika Jechootaa

Adadumaan……………… dhawaataan

Cabsaa……………………… Dhikkisa

Cubbuu…………………… badii /yakka

Hirmii……………………… boo’a nama du’eef akkuma dhagahameen boo’amu

Hammaatte........................... duute (daa’ima reefu dhalateef)

Hoodachuu…………………boo’a yookiin gadda dhiisuu

Qabaarii…………………… .hirmaattota awwaalchaa

Shinootee ………………… meeshaa aadaa karameellaa, burtukaannifi xajjisaarri leemmatiirratti hidhamee guyyaa cidhaa dubartoonni qabatanii shubbisan

Leemmatii……………………meeshaa aadaa kan migira irraa hojjitamee nyaanni irratti nyaatamu

gibbisii……………………….uffata dheeraa gaddaaf hanga miila fardaatti gadi uffisamu

assanaabbatuu…………………eebbisee gaggeessuu

yaamaaru………………………waaqni cubbuu lubbuu isaaf/isheef dhiifama yaa godhuuf

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Uummanni Oromoon saba bal'aa gaanfa Afrikaa qubatee jiraatudha. Waa'ee saba bal'aa kanaafi afaan isaa ilaalchisee, Dirribii D.(2012:15) yoo ibsuu, *"Oromoon saba guddaa Itoophiyaafi gaanfa Afrikaa keessa jiraatu yoo ta'u, Afaan Oromoo hedduumina dubbattootaan ardii Afrikaa keessaa Afaan Arabaafi Afaan Hawusaan durfamee sadarkaa sadaffaarratti argama.Haa ta'u malee,carraan Afaan Oromoo gama barreeffamaafi meeshaalee sabquunnamtiin hojiirra oolmaaf argachaa ture afaanicha kan madaaluu miti" jechuun ibseera.* Akka yaada kanarraa hubatamutti lakkoofsi uummata Oromoofi afaan isaa baay'ina dubbattootaan sadarkaa gaariirra yaa jiraatu malee, guddinni afaanichi gama barreeffamaan bahee mul'achuu akkasumas sab-quunnamtii adda addaan tajaajila kennuurratti carraan argachaa ture sabichas ta'ee afaanicha kan hinmadaalle ta'uun nihubatama.

Uummanni Oromoo uummata aadaafi seenaa gaarii qabuudha. Aadaafi seenaa gaarii qabu kanas kallattii garagaraan waldhaalchisaa kan tureefi yeroo ammaas waldhaalchisaa kan jiruudha. Kallattiiwwan aadaan saba tokkoo ittiin dhaallamu keessaa afoolli isa tokko. Afoolli damee fooklorii ta'ee wayita ogummaan barreeffamaa hindagaagnetti aadaafi seenaa hawaasaa hubachiisuu keessatti gahee guddaa taphachaa kan tureefi taphachaa kan jiruudha.Yaada kana cimsuun, Tafarii, (2004:133) yoo ibsu, "Afoolli hojii huccuu miidhaginaa uffatee jiruufi jireenya hawaasaa miidhaksee qindeessuun afaaniin dhalootaa dhalootatti darbaa tureedha. Kanaafuu aadaafi seenaa saba tokkoo,sadarkaa guddina hawaasichi irra ture, sadarkaa guddinaafi bal'ina afaanii kan calaqqisiisudha." jedha.

Akka yaada hayyuu kanaatti, afoolli callisee kan dhiyaatu osoo hintaane miidhagina goonfachuu kan qabuufi jechoonni inni ittiin dhiyaatu miira dhaggeeffataa booji'uu kanneen danda'an ta'uu qabu. Akkasumas, afoolli sadarkaa guddinni hawaasa tokkoo irra tureefi irra jiru kan agarsiisudha.

Dabalataanis, ogafaan hawaasa isaa ibsuudhaan qabeenyaa hawaasaa isa beekamaadha. Kanaanis, hawaasni tokko kanneen biroo irraa adda ba'ee ittiin beekama. Hawaasni Oromoos saba biroorraa kan adda isa taasisu aadaafi afaansaa akkasumas, jiruufi jireenya isaa kan ittiin ibsatu ogafaan mataa isaa qaba. Kanaanis, wanta hawaasni waliin hirmaatu, gammachuu, gadda, hawwii, dhiphina, sona jireenyaa isaafi kan kana fakkaatan ogafaanitti dhimma ba'uun calaqqisiifata.

Ogafaan hawaasni dhimma itti bahaa tureefi bahaa jiru kana irratti hayyoonni adda addaa ibsa walfakkaataafi garaagaraa kennanii jiru. Fakeenyaaf akkuma armaan olitti ibsametti Osoo ogbarruun barreeffamaa hinjiraatiin dura dhalli namaa ogafaanitti fayyadamamaa tureera.Yaada kana Ruth Finnegan, (2012: 1) yoo ibsitu, “Implications for the study of oral literature, oral art as literature Africa possesses both written and unwritten traditions,” jetti. Yaada hayyuu tanaarraas kan hubannu, ogafaan keessa beekumsi qoratamaa kan ture ta’uudha. Ogafaan kun Afrikaa keessatti qabeenyaa karaa ogbarruufi ogafaaniitiin akka barsiifatatti itti tajaajilamaa kan turan ta’uu isaati. Kunis, kan nu hubachiisu Uummanni Afrikaa osoo ogbarruutti hingargaaramiin dura ogafaanitti dhimma ba’aa akka turaniidha. Akkasumas, ogafaan kanallee akka ogumaatti ilaalaa akka turaniidha.

Dabalataanis,Wasaneen, (2000:156) ogafaan yoo ibsu, “Ogafaan afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbu hambaa uummataati” jedhuun ibsa. Yaada kana irraas kan hubannu, aadaan, duudhaan, amantiiniifi kan kana fakkaatan karaa ogafaaniin darbanii akka as ga’aniifi ammas darbaa akka jiran. Isaanumti immoo deebi’anii hambaa uummataa akka ta’aniidha.

Yaada kana Addunyaa, (2016: 166) yoo cimsee ibsu, “ogafaan ogummaa labata tokko irraa gara labata biraatti afaaniin darbuudha” jechuun ibseera. Kanaafuu, ogafaan waa’ee uummata tokkoo beekuuf madda odeeffannoo isa guddaa ta’ee kan tajaajiluufi dhaloota irraa dhalootatti afaaniin daddarbaa kan dhufe ta’uu isaati. Yaada hayyuu kanaa irraa wanti nuti hubannu, ogafaan eenyummaafi ilaalcha sabaa haala beekumsaa, seenaafi qarooma uummataa akka agarsiisudha. Gama kanaanis ogafaan mallattoo sabni tokko saba biroorraa adda ba’ee ittiin beekamuudha. Akkasumas, ogafaan gooroo fookloorii keessaa tokko ta’ee kan hawaasni yeroo dheeraa beekumsa, aadaa, safuufi kkf. kan keessatti kuufataa turaniifi har’as keessatti kuufachaa jiran calaqqee muuxannoowwan hawaasa hedduu ta’uusaati.

Gama birootiin Fedhasaa Taddasaa, (2013:13) waa’ee miidhagina gosoota ogafaan Oromoo yoo ibsu, “Ogafaan Oromoo baay’ee bareedaafi gosoota adda addaa of keessaa qaba. Bal’ina isaarran kan ka’e takkaatti qoratanii bira ga’uun nama dhiba” jechuun ibseera. Kunis namni ogafaan Oromoo qorachuu barbaadu gosoota isaa keessaa filachuu akka qabu qorataan hubatee jira. Walumaagalatti, ogafaan gooroowwan gara garaa of keessaa qaba. Ta’uyyuu, gooroowwan ogafaanii kana keessaa faaruu boochisa filachuudhaan akkaataa faaruun boochiftuun sirna boo’icharratti, uummata Oromoo Aanaa Yaayyaa Gullallee keessatti ittiin dhiyaatu irratti daanga’uudhaan, qorannoon kun kan geggeeffameedha.

## 1.2. Ka’umsa Qorannoo

Qorannoo tokko geggeessuuf sababni nama kakaasan jiraachuu qabu. Addunyaan, (2011 : 54) akka ibsetti, “ka’umsi qorannoo tokko dhugaa hawaasa keessatti ykn waa’ee hawwaasichaa dhimma barreeffamarratti mul’atuu, dhimmichis rakkoo, ykn qaawwa jiru tokko duuchuuf ykn yaaxxina tokko haaromsuuf, ibsa bal’aa dhimmichatti kennuufi wkf ta’uu danda’a’’ jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti qorannoon tokko rakkoo furuu ykn beekkumsa hundeessuufi kan dura ture babal’isuun akka hubannoo hawaasaaf tolu haala mijeessuu, ka’umsa godhachuun gaggeeffamuu danda’a. Qorataan qorannoo kanaas beekkumsa hawaasa kan ta’e, qabiyyee faaruu boochisaa ibsuu irratti kan xiyyeeffateedha.

Hawaasni Oromoo afoolota walaloo ofkeessaa qabu kanneen afaaniinfi gochaan qaxxaamuruu danda’an hedduu qaba. Gosoota afoola bifa walaloon dhiyaatuu keessaa faaruun boochisaa isa tokko. Akka Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Yaayyaa Gullalleetti faaruun boochisaa yeroo yeroon irra deddeebi’ee dhiyaachaa waan tureef baay’ee beekkamaadha. Haata’u malee, hanga qorataan qorannoo kanaa hubatetti faaruun boochisaa carraa qorannoon bahee mul’achuu akkasumas gara barreeffamaatti jijjiirramuu hinarganne. Kun immoo carraa faaruun boochisaa kun beekkamuuf qabu jalaa laaffisaa deema.

Dabalataanis akka qorataan hubatetti faaruun boochisaa sababa amantii garagaraarraa kan ka’e hanga durii dhiyaachaa hinjiru; kun immoo faaricha gara baduutti oofaa jira. Qorataanis kanuma bu’uureffachuun faaruun boochisaa carraa qorannoo argachuun akka beekkamu haala mijeessuudha. Ragaa barreeffamaa faarichaaf qindeessuufi itti fayyadamni faaruu boochisaa hawaasa biratti bifa dura tureen akka itti fufu yaadachiisuu, akka ka’umsa qorannootti qabatee kan ka'edha. Walumaagalatti dhimmoonni akka qorataan mata-duree kanarratti qorrannoo gaggeessu taasisan kanneen armaan gadiiti.Isaanis:

- Faaruun boochisaa aadaa boonsaafi qabeenya hawaasa Oromoo ta’e kun ragaa barreeffamaa dhabuu;
- Hanga qorataan hubatetti akka Aanaa Yaayyaa Gullalleetti mata-duree kanarratti qorannoon gaggeeffame dhabamuu;
- Faaruun boochisaa sababa amantiin haalli dhiyaatina isaa laafaa deemuu;
- Waajjirri Aadaafi Aurizimii Aanaa Yaayyaa Gullallee faaruu boochisaarratti ragaa barreeffamaafi viidiyoon waraabamee taa’e dhabuu.

Dabalataanis galma ga'iisa qorannoo kanaarratti gaaffileen bu'uuraa armaan gadii deebii argataniiru.

1. Faaruun boochisaa boochiftuun akkamiin hurruubbamaa?
2. Faaruun boochisaa boochiftuun sirna booyichaarratti yoomessa akkamii keessatti raawwatamaa?
3. Dhimmoonni faaruu boochiftuutiin sirna boochisaa irratti dhiyaatan maal maali?
4. Barmaatileen adeemsa faaruu boochisaa keessatti dhorkaman maal fa'i?
5. Ergaan faaruu boochisaan umrii ykn haalota garagaraa keessatti dhiyaatuun darbu maal maali?

### 1.3. Kaayyoolee Qorannoo

Qorannoon kumiiyyuu kaayyoo galmaan ga'uuf gaggeeffamu qaba. Kaayyoon kunis gama lamaan kan ibsamu yoo ta'u, innis gama kaayyoo gooroofi gooreen ta'a.

#### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa qabiyyeefi ergaa Faaruu Boochiftuu Sirna Boochisaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Yaayyaa Gullalleerratti xiyyeeffate Xinxaaluudha.

#### 1.3.2. Kaayyoolee Gooree

Qorannoon kun kayyoolee gooree armaan gadii bu'uura godhata. Isaanis:

- ❖ Dhimmoota faaruu boochiftuutiin sirna raawwii awwaalcharratti ka'an xinxaaluun adda baasuu;
- ❖ Adeemsa hurruubummaa faaruu boochisaa xinxaaluun ibsuu;
- ❖ Yoomessa dhiyaatina faaruu boochisaa boochiftuun sirna raawwii awwaalcharratti dhiyaatu xinxaaluun addeessuu;
- ❖ Barmaatilee adeemsa faaruu boochisaa keessatti dhorkaman xinxaaluun adda baasuu.
- ❖ Ergaa faaruu boochisaa umrii ykn haalota garagaraa keessatti dhiyaatu xinxaaluun ibsuu.

### 1.4. Barbaachisummaa Qorannoo

Barbaachisummaan qorannoo iddoo itti fayyadamaan qorannoo gaggeeffamee eenyu akka ta'e ibsamuudha. Barbaachisummaa qorannoon walqabsiisee Adunyaa B.(2011:55) irratti,"Barbaachisummaan qorannoo tokkoo barbaachisummaa mata-duree qorannichi irratti gaggeeffameefi qabatamummaa odeeffannoo bu'uura qorannichaa ta'e irratti hundaa'a" jechuun ibseera. Akka ibsa hayyuu kanaatti, mata dureen qorannoon irratti gaggeeffamuufi odeeffannoon bu'uura qorannichaa ta'e barbaachisummaa qorannoo tokkoo murteessuu keessatti gahee guddaa qabu.

Qorannoon kun osoo gaggeeffamuu baatee faaruun boochisaa boochiftuun dhiyaatu akkuma qorataan dura hubatetti carraa barreeffamaan bahee mul'achuu dhabuurraa kan ka'e, carraan dagatamuu isaa babal'achuu danda'a. Kanaafuu, bu'a qabeessummaan qorannoo kanaa inni duraa faaruu boochisaa boochiftuun dhiyaatu dagatamuurraa oolchuudha. Akka faayidaa lammeessootti galma ga'iinsa qorannoo kanaa irraa qaamoleen armaan gadii fayyadamoo ta'u.

- Namoonni faaruu sirna boochisaa ykn dhimmoota kana fakkaatanirratti qorannoo geggeessu barbaadaan akka bu'uuratti ykn ka'umsatti itti fayyadamuu danda'u.
- Dagaagina qorannoo ogbarruu Oromootiif nigumaacha.
- Qorannoon afoola Oromoo xiyyeeffannoo akka argatuuf nigargaara.
- Waajjirri Aadaafi Turizimii Aanaa Yaayyaa Gullallee qaawwa argachuun qorannoo afoolaa akka gaggeessu onnachiisuu mala.
- Qorannoon kun erga gaggeeffamee xumuuramee namoota argatanii dubbisaniif, waa'ee faaruu sirna boochisaa ilaalchisuun, haalota inni keessatti dhiyaatu, ergaasaa, faayidaa inni hawaasaaf qabu, hurrubummaa ittiin dhiyaatuufi akkaataa beekumsi hawaasaa kun gadda irratti qindaa'ee dhiyaatu irraa hubachuu nidanda'u.

### 1.5. Daangaa Qorannoo

Qorannoon kun guutuu Naannoo Oromiyaa irratti osoo geggeefame gaarii ta'a ture. Haa ta'u malee, sababa humnaa fi mallaqaa guddaa akkasumas yeroo bal'aa gaafachuurraan ka'een, qorannoon kun kan irratti daanga'e Naannoo Oromiyaatti Aanaalee Godiina Shawaa Kaabaa keessaa, Aanaa Yaayyaa Gullallee irratti kan xiyyeeffate gaggeeffameedha. Gama mata-dureetiin gosoota afoola Oromoo keessaa Xinxaala Qabiyyeefi ergaa Faaruu Boochiftuun Sirna boochisaarratti dhiyaatu irratti kallattiin kan fuulleffateedha. Faaruun boochiftuun sirna awwaalchaarratti dhiyaatu kun gandoota aanichaa iddoo garagaraa keessatti haala walfakkaatuun waan gaggeeffamuuf, humnaafi baasii qusachuuf, qorannoon kun bakkaan gandoota Aanaa Yaayyaa Gullallee keessa gandoota shan irratti xiyyeeffate. Isaani: ganda Qaaxillaafi Gobbollaa, Iluufi Dirree, Noonnoofi Camarrii, Gotoofi Lamii irratti kan daangefameedha. Kanamalees, qabiyyeedhan immoo dhimmoota boochistuun kaastu hundi kan ilaallamu osoo hintaane, dhimma nama du'e saniin walqabatu qofa irratti fuulleffate.

### 1.6. Hanqina Qorannoo

Qorannoon yoo gaggeeffamu bu'aa bahii garagaraa keessa darba. Haala kana keessattis hanqinni adda addaa qorataa muudachuu danda'a. Adeemsa qorannoo kanaa keessattis hanqinoonni qorataa muuddatan keessaa adda dureen madda odeeffannoo akka salphaatti argachuu dhabuudha,

Dabalataanis hanqinni yeroo, rakkoon baajetaafi qorannooleen adda addaa mata-duree kanaan walqabatan dhabuun hanqinoota qorataa muudachaa turaniidha. Kana malees, qorannoon kun dhimmoota gadda waliin wal qabatan irratti waan adeemsifameef, akka safuu hawaasaatti osoo namoonni boochisa sirna awwaalchaarra jiraanii viidiyoon namoota boo'aa jiran waraabuun akka waan badaa ta'e waan ilaallamuuf, iddoon inni itti ulfaataa ture jira. Haata'u malee, qorataan malleen garagaraa kanneen akka madda odeeffannoo obsaan barbaaduufi kan mataduree qorannoo isaatti dhiyaatu fayyadamuu, yeroo hojii haalan qoqqooduun itti fayyadamuu, waraqaafi meeshaa barreessaa mana barumsaa gaafachuun itti fayyadamaara. Akksumas, viidiyoon fayyadamuu odeeffannoo faaruu boochisaa funaannachuu ilaalchisee hanqina muudateef akka safuu hawaasaatti hinbuunetti tooftaa adda addaa fayyadamuudhaan rakkoo kana irra tarkanfateera. Tooftaalee fayyadame kunneenis, waraqaa deeggarsaa barreeffame agarsiisuudhaan, maatii namni jalaa du'e duursee amansiisuun hayyamsiisuu fi iddoo rakkisaa ta'ettis obsaan sagalee qofaan waraabbachuun qorannoo isaa galmaan gaheera.

### 1.7. Ibsa Naannoo Iddoo Qorannoo

Akka beektonni gara garaa jedhanitti, Uummanni Oromoo duraan gosuma tokkorraa akka dagaaganiidha. Booda keessa garuu, akka dagaagaa deemaniin gara gosa ofii jalatti ijaaramuun angafaafi qixisuu ta'aa dhufan. Tokkoomni gosaa duraan argamaniis Booranaafi Baarentummaadha. Isa kanas Muhammad, (2012 : 25) yoo ibsu, "qoodamni kunis Booranni angafa yoo ta'u, Baarentuun immoo qixisuudha", jedha. Akkasumas, waa'ee qoqqoodinsa Oromoo Dessalegn, (2006 : 10) yommuu ibsu, "These paired moieties are the Rayyaa-Assebuu, Mecha-Tulamaa, Sabboo-Goonaa, Siikkoo- Mandoo, and Ittuu - Humbanaa represented the five territorial divisions of the Oromo," jechuudhaan ibsa. Yaadni kunis kan nu hubachiisu, qoqqodinsi Oromoo bakka gurguddaa shanitti qoodamuu isaati. Isaanis, Raayyaa-Asebuu, Maccaa-Tuulamaa, Sabboo-Goonaa, Siikkoo-Mandoofi Ittuu- Humbannaa akka ta'eedha. Egaa Oromoon Tuulamaa damee Raayyaa, Raayyaan immoo damee Booranaa (isa angafaa) keessaa isa tokko akka ta'e Muhammad, (2012 : 37) ni ibsa. Akkasumas, fuuluma kana irratti, "Oromoonni Tuulamaa hidda latiinsa isaanii Raayyaatti galchu. Raayyaan damee afur qaba. Isaanillee Macca, Tuulama, Walloofi Karrayyuu jedhaman" jechuun ibsa.

Oromoon Tuulamaa lafa bal'aa kan qabatee jiruufi uummata bal'aadha. Oromoonni Godiina Shawaa Kaabaa keessa jiranis akka maanguddoonni jedhanitti Oromoo Tuulamaa akka ta'aniidha. Aanaan Yaayyaa Gullallees Magaala guddoo godiinichaa kan taate magaala Fiichee irraa gara kibba Lixaatti 26km , magaala guddittii Naannoo Oromiyaa Finfinnee irraa ammo 114km fagaattee gara Kaabaatti

argamti. Aanaan kun karaa Bahaatiin Aanaa Dabralibaanoosifi Waacaaleetiin , karaa Kaabaan Aanaa Giraar Jaarsoon, Kibbaan Godiina Addaa Naannawa Finfinnee(Aanaa Sulultaa)fi Aanaa Wucaalee, Dhihaan Godiina Shawaa Lixaatiifi Aanaa Dagamiin daangefama.

### 1.7.1. Hidda latiinsa Aanaa Yaayyaa Gullalleefi Akkaataa Moggaasa Maqaa Isaa

Akka ragaan Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Yaayyaa Gullalleerraa argame hubachiisutti, maqaan akka waliigalaatti hawaasni godina shawaa kaabaa keessa jiraatu ittiin beekkamu Salaale. Jechi kunis maqaa tulluu giddu galeeffachuun mogga’eedha. Yeroo durii obboleewwan lamaan Aanneefi Illaamu jedhamantu aanaa Giraar Jaarsoo iddoo Tulluu Salaalee jedhamu kanaatti loon waliin tiksu. Tulluun kunis bosonaan haguuggamee waan jiruuf obboleewwan maqaan isaanii olitti tuqame bosona tullichaa keessa waljalaa dhokachuun walbarbaadu. Adeemsa walbarbaachaa kana keessa inni tokko kan jalaa dhokate arguu dadhabnaan tulluu kana gubbaa bahee aara aarse. Kan dhokates suuta jedhee aara aaraa jiru ilaaluuf yoo ol jedhu kan barbaadaa jiru argee “Si ilaalee/ si’argee koottu” jedheen. Kanarraa ka’uun jecha silaale jedhu gara Salaaleetti jijjiiruun tullichas ta’ee hawaasa godina shawaa kaabaan salaale jedhanii waamuu eegalan.

Hawaasa maqaa Salaaleen yaammamu keessaa hawaasni Aanaa Yaayyaa Gullallee isa tokko. Moggaasni Yaayyaa Gullallee jedhuus maatii Yaayyaafi Gullallee giddugaleeffachuun kan kennamee dha. Aanichis maqaa Yaayyaa Gullallee jedhuun akka waammamu sababa kan ta’e maatiin Yaayyaafi Gullallee babal’achuun walitti dabalamanii iddoo tokko qubachuudha. Gullalleen maatii Oboo keessaa isa tokko ta’ee, maatiiwwan biroo kanneen akka Beeroofi Aabbuutti qooddamee kan jiraatuudha. Yaayyaanis ilmaan hidda Oboo ta’ee Deeddee, Sooleefi Buuyyamaa of jalaa kan qabuudha. Kanaafuu Yaayyaafi Gullalleen obboleewwani. Maatiin kun lameen dur irraa eegalee waliin jiraatu; ammas waliin jiraachaa jiru. Moggaasni Yaayyaa Gullallee jedhuus walqabsiisa maatii lamaanii giddugaleeffachuun kan mogga’eedha. Aanaan Yaayyaa Gullallees kan hundeeffame A.L.H bara 1937 tti. (Madda: Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Yaayyaa Gullallee)

Akkaataa ragaa waajjira qonnaa Aanichaa irraa argameetti, Aanaalee 13n Godinni Shawaa Kaabaa qabdu keessaa Aanaan Y/Gullallee ishee tokko. Magaalaa guddoon aanichaas “Fittaal” jedhamtee yoo waamamtu, mogaasni maqaa “Fittaal” jedhuus maqaa dubartii yeroo durii adda ishee iddoo amma magaalattiin itti babal’ate keessa jiraachaa turterraa kan kennameefidha. Haaluma kanaan hiddi latiinsa Aanaa Yaayyaa Gullallee kan armaan gadii ta’a.

**Caatoo hidda latiinisa Aanaa Yaayyaa Gullallee agarsiisu**

Tuulama - 32

Daaccii- 9

Obo – 7

Gumbichu – 4 Gullallee – 10 Oborii – 3 Yaayyaa – 3 Eekkaa – 3 Diigaluu -2 Gamuu -2

| Mana Beeroo | Mana Aabbuu | 1. Deeddee |
|---|---|---|
| 1. Ruusoo | 6. Yooyyuu | 2. Soolee |
| 2. Fulleellee | 7. Oliyyee | 3. Buuyyamaa |
| 3. Dhaayyee | 8. Managullallee | |
| 4. Sayyo | 9. Kuraabbuu | |
| 5. Arreellee | 10. Amumaa | |

(Madda: Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Yaayyaa Gullallee)

### 1.7.2. Baay'ina Uummata Aanaa Yaayyaa Gullallee

Akka ragaan Waajjira Misooma Maallaqaafi Diinagdee aanichaa A.L.I 2009 ibsutti, magaalli guddoon Aanaa Yaayyaa Gullallee Fittaal jedhamti. Baay'inni Uummata Aanaa Yaayyaa Gullallee akka lakkoofsa A.L.I bara 2009 adeemsifametti, kan magaalaa dhiirri 4382 , dhalaan 5688 waliigala 10070, akka ta'eedha. Kan baadiyyaa immoo dhiirri 33,803; dhalaan 28.346 waliigala 62146 yoo

ta'a. Walumaagalatti baay'inni Uummata  Aanaa Yaayyaa Gullallee dhiirri 38,185 dhalaan 34,034 waliigala 72,219 akka ta'e ibsameera.

### 1.7.3. Haala Qilleessa Baramaafi Teessuma Lafaa  Aanaa Yaayyaa Gullallee

Akka ragaan Waajjira Misooma Maallaqaafi Diinagdee Aanaa Yaayyaa Gullallee irraa argame ibsutti Aanaa Yaayyaa Gullallee haala qilleensa baramaa sadi qabdi. Haalli qilleensa ishees, Baddaan %27.5, Badda dareen %41.17 , Gammoojiin %31.78 dha. Bal'inni lafa ishee ammo heektaara 27,442 yoo ta'u, uummanni naannoo kana jiraatanis uummata Oromoo yoo ta'an  uummanni Naannoo Amaaras darbee darbee keessa jiraatu. Haalli teessuma lafa ishee ammoo lafa dirree 56%, gaarafi tabba 26%, bu'aa ba'ii 11%, hallayyaa 7% n haguuggamee kan argamuudha. Gaarren bebbeekamoo aanichaas kanneen akka  Tulluu Ali-dheera, Gaara Qacamaa, Tulluu Salaaleefi kanneen kana fakkaataniidha. Lafa dirree qabdu keessaas Dirree Daalattiin beekamaadha. Aanaan Y/Gullallee galaana irraa  olka'iinsa 1,500m - 2,760m irratti argamti.

### 1.7.4. Haala Jiruufi Jireenya Hawaasa Aanichaa

Hawaasni Aanaa Yaayyaa Gullallee hawaasa yeroo gaddaas ta'ee gammachuu bifa gamtaan waldeeggaree jiraatudha. Kallattiiwwan hawaasichi ittiin  waldeeggaru  keessaa hojii garagaraarratti daboo walii bahuun baay'ee beekkamaadha. Kanarraa ka'uun hawaa sichi hawaasa tokkoomee jiraatu ta'uun nihubatama. Aanaa qorannoon kun irratti gaggeeffame keessa hordoftoota amantaa garagaraatu jiraata. Haata'u malee irra caalan hawaasa aanicha keessa jiraatanii hordoftoota amantaa Ortodoksiiti. Harki caalaan hawaasichaa hordoftoota amantaa Ortodoksii yoo ta'anis, hordoftoota amantaa biroo waliin hariiroo obbolummaa uumuun haala gaariin amala waliin jiraachuu kan qabuudha.

### 1.7.5. Adeemsa Fuudhaafi Heeruma Hawaasa Aanichaa

Fuudhaafi heerumni kallattii hawaasni ittiin bultii ijaaree walgargaaree jiraatuudha;  hawaasa aanaa Yaayyaa Gullallee birattis dhimmi kun haalan beekkamaadha. Akka aanaa  Yaa yyaa Gullalleetti gosoota fuudhaafi heerumaa keessaa tokko kaadhimannaadha. Kaadhimannaan gosoota bultiin ittiin ijaarramu keessaa isa tokko ta'ee fedhii maatii mucaafi intalaa giddu galeeffatee kan gaggeeffamuudha. Kaadhimannaan warroommiin adeemsa mataa isaa danda'e kan qabu yoo ta'u adeemsa kaadhimannaa duriifi ammaa gidduu garaagarummaatu jira.

Akka dur turetti  dursa warri mucaa  fira ofiin  mari'achuun erga warra intala   irraa  kadhachuu barbaadaniifi intala kadhachuu barbaadan murteessanii booda mucaan intala dhoksaan akka ilaallatu taasisu. Raawwii kana booda waraqaa barreessuun nama maatii intala kadhachuu barbaadaniitti dhiyaatutti kennuun waraqaan akka warra intalaa bira gahu taasisu; warri intalaas gosaan

mari'achuun yoo nidanda'ama ta'e waraqaa itti kenname of biratti hambisuun eeyyamamoo ta'uu isaanii kan murteessan yoo ta'u, yoo hinbarbaadan ta'e garuu waraqaa itti kenname osoo hintursiisin qaama itti kennetti deebisuun akka itti heerumsiisuu hinbarbaanne mirkaneessu. Yeroo ammaa garuu kaadhimannaa gurbaafi intalli erga walii gallanii booda warraan gahachuun adeemsi warroommii raawwachaa kan jiruudha.

Gosa fuudhaafi heerumaa aanaa Yaayyaa Gullalleetti beekkamu keessaa inni lammaffaan butiidha. Butii gosa fuudhaafi heerumaa keessaa isa tokko ta'ee fedhii gurbaa ykn gurbaafi warra gurbaa giddugaleeffachuun amala dirqisiisuun guuttamee kan raawwatuudha. Haalota butiif haala mijeessan keessaa gurguddoon: mucaan intala jaalatee warri akkasumas intalli heerumuu yoo didde, intala gurbaan fuudhuuf hawwaa jiru qaamni biroo yoo gidduu galuu barbaade,gurbaan bifa kaadhimannaan fuudhuuf yoo harka qallateefi warri intalaa intala kennanii guyyaa cidhaa qabuu yoo didaniidha.

Butiin gosa fuudhaafi heerumaa yoo ta'es fedhii kallattii tokkoo jechuunis fedhii gurbaa ykn gurbaafi warra gurbaa qofa waan giddu galeeffatuuf kan jajjabeeffamuu miti;kanuma sababeeffachuunis akka aanaa Yaayyaa Gullalleetti gama mootummaan buttiin akka dhaabbatuuf carraaqqii taasifamaa tureefi taasifamaa jiruun gosti fuudhaafi heerumaa kun kallattii guutumaan guututti baduurra gahaa kan jiruudha.

Gosti fuudhaafi heerumaa inni biroo cabsaadha. Cabsaan kallattii warroommiin ittiin gaggeeffamaa tureefi yeroo ammaas darbee darbee ittiin gaggeeffamaa jiruudha. Cabsaarratti warri gurbaa karoorfachuun maanguddoo kallachaa qabachuun kan deeman yoo ta'u,warri intalaa garuu dhimmicha waan beekanii miti. Haata'u malee safuu kallacharraa qaban irraa kan ka'e intala isaanii fedhii isaaniifi isheen ala heerumsiisu. Haalonni cabsaaf haala mijataa uuman:warri intalaa intala gurbaaf kennanii beelama cidhaa yoo qabuu didan, gurbaan intala kaadhimate cidhaan fuudhuu kan hindandeenye yoo ta'eefi intalarratti dorgommiin baay'achuudha.

Akkuma butii cabsaan fedhii kallattii tokkoo kan giddu galeeffate waan ta'eef yeroo ammaa baay'ee kan jajjabeeffamuu miti. Cabsaa butiirraa wanti adda taasisu warri intalaa safuu kallachaa kan hinsodaanne yoo ta'an intala kennuu dhiisuu danda'u.

Waliin deemmachuunis gosa fuudhaafi heerumaa aanaa kana keessatti mul'atuudha. Waliin deemmachuun kallattii warroommii keessaa isa tokko ta'ee wal jaalala gurbaafi intalaa giddugaleeffachuun yeroo ammaa gosa fuudhaafi heerumaa hundee dagaagfachaa jiruudha. Akka aanaa Yaayyaa Gullalleetti waliin deemmachuun butii dayeeffachuun raawwachaa kan jiru yoo ta'u,erga qaamni seeraa gurbaa intala fudhatee gale qabee booda intalli qaama seeratti dhiyaachuun

akka fedhii ishee ta’e ibsiti;sana boodas gurbaan too’annaa jalaa kan bahu ta’a. Waliin deemmannaaf sababa guddaa ta’aa kan jiru ijoolleen lamaan osoo wal jaalatanuu maatiin akka walfuudhan eeyyamuu diduudha. (Madda:Waajjira aadaafi turizimii aanaa Yaayyaa Gullallee)

Walumaagalatti akka Aanaa Yaayyaa Gullalleetti gosti fuudhaafi heerumaa afur kan jiru yoo ta’u, yeroo ammaa bal’inaan hojiirra oolaa kan jiru kaadhimannaadha; waliin deemunis dhawaataan babal’achaa kan jiruudha.

### 1.7.6. Aadaa Nyaataafi Dhugaatii Aanaa Yaayyaa Gullallee

Aanaa Yaayyaa Gullallee Aadaa nyaataafi dhugaatii Uummata Oromoo keessatti beekamoo ta’an qabdi.Isaanis, haala qophiifi gosa midhaan irraa qophaa’aniin adda addummaa qabu. Kunis, keessummaaf, guyyaa ayyaana waggaa, abbaa manaaf , daboo, cidhaafi dubartii deessudhaaf qophaa’ee dhiyaata. Maqaan nyaata aadaa kunneenis, Caccabsaa, Cuukkoo, Marqaa, Qixamarqa, Qincee, Daabboo, Bassoo, Foon waaddiifi Murata Foonii fa’adha. Dhugaatiin beekamoo ta’an ammoo, Farsoo, Booka, Araqee, Birzii/Daadhii/fi Aannan Itittuu fa’adha. Uummanni aanichaas walwalii isaanitis ta’e sabaaf sablammoota kanneen biroo waliin nyaachuufi dhuguun, gammachuufi gadda waliin dabarsu.

### 1.7.7. Iddoowwan Hawwata Turizimii Aanichaa

AanaanYaayyaa Gullallee iddoowwan hawwata turizimiif ooluu danda’an kanneen akka Bosona Gaara Qacamaa, Holqa Gooticha Agarii Tulluu,Tulluu Alidheeraa, holqa gaara bool’oo, Odaa abbaa Waaqayyoo, Laga Mogar, Fincaa’aa Jaayituu, Fincaa’aa Bordoddee, Qaala’a Doobbee, Odaa Jilaafi Bosona Gaara Fittaaliin marfamtee argamti. Akkasumas, bineensonni beekkamoo kan akka Jaldeessa gosa Coteefi Jaldugurraa, Simbira akka Jorroo Bosonuu fa’i aanicha keessatti niargamu. Haata’u malee, iddoowwan hawwata turizimiif mijatoo ta’an kana haalan qindeessuun hanga itti fayyadamuu qabdu fayyadamaa hinjirtu. Iddoowwan hawwata turizimiif ooluu danda’a kanneen olitti tarreeffaman keessaa hanga ammaatti hawaasni hubachuun itti fayyadamaa kan jiru Odaa Jilaa qofa. Odaa Jilaa yeroo dhiyoo keessa akka iddoo irreechaatti taasifachuun ji’a Fulbaanaa keessa irreeffannaaf itti fayyadamaa jiru.

(Madda:Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Yaayyaa Gullallee)

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

Qorataan tokko mata-duree qorannoo irratti geggeessu sirriifi bu’a-qabeessa ta’e geggeessuuf yaada hayyotaatiin deeggeruu akka qabu beekamaadha. Hayyuun Berg, ( 2001:19 ) sakatta’a barruu yoo ibsu, “A literature reiew is an account of what has been published on atopic by accredited schoolars and researchers” jechun ibsa. Akka waraabbii kanaatti, Sakatta’iinsi barruu,barruu kanaan dura mata-duree qorannichaan walfakkeenya qaban sakatta’uudha. Kunis hojiiwwan qorannichaa yaada hayyootaan deeggaranii hojii saayinsawaafi amanamaa gochuuf gargaara. Haata’uu malee, sakatta’a barruu keessatti waan barreefame hundumaa walitti qabuun osoo hinta’in kanneen mata-durichaa waliin walsiman qofa sakatta’uufi yaaxinaaleen tumsuun raawwatama. Kanaafuu, Kutaa sakatta’aa barruu kana keessattti barruuwwaniifi yad-rimee qorannoowwan afaan garagaraatiin gaggeeffaman kan mataduree qorannichaan walitti dhiyeenya qaban ykn yad-rimeen tumsan sakata’amanii qaacceffamuun boqonnaa kana keessatti akka wabiitti fudhatamaniiru.

**2.1. Fookloorii**

Maalummaa fookloorii ibsuu ilaalchisee falmiin hedduun akka jiruufi akkuma salphaatti bifa walfak-kaataa ta’een hiikaan walii galaa akka hinjirre hayyoonni hedduun ni eeru.Yaata’u malee, maalummaa fookloorii ilaalchisuun Dorson, (1972 : 98) yoo ibsu,“folklore is an echo of the past, but at the same time it is also the vigorous voice of the present” jechuun ibseera. Yaada kanarraa kan hubatamu, fooklooriin go’aa yookiin owwaattuu waantota darbaniiti. Haaluma walfakkaataa ta’een go’aa sagalee ammaatis, kan jedhuudha. Kunis, fooklooriin waantota darban kan nutti agarsiisuufi gara fuulduraattillee kan nu aggaamsisu ta’uu isaati. Dabalataanis, Dundes, (1965 : 1) yommuu ibsu, “most definisions concern the “lore” but some concern the “folk”. Lore the materials of folklore rather than the people who use the materials has been described in terms of origin, form, transmission and function,” jedha. Yaada kanarraas kan hubannu, fooklooriin jechoota lama “folk” fi “lore” jedhurraa kan dhufe yoo ta’u, “folk” jechuun garee hawaasaa beekumsa waliin qooddatan yookiin dhimmi walitti isaan fidu isaan gidduu jiru yoo ta’u; “lore” jechuun immoo beekumsa hawaasaa (indignious knowledge) yookiin immoo duudhaa hawaasaa irratti kan xiyyeeffatu akka ta’edha. Gama biroon, Sims & Stephens, (2011 : 30) maalummaa fookloorii ilaalchisuun yommuu ibsan, “folklore is a way of learning and a way of communicating, then there must be a group of people who need to communicate something to each other,’’ jechuun ibsaniiru. Akka yaada hayyoota kanaatti fookilooriin karaa ittiin gareen namootaa walqunamuun dhimma ta’e tokko walirraa barataniidha. Kana gochuufis gareen namootaa dirqama jiraachuu akka qabuudha.

Fookloriin duudhaa,aadaa,amantaafi eenyummaa saba tokkoo kan ibsuudha. Isaanis, dubbii afaaniifi barsiifataan (amaleeffannoon) darbaa kan tureefi ammas darbaa kan jiraniidha. Kanuma ilaalchisee Steven, (1999 :552) yoo ibsu, “Folklore is the traditional beliefs and customs of acommunity passed on by word of mouth” jechuun ibsa. Akka yaada haayyuu kanaatti fooklooriin duudhaa, amantaafi barsiifata hawaasa tokkoo kan afaaniin dhaloota dhalootatti darbuudha. Fooklooriin beekkumsa osoo itti hinyaadin baratamuudha. Yaada kana ilaalchisuun, Smis fi Martine , (1965: 12) haala itti aanuun barreessan: “Folklore is informally learned, un official knowledge about the world, our selves, our communities, our belief, our cultures, and our taditions that is expressed creatively through words, music customs, actions, behaviors and materials. It is also the interactive, dynamic process of creating, commnnicating and performing as we share that knowledge with other people.” Yaada kanarraa kan hubatamu, fookilooriin osoo itti hinyaadin kan baratamu, beekumsa dhaabbataa kan hintaane, waa’ee addunyaa, waa’ee keenya, waa’ee uummata keenyaa, waa‘ee amantaa keenyaa, waa’ee aadaa keenyaa fi barsiifata keenyaa jechatti, muuziqaatti, gochatti, amalaafi meeshaaleetti gargaaramuun ogumaa (kalaqa) hawaasaa kan ibsudha. Akkasumas, walitti hidhatinsafi raawwiin beekumsa waljijjiiruu keessa uumamaa kan deemudha.

### 2.2. Gooroowwan Fookloorii

Fooklooriin gooroowwan hedduu of jalaa qaba. Beektonni garagaraa Goroowwan fookloorii akkaataa garagaraatiin qoodu. Fokloorii damee dameen qoqqooduun qo’annoo fooklooriifis ta’ee hubannoo hawaasni irratti qabu gabbisuuf gahee guddaa qaba. Kanaan walqabsiisuun barreessitoonni afaaniis gooroowwan fokloorii irratti yaada garagaraa kaa’uuf yaalaniiru.Kanumaan walqabsiisuun hayyoonni fookloorii wantoota inni ofkeessatti hammatu giddu galeeffachuun qoqqoodama isaa haala armaan gaditiin kaa’u. Hayyuun Alen Dundes, (1965:34 fi 2007:55) wantoota fooklooriin of keessaaa qabu akkaataa itti aanu kanan barreesse:

> *Folklore is a mirror of culture the various forms of folklore:Myths, legends, folktales, jokes, proverbs, riddles, chants, charms, blessings, curses, oaths, insults, retorts, taunts, teases, toasts, tongue-twsters, and greating and leave-taking formulas (e.g., See you later, alligator). It also includes folk costume, folk dance, folk drama (and mime), folk art, folk belief (or superstition), folk medicine, folk instrumental music, (e.g., fiddle tunes), folksongs (e.g., lullabies, ballads),) folk speech (e.g., slang), folk similies (e.g., as blined as bat), folk metaphors (e.g., to paint the town red), and names (e.g., nicknames and place names). Folk poetry ranges from oral epics to autograph-book verse, epitaps, larinalia, (writings on the walls of public bathrooms), limericks, ball bouncing-rhymes, jump-rope, finger and toe rhymes, dandling rhymes, (to bounce children on the knee), counting-out rhymes, (to determine who will be “it” in games, and nursery rhymes. The lists of folklore forms also contain games; gestures; symbols; prayers (e.g., graces); practical jokes, folk etymologies; food recipes; quilt and*

*embroidery designs; house, barn and fence types; street vendors' cries, and even the traditional conventional sounds to summon animals or to give them commands.*

Akka yaada haayyuu olii irraa hubatamutti fokloориin kanneen akka kanaaf kana tahee (myth), afseenaa (legend), durdurii (folktale), baacoo, makmaaksa, hiibboo, eebba, abaarsa, arrabsoo, kaka, huruursuufi deddeebisa dubbii afaanii guuttamee ta'uun kan mul'atuudha. Gama biroon Iseacs, (1981:451) fookiloorii yoo qooqqodu, "Folklore is the social, material and oral culture of primitive societies. The social culture comprises such forms as festivels,dance and religious rites. The material culture comprise architecture, and art and crafts. The oral culture includes songs, tales, legends, proverb and riddles."

Yaadni olii kun fooklooriin damee hedduu kan qabuufi dameewwan fokloorii kunis dameewwan adda addaa kan of jalatti haammachuu danda'an ta'uu isaanii hubachiisa. Isaanis aadaa hawaasa, amanta hawaasa, sirba, oduu durii, maammaksaa, hibboo jechuun meeshaalee aadaafi duudhaa hawaasa afaaniin dadarbuutti kan qoodamudha. Dabalataanis, Stephensfi Martine, (2005:12) qoqqooddii fookloorii yoo ibsan, "Folklore can be categorized in many ways, based on its particular characteristics and how it are expressed. Three broad categories often used to describe folklore are verbal, material and customary. Within these genres, there are numerous types or subtypes of lore," jechuun ibsu.

Akka yaada hayyoota kanaatti fookiloorii haala ittiin ibsaniifi amala murtaa'aa isaatirratti hundaa'udhan qooduun nidanda'ama. Dameewwan gurguddoon sadeen yeroo baay'ee fookilooriin ittiin ibsamu kanneen akka: afoolaa, meeshaalee aadaafi duudhaa hawaasaati. Dameewwan kunneen jala qoqqooddiiwwan hedduun ni argamu. Yaaduma kana deeggaruun yaada hunda isaanii walitti qabuun, Dorson, (1972) fooklooriin gooroowwan gurguddoo afur of jalaa akka qabu akka itti aanuun kaa'a. Isaanis: Duudhaa hawaasaa (sirna raawwii qabuun kan dhiyaatu, adeemsa mataasaa kan qabu); Meeshaalee Aadaa (kanneen akka qoricha aadaa, meeshaalee muuziqaa, uffata aadaa, faaya aadaa, faaya manaa,faaya namaa, nyaata aadaa, ijaarsa manaafi kanneen kana fakkaatan), Aartii sochii qaamaa (kan sirna waliin wal qabatee raawwii idilee qabu, hubannoo namoota waan sana raawwatanii arguuf kan nu gargaaruudha. Haaluma wal fakkaatuun, xiyyeeffannoon inni kennu hurrubummaa yookiin sochii qaamaa irratti)fi Afoola (Ogafaan) (kan hawaasni waantota darbuu qaban ogummaa afaaniin dhalootaa dhalootatti dabarsuudha). Matadureen qorannoo kanaa gooroowwan fokiloorii keessaa adda durummaan Duudhaa Hawaasaafi Afoola (Ogafaan) wajjin walitti dhufeenya qaba. Kanaafuu, qorannoo kana keessattis xiyyeeffannoon kan kennameef gooroowwan kanneen keessaa Ogafaan irratti.

### 2.2.1. Duudhaa Hawaasaa

Duudhan hawaasaa wanta aadaatin baay'ee walitti dhiyaata. Duudhan hawaasaa gochaafi ogummaa dhuunfaarra xiyyeeffannaa kan itti godhu hariiroo (walitti dhufeenya) gareerratti Dorson, ( 1972:3). Duudhaan hawaasaa ummata keessatti umrii dheeraa kan lakkoofsiseefi hawaasni hundi ittiwaliigalee fudhateedha. Kutaa kana keessatti kan ramadaman kabaja ayyaanaa, qoricha aadaa, tapha aadaa waaqeffannaa fi guddina sadarkaa (kabaja) namaati. Haaluma walfakkaatuun fookilooriwwan duudhaa hawaasaa keessatti argaman ilaalchisuun, Sims fi Stephens, (2005:125) yoo ibsan:

> *Rituals are repeated, habitual actions,but they are more purposeful than custom; rituals are frequently highly organized and controlled, often meant to indicate or announce membership in agroup. Most rituals bring together many types of folklore: verbal such as chants, recitations, poems or songs; customery such as gesture, dance or movements; and material, such as food, awards, clothing and costumes.*

Yaada hayyoota kanaa irraa kan hubatamu, duudhaan hawaasaa dhimmoota garee hawaasichaa keessatti irra deddeebi'anii haala walfakkaatuun raawwatamaniidha. Kunis kan raawwatamuuf, miseensa garee hawaasa tokkoo ta'uu yookiin itti makamuu agarsiisuuf of beeksifachuu akka ta'e agarsiisa.Walumaagalatti duudhaan hawaasaa dhimmoota hawaasni irra deddeebiin amaleeffachuun waldhaalchisaa tureefi yeroo ammaas waldhaalchisaa kan jiru akka ta'e yaanni haayyonni armaan olitti kaa'an nihubachiisa.

### 2.2.2. Ogafaan

Uummanni Oromoo muuxannoo bara dheeraaf kuufate, aadaa yeroodhaa yerootti gabbifateefi ilaalcha hawaasa isaa labata tokkorraa isa kaanitti dabarsee har'aan kan gahe ogafaan(afoolani). Innis, dameewwan fookloorii keessaa tokko ta'ee, afaan bu'uura godhachuun umuriifi daangaa dheeraa kan qabuudha. Haaluma kanaan hayyoonni adda addaa ogafaaniif hiikaa garagaraa kennaniiru. Fakkeenyaaf, Asaffaan, (1998:15) maalummaa ogafaanii yoo ibsu, "ogafaan akkuma jechi isaa ibsutti, barreeffamaan osoo hintaane, afaaniin dhalootarraa dhalootatti dadarbaa kan dhufe sochii qaamaafi sagalee kan bu'uureffate, dame fokiloorii keessaa isa tokkoodha" jechuun ibseera. Haaluma yaada kana deeggaruun Misgaanuun, (2011:23) ogafaan yoo ibsu, "Ogafaan kan jedhu afaan Ingiliziitiin oral literature jedhu bakka bu'a. Uummata kamiifuu dubbatamni (orality)'n angafa. Wantoonni afaaniin dubbatamaa as ga'an kanneen hanga gaafa gara barreeffamaatti dhufanitti jijjiirama gara garaa keessa darbani. Qabiyyeewwan isaa itti dabalamaa, hir'ataafi unkifi bifni isaanii jijjiiramaa as ga'eera" jedha. Haaluma walfakkaatuun, Geetaachoon, (2001:14) yaada kana deeggaruun yoo ibsu, "Ogafaan gosa ogbarruu ta'ee aadaa, duudhaa, seenaafi eenyummaa dhaloota darbee himamsa afaaniin dhalootaa dhalootatti kan daddabarsuudha" jedha. Dabalataanis, Asafaa,

(2009:28) ogafaan yoo ibsu, “Ogafaan haalaafi jireenya akkasumas, sadarkaa guddina uummata tokkoo kan calaqqisiisu fedhii, hawwii, gammachuufi gadda kan mul’isuudha” jedha.

Bifa yaadolii kana deeggaruun waa’ee ogafaanii ilaalchisuudhaan Finnegan, (1977: 5) yoo ibsitu, “oral literature produced in the past, on the other hand, has scemed more acceptable as a subject for scholarly study, provided the items have come down to us through the written tradition,” jechuun ibsiti. Kanarraas, kan hubannu, ogafaan oguma yeroo darbe keessa uumame ta’ee karaa biraatiin immoo akka suuraa sochii dhala namaa irra caalaa agarsiisuu danda’uutti fudhatamummaa qaba. Akkasumas, waan afaaniin jiru karaa ittiin gara barreeffama barsiifataatti dhufu akka ta’eedha. Dabalataan Finnegan, (1976:24) waa’ee ogafaanii yoo ibsitu, “oral literature is by definition dependent on a performer who formulates it in words on a specific occasion. There is no other way in which it can be realized as literary product” jechuun ibsitee jirti. Yaada kanarraa kan hubannuu afoolli ogummaa afaaniin hunda’uu, raawwatamuufi daddarbuudha.

Jireenya hawaasaa keessatti sochiin godhamu; bu’aa bahii jireenyaa muudannoofi rakkoowwan isaan muudataniif qabsoo godhamu keessatti beekanis ta’ee osoo hin beekiin ogafaan kalaqamaniiru. Ogafaan saba tokkoo dhalli namaa naaf haa ta’u jedhee qooqasaatti fayyadamuun eenyummaasaa, yaada, fedha, amantaa, aadaa duudhaa mo’uu fi mo’amuusaa, deeggarsaaf diddaasaafi kan kana fakkaatan dhalootaa dhalootatti kan ittin dabarsaa ture umurii dheeraa kan qabu qabeenya uummataati. Hawaasni ogafaansaatin falaasamaaf akkaataa ilaalcha jireenya waliigalaarratti qabu ibsata. Kanaafuu ogafaan dilbii uummataa kan haalli waliigalaa muuxxannoofi beekumsa keessatti walitti qabamanii ittiin har’a gahaniidha. Misgaanuu, (2011;24)

Dhimmoota hawaasaa baay’ee keessatti dhimmoota waaqeffannaa garaagaraatti faaruwwan taasifaman; gorsuuf qeequu keessatti mammaaksi mammaakaman; oduu duriiwwan himaman; weedduwwan dhimmoota dinagdeef weeddifaman; sirbi tikeen sirbitu; yeroo namni du’u boo’ichi taasifamu; yeroo ayyaana waggaafi cidhaa sirboonni gammachuu ofii ibsachuuf weeddifaman; baacoon hiriyoota waliin taasifamu; sheekkoofi af-seenaan manguddootaan dubbatamu, hundi ogafaan keessatti kan hammatamu, ogummaafi falaasama uummaticha kan ibsaniidha.

Haaluma walfakkaatuun Misgaanuu, (2011 : 26), Bukenyaa (1994 : 85) waabeffachuun ogafaan yoo ibsu “oral literature is the heart of a people’s way of life; it is the very soul of their culture. As the reservoir of a people’s values,it expresses a given society’s world view and gives them a springboard from which their day to day existence is propelled,” jechuun ibsa. Akka yaada kanaatti ogafaan haala

jireenya hawaasa tokkoo kan murteessuufi kuufama beekumsa hawaasa kan fuulduratti fuudhee deemudha. Hawaasni ogafaan isaatiin muxxannoo jiruufi jireenyaa, duudhaa, rakkina jirenya keessatti isa muudate ittiin ibsata. Kanamalees, muuxxannoo hawaasni dur keessa darbe isa amma jiruuf mala ittiin qaqqabudha. Ogafaan aadaa uummata tokkootti lubbuu horee umurii dheeraa akka qabaatu taasisa. Ogafaan qabeenya uummataati. Abbaan isaa hawaasa itti fayyadamuuf kalaqe sana. Kun Kan agarsiisu ogafaan uummatummaa malee abalummaa hinqabu jechuuf. Hawaasni gamtaan waliin bula, waliin omisha, waliin qeeqa, waliif looga, waliifis yaada; Kun hidhaa ogafaan itti uummata walitti qabu mul'isa.

Walummaagalatti akka yaanni hayyoota olitti tuqaman agarsiisutti ogafaan ogummaa barreeffaan dura hawaasni kallattii ittiin walhubachaa tureedha. Yaada hayyoota kana irraa hubachuun kan danda'amu ogafaan hambaa saba tokkoo ta'ee afaaniin dhalootarraa dhalootatti kan daddarbu ta'uu isaafi hiikaa ogafaan haala darbiinsaa, amalasaafi faayidaasaa irraa kaa'uun kan ibsamuudha.

**2.2.2.1. Faayidaa Ogafaanii**

Afoolli madda ragaati. Kunis qorannoon seenaa, aadaa, duudhaafi haala uummata tokkoo keessatti bifa madda ragaatiin dhiyaata. kunis uummata madda ragaa barreeffama hinqabneef akka madda qorannoo, seenaa, aadaa, duudhaafi amantaa godhachuun afoolli nitajaajila. Kanamalees, afoolli uummata madda seenaa barreeffamaa qabu biratti akka meeshaa sirna siyaasaa,aartii,barnoota, diinagdeefi hawaasummaa keessatti nitajaajila.Georgesfi Jones, (1995:314) kallattii bu'aa fooklooriin tokko hawaasaaf qabuun yoo ibsan: Through folklore people can educate or acculturate each other; perpetuate, challenge or modify a groups social norms and values; inform others about the basis for or nature of their culture; reveal or display their identity, traditionality, knowledge, or competence; and entertain or be entertained."jechuun ibsaniiru.

Yaanni hayyoota olii akka ibsutti afoola gargaaramee hawaasni walbarsiisa. Hawaasni duudhaa isaas toora qabsiisa, fooyyessa, waa'ee eenyummaa, seenaa addunyaa isaa beeksifata, ittiin bashannanaa walbashannansiisan taasisa. Hawaasni bifa ammayyoomeen har'a seerawwan, amantiifi siyaasan walbulchuuf bu'uura kan ta'e beekkumsa foklooriiti. Har'as duukaa jira; boorus biraa hinhafu. Bifuma walfakkaatuun hayyoonni kunneen itti dabaluudhaan faayidaa fookloorii, "…it is the case that in folklore implicit world views principles and themes are made explicit," jechuun ibsu. Kunis, afoolli hubannaa hawaasa tokkoofi ergaa isaan dabarsuu barbaadani otoo homaa hindhoksin akka ifa baasu agarsiisa. Kana jechuun afoolli daawwitii hawaasni tokko ittin ilaalamu akka tahe agarsiisa.

Akka waliigalaatti yaada hayyoonni adda addaa kennan irraa ka'uun afoolli aadaa, duudhaafi seenaa hawaasa darbee gara hawaasa ammaatti qajeelcha. Akkasumas, akka hawaasni tokkummoommee jiraatu kan taasisaa tureefi ammas kan taasisaa jiruudha.Hayyuu Bukeenya, (1994:85) yaada hayyoota olii deeggaruun faayidaa ogafaanii yoo ibsu,"Oral literature impacts to the growing person useful cognitive, informative and affective skill which enable the person to life and to be useful member of a society," jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti afoolli beekkumsa, ilaalchaafi ogummaa namni tokko qabu cimsuu keessatti gahee guddaa taphata.

Dabalatanis, bifuma yaada hayyoota olii deeggarun Birhanuun, (1999) faayidaa ogafaanii yoo ibsu, "Oral Literature still plays a significant role on the culture of various peoples on the world. This is because it is impossible to commit to writing the totality of the societies experiences and creations" jedhee kaa'a. Akka yaada hayyuu kanaatti afoolli hanga ammaatti aadaa hawaasaa baasuu keessatti bakki inni qabu salphaatti kan ilaallamuumiti.Kunis muxannoofi kalaqa hawaasaa hunda barreeffamatti jijjiiruun ulfaataa ta'uu isaarraa kan ka'e, afoolli afaaniin dhalootaa gara dhalootatti waan dabarsuufidha. Haaluma walfakkaatuun Hinseeneen, (2010:3) faayidaa afoolaa yommuu ibsu,"Afoolli ijoolleef gama barumsaafi beekumsa afaaniif bu'aa guddaa qaba. Nannoo barsiisa, dandeettii waa qabachuu niguddisa, seeraafi miidhagina afaanii nibarsiisa" jechuun ibseera.

Walumaagalatti afoolli hawaasa galmee barreeffamaa hinqabne biraatti galmee seenaa ta'ee tajaajila. Kanneen ragaa barreeffamaa qaban biratti madda ragaa barreeffamaa ta'uun aadaa, seenaafi duudhaa hawaasa darbeefi hawaasa ammaa walitti hidhuun akka riqichatti tajaajila. Kanaafuu faayidaan afoolli hawaasaaf qabu salphaatti kan ilaallamuu miti.

**2.2.2.2. Gosoota Ogafaanii**

Ogafaan damee garagaraatti caccabuun ibsamuu mala. Haayyonni afaaniis dhugummaa yaada kanaa mirkaneessuuf ka'umsa qabxiilee garagaraa fayyadamuun qoqqoodama kallattii armaan gadiin kaa'aniiru. Okpewho, (1992:127-290) ogafaan yoo qoodu,"ogafaan Afrikaasirbootaafi jechamoota, seeneffamootafi qareeyyii jechuun qoqqoodeera." Akkasumas,Yaadannoo G. (2014:9-10) ogafaan yoo qoodu, "yeroo baay'ee jechi afoola jedhu yoo ka'u yaanni keenya gara hiibboo, mammaaksaafi sheekkoo akka dhaqu nibeekkama. Haata'umalee, durdurii, sheekkoo, ragamtaa, seeneffamoota, afoolaafi sirba aadaa hammachiisuun gosa afoolaa ramaduun nidanda'ama" jedha.

Yaanni oliitti ka'e hawaasni waa'ee ogafaan(afoolaa) yoo dhagahu dursee afoolli fuuldura isaa dhufu hiibboo, mammaaksafi sheekkoo ta'uu akka danida'uudha. Haata'u malee afoolli dameewwan sadan kanaan aala jiraachuu hubachiisa. Wasanee B. (2001/2005:101- 118) afoola akka itti aanuutti

qooda, “Geerarsa, maaramii faarsuu, ciigoo, mammaaksa, jechama, hiiboo, qoosaafi sheekkoo” jechuun gosoota ogafaan ramadee jira. Masfin, (1995:42), qoodii gosoota ogafaanii yoo eeru, “Afoolli yaaxina baay’ee bal’aa ta’ee kan hambaa hammatuudha. Durdurii, hiibboo, sirboota aadaa, tapha ijoolleefi kkf.afoola keessatti hammatamu” jechuun gosoota afoolaa tarreesse.Haaluma kanaan Tafarii, (2004:133) bifa afoolli ittiin dhiyaatu yoo ibsu, “Bifoonni afoolli ittiin dhiyaatu jechama, cigoo, mammaaksa, hiibboo, oduu durii, geerarsa, tapha ijoollee, eebbaafi k.k.f. fa’a” jechuun dameewwan afoolaa ibsee jira. Rabbirraa T. (2009:159) “Afoola Oromoo akka cirracha galaanaa lakkaa’anii fixuun ulfaataadha. Isaan keessaa muraasni: mammaaksa, sheekkoo, geerarsa, hiibboo, eebbaafi abaarsa,tapha ijoolleefi k.k.f. fa’a” jechuun gosoota afoolaa eeruuf yaalee jira. Shawaayyeefi Firreehiwot, (1999: vi) gosoota afoolaa yoo qoodan, “Maalummaa saba tokkoo kan himan keessaa afoolli isa tokko yoo ta’u, damee hedduus niqaba. Isaanis kanneen akka walaloon geerarsaa,faaruu,tapha ijoolleefi sirba adda addaati”jechuun afoola damee garagaraa jalatti qooduuf yaalaniiru.Akkasumas, Getaachoo,(2014:140) irratti yaada hayyoota olii deegaruun, “Afoolli akaakuu hedduu qaba. Isaaniis:eebba, mammaaksa, hiibboo, cigoo, sheekkoo(durdurii), geerarsa sirba, tapha ijoollee, faaruufi k.k.f.” jechuun gosoota afoolaa murteessuuf yaalee jira. Walumatti qabatti Yaada hayyoota olii kanarra kan hubatamu afoolli gosa aragaraatti kan qoodamu ta’uu isaafi maalumma saba tokkoo ibsuu keessatti gahee kan qabu ta’uu isaatti. Bifuma yaada hayyootaa kana deegaruun Misgaanuu, (2011:41) afoola haala itti aanuun qoodun barreesse:

> *gooroowwan ogafaanii kana jedhanii murteessuun nicima. Haata’uutii ogafaan bifa hololoo ykn seenessuutiin (sheekkoo, durdurii, baacoo, afseenaa,…) uunkaalee gaggabaaboon kan mul’atan (hiibboo,mammaksa,…) fi bifa sirba, faaruu loonii, afwalaloon (weedduu jaalalaa, weedduu hojii,geerarsa,mararoo,weedduu ateetee, weedduu dhimmoota siyaasaa,weedduu hurursa mucaa, weedduuwwan gootummaa, weedduwwan seenaa,tapha ijoollee, weedduuwwanamantii, weedduuwwan ajeesaa, hiibboo altokko tokkoo)fi k.k.f.tiin mul’achuu danda’a.*

Akka ibsa barreessaa oliitti qoqqoodamni afoolaa kallattii dhiyaatina isaanii kan giddu galeeffatuufi kallattii kanaan afoolli kan bifa hololoo,uunka gaggabaaboofi bifa afwalaloon dhiyaachu kan danda’u jechuun qoqqooduun nidanda’ama. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas afoolota bifa afwalaloon dhiyaatan kan giddugaleeffateedha. Kanaafuu qorataan gosoota afoolaa keessaa kanneen bifa afwalaloon dhiyaatanirratti jal’ifatee kan deemu ta’a.

### 2.2.2.3. Afwalaloo

Afwalaloon gosa afoola keessaa tokko ta’ee, bifa walaloon qindeeffamee kan afaaniin dhaloota irraa dhalootaatti darbudha. Maalummaa Afwalaloo ilaalchisee David, (1995:2) yoo ibsu “… Oral poetry can be defined in various ways stritc definition would include only potery that is composed and

transmitted with out any aid of writing," jechuun ibsa. Akka ibsa kanaatti afwalaloon haala garaagaraa hiikamuu danda'a. Hiikkaa afwalaloof kennamu keessaa tokko afwalaloon dhangi'a sagalee muuziqaa dabalachuu osoo ogummaan barreeffamaa hineegalin afaaniin darbaa kan tureedha. Haala kana cimsuu danda'uun Finnegan, (1977) afwalaloo yoo ibsitu, walaloon afoolaa akkuma seeneffamootaa, aadaa, duudhaa, seenaafi haala jiruufi jireenya uummata tokkoo afaaniin dhalootaa dhalootatti kan dabarsuudha, jechuun ibsiti. Dabalataan Zelelem, (2003: 123) afwalaloo yommuu ibsu, "Poetry is one of those modes of expressions, that helps externalizes human feelings and imaginations, about love, dream, hope thoughts, aspirations, and ideas about gods, about nature, about beauty, and other many things," jechuudhaan ibsa. Kana jechuunis, walaloon waan namatti dhaga"amu gaddas ta'u gammachuu yookiin miira gara garaa nama keessatti uumuufi argaa yaadaatiin yaada guddaa keessa ilma namaa jiru ittiin bakkeetti baafatan ta'ee, waan yaadan, waa'ee jaalalaafi jibbaa, waa'ee abjuufi abdii fuula duraa, waa'ee Uumaafi uumamaa, waa'ee bareedinaafi fokkinaa, dhimma roorroofi dhiphuu, dhimma hojiifi gaddaafi kan kana fakkaatan kan ittiin ibsatan akka ta'eedha. Dabalataanis, Finnegan, (1977: 5) akka jettutti, "oral poetry composed in oral performance by people who cannot read or write" jetti. Kana jechuunis, afwalaloon muuziqaafi hurrubummaadhaan ijaaramee, deeggaramee namoota barreessuufi dubbisuu hindandeenyeen/eef kan dhiyaatu/tuuf akka ta'eedha.

Walumaagalatti, yaadota kanneen irraa kan hubannu, walaloon afoolaa afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbu ta'ee, amaloota adda addaa qabatee aadaa, safuu, jiruufi jireenya hawaasaa baatee kan deemu ta'uu isaati.

#### 2.2.2.4. Amaloota Afwalaloo

Mata-duree kana jalatti amaloota afwalaloo dameewwan afoolaa kanneen biroorraa adda taasisantu kaa'ama. Afwalaloon amaloota dhuunfaa kanneen afoolota biroorraa adda isa taasan qaba. Yaada kana dhugoomsuuf Finnegan, (1970) yoo ibsitu, afwalaloon tokko lubbuu horatee jiraachuu isaa dhugoomsuu keessatti, amaloota adda addaa kanneen akka dalaga (hurrubummaa), hirmaattotaafi jijjiirramummaa ni calaqqisiisa.

**A. Dalaga (Hurrubummaa): –** Hayyoonni hedduun amaloota ogafaanii keessaa hurruubummaan isa bu'uuraa akka tahe amanu. Yoo hurruubummaan hinjiru tahe, ogafaan jira jechuun hindandahamu. Haalli uumama isaas ta'e adeemsi lufummaa isaa hurruubummaa irratti kan hundaa'edha. Ogafaan kamiyyuu yoomessa hawaasummaa mataa isaa irratti hundaa'ee hurruubamuun jamaa fuulduratti dhiyaata. Kana jechuun ogafaan bakka jamaan hinjirretti hinhurruubamu jechuu miti. Ogafaan suraafi

ogummaan isaa haalaan goobanee kan mul’atu hurruubummaadhan. Akkasumas, kaayyoon hurruubamuufis bakka gahuu kan danda’ufi onnee jamaas boojihuuf kallattiin jamaa fuulduratti yoo hurruubameedha. Dameewwan ogafaanii keessaa irra caalaa hurruubbii giddu galeeffachuun kan dhiyaatu afwalaloodha.

Amaloota afwalaloo keessaa adda durummaan kan caqasamu hurrubummaadha. Hurrubummaa yeroo jennuu, firiiwwwaan afwalaloo miidhagina goonfatanii, afaan nama wellisuu keessaa yommuu bahu gochan walsimatanii dhiyaachuu isaaniiti. Hayyuun Finnegan, (1970) yaada kana yommuu ibsitu: “The significance of performance in oral literature goal beyond more matters of definition for the nature of performs impact of particular literary form being exhibited,” jechuun ibsiti. Akkuma armaa olitti tuqame afoolli dhiiga fooniifi lafee qabatee hiikaa argachuu kan danda’u dalaga irratti hundaa’ee ta’uusaati. Walumaagalatti afwalaloo humna godhachuun dhiyaachuu akka danda’u taasisuu keessatti dalagaan/hurruubbiin, jamaan, ogummana dhuunfaa nama dalaguu sanaa baay’ee murteessadha.

**B. Hirmaattoota(Hirmaachisummaa) Qabaachuu**: Akkaataan uumama afoolaa amala gamtaa’inaa akka qabu ni hubanna. Afwalaloon tokkos yommuu dalagamu baay’inaan hirmaattota yookiin warra jalaa qaban qaba. Kan jechuun namni tokko yoo afwalaloo sana weellisu ofii isaattii qophaa ta’ee miti. Yoo ofii baasa ta’e qaamni jalaa qabu jiraachuun barbaachisaa ta’a. Gahee hirmaattonni afwalaloo keessatti qaban ilaalchisuun Finnegan, (1970) yoo ibsitu, “A further essential is the audience which is the care with written forms is often direct involved in the actualization a creation of place of oral literature. According to convention genre and personality the artist may be receptive” jechuun ibsiti.Yaada kanarraa hubachuun kan danda’amu afwalaloo keessatti hirmaattonni ala taa’anii yaadan kan mul’atan osoo hintaane amala kallattiin keessatti hirmaachuu kan qabuudha. Hirmaattoonni afoolaa yeroo baay’ee gamtaan mul’atu. Dhiyaatinni afoolaa yoo jalqabu dabaree dabareedhaan walharkaa fuudhanii waltajjii afoolaa miidhagsu. Fakkeenyaaf mana daboofi mana cidhaatti tokko yoo sirbuu (sirba baasu) kun immoo jala qabuun irratti hirmaatu. Kanaafuu, afoolli baay’inaan hojii hirmaannaa walinii barbaadudha.

**C.Jijjiirama(Gegeeddarama):-** Jireenyi afwalaloo kan dhugoomu afaan namootaan dubbatamuun yookaan weeddifamuun waan taheef, walakkaan isaa yookaan guutummaa guututti adeemsa keessa geeddaramuu danda’a. Namni afwalaloo beeku tokko namaaf dhiyeessee, booda yeroo biraa otoo namoota biraaf isuma dhiyeessuuf yaalee, akka gaafa duraatti guutummaan guutuuutti dhiyeessa jechuun hindandahamu. Sababni isaas kaan isaa yoo keessaa dagate. Akkasumas, haata’u jedhee bifa

caalatti qalbii namaa harkisuunan dhiyeessa jedhee kalaqa haaraa itti dabaluu yaaduun ta'uu danda'a. Haala kanaan jijjiiruu yookan haalli hurruubichi keessa jiru isa gaafa duraa waliin tokko tahuu dhiisuu danda'a. Kuni ammoo afwalalicha irratti gama adda addaan jijjiiramni akka uumamu godha. Jijjiiramni afwalaloo jijjiirama afoolota kanneen biroo waliin walfakkeenya qaba. Kana jechuun afwalaloos ta'ee afoolli biroo afaaniin waan daddarbaniif amalli jijijjiirramummaa keessatti calaqqisa. Jijjiirama afwalaloo ilaalchisee Finnegan, (1976) yoo ibsitu , "There are the cases when the performer introduces variation on older pieces of even totally new forms interms of the detailed wording the structure or the content" jechuun ibsiti. Yaada kanarraa wanti hubannu dalagaan afwalaloo tokko jijjirama afwalaloo keessatti ga'ee akka qabuudha. Jijjirraamni inni fiduu danda'uus afwalaloo sana hanga tokko yookiin guutummaan bifa, jecha sana, caasaa yookin qabiyyee jijjiiruu kan danda'u ta'uu hubachiisti. Haaluma kanaan afoolli Oromoos isa kanarraa kan fagaatuu miti. Hawaasni yeroo hunda jijjiirama keessa jira. Jijjiiramni afoola isaas akkuma kana. Fakkeenyaaf, Addunyaa, (2014:67) jijjiirama mammaaksa oromoo jijjiirama afoola oromoof fakkeenya ta'uu danda'u haala itti aanuun ibse. Ijoolleef tapha billaachaaf nafa.

Adurreef tapha hantuutaaf lubbuudha.

Ijoolleef tapha simbiraaf lubbuudha. Jijjiiramni mamaaksa dhiyaaterratti mul'atu kan qooddattootaa, kan duraa duuba jechootaa, gaaleewwaniifi ciroowwaniiti jechuun ibse.

Gama birootinis, fakkeenya jijjiirrama afoola geerrarsa armaan gadiirratti mul'ate ilaaluun nidanda'ama. Kan dur geeraramaa ture:

*" Mana hidhaa" yaa tafkii ishee,*
*Dirqiin keessa gadi ciisee.*
*Keessaa inni gadi gidduu,*
*Akka inni nama hidduu.*
*Keessaa inni gara goodaa,*
*Cinaacha namaa waaddaa.*
*Alaa "zabiitu" nu eegaa,*
*"Maskeettoo" gombifatee.*
*Keessaa tafkiitu nu reebaa,*
*Qarriffaa jallifatee.*

Kan amma itti jijjiiramee geeraramu:

*"Karchallee" yaa tafkii ishee,*
*Dirqiin keessa gadi ciisee.*
*Keessaa inni gadi gidduu,*
*Akka inni nama hidduu.*
*Keessaa inni gara goodaa,*
*Cinaacha namaa waaddaa.*
*Alaa "waardiyyaa" nu eegaa,*
*"kilaashii" hangatatee.*

*Keessaa tafkiitu nu reebaa,*
*Qarriffaa jallifatee.*

Akkuma fakkeenya geerarsa armaan olii irraa mul'atu jijjiiramni afoola sadarkaa jechaatti afoolicharrati kan taasifame ta'uutu hubatama. Afoola oromoo kanneen biroorrattis haaluma kanaan amalli jijjiirramummaa ykn gegeeddaramaa kun mul'achuu danda'a.

#### 2.2.2.5. Faayidaa Afwalaloo

Afwalaloon hawaasa bashannansiisaa ergaa bal'aa afoola dabarsuu danda'u keessaa adda dureedha. Yaada kana bal'isuuf hayyoonni afaaniis faayidaa afwalaloo irratti yaada armaan gadii kaa'aniiru. Finnegan, (1977: 241) faayidaan afwalaloon qabu walkeessa jira; walmakaadha. Kunis kan irratti hunda'uu amala, qabiyyeefi dhaamsa inni dabarsuu barbaade giddugaleeffata jechuun faayidaa afwalaloo ibsuuf yaalti.

Yaada olii ka'umsa godhachuun afwalaloon yaada bal'aafi bilchaata kan of keessaa qabu ta'ee, yaada ofii jechootaa filatamoofi miidhaginaa qabaniin ibsachuuf kan ooludha. Akkuma damee afoola biroos duudhaa, falaasama, gaddafi gammachuu, ilaalcha gootummaa, amantii saba tokko, jechootaa filatamoon haala miidhaagina qabuun nuffii tokko malee ibsuu kan danda'uu ta'uu isaatti.

#### 2.2.2.6. Gosoota Afwalaloo

Jechi afwalaloo jedhu akka waliigalaatti maqaa kenname yoo ta'es afwalaloon dameewwan adda addaatti qooddamuu mala. Qorattoonni afaaniis afwalaloof ramaddii armaan gadii kaa'u. Misgaanu, (2011:4) qoqqooddama afwalaloo haala itti aanuun kaa'uu yaale,"Afwalaloon weedduu jaalalaa, weedduu hojii, geerarsa, mararoo, weedduu ateetee, sirba, faaruu loonii, weedduu dhimmoota siyaasaa, weedduu huruursa mucaa, weedduuwwan gootummaa,weedduuwwan seenaa, tapha ijoollee, weedduuwwan amantii, weedduuwwan ajeesaa, hiibboo altokko tokkoofi k.k.f. tiin mul'achuu danda'a". Hayyuun kun itti dabaluunis afwalaloo kanneen yeroorratti hundaa'eefi kanneen yeroorraa walaba ta'e jechuun qoqqoodee jira. Akka yaada hayyuu kanaatti qoqqoodamni afwalaloo Oromoo yoomessa giddugaleeffachuun kan murtaa'u yoo ta'u, yoomessa kanaanis afwalaloowwan yeroon daanga'aniifi yeroon hindaangofne jechuun ramaduun kan danda'amuudha. Shawaayyeefi Firreehiwot T. (1999: vi), "Maalummaa saba tokkoo kan himan keessaa afwalaloon isa tokko yoo ta'u, damee hedduus niqaba. Isaanis kanneen akka walaloon geerarsaa, faaruufi sirba adda addaati" jechuun afwalaloo damee garagaraa jalatti qooduuf yaalaniiru. Yaada hayyoota kanaarra kan hubatamu afwalaloon eyummaa saba tokkoo kan mul'isan ta'uufi damee garagaraatti akka qoodamuu danda'aniidha.

Afwalaloo haala garaagaraatiin gosa adda addaatti qoodama. Kanneen keessaa gurguddoonnii: kaay-yoosaa, hurrubummaasaa, yoomessaa isaafi waloosaa irratti hunda'ee haalumaa tajaajila hawaasa kennuu irratti hunda'uun qoodama (Finnegan,1977fi Barber,1997 ). Hayyuun Barber (1997: 85) gosoota afwalaloo ilaalchisee osoo wal keessa hinxaxamiin qulqulleessinee addaan qooduuf qorannoo bal'aafi gadi fageenyaa qabu barbaachisa jechuun ibseera.

Afwalaloo Oromoo bakka adda addaatti qoodamuu danda'a. Hayyuun Andrzejewski, (1985:410-14) afwalaloo Oromoo kan yeroon daanga'aniifi kan yeroon hindaangofne jechuun bakka lamatti qooda. Afwalaloowwan yeroon hindaangofne walaloo jaalala, amantaa, ateetee, yoo ta'an, afwalaloon yeroon daanga'an immoo walaloo lolaa, faaruu boo'icha, faaruu gototaa akka ta'an tarreessa. Akka waliigalaatti yaada hayyoonni afaanii kennan ka'umsa godhachuun afwalaloon damee garagaraatti qooddamuu danda'a. Qorataan qorannoo kanaas dameewwa afwalaloo keessaa faaruu boo'ichaarratti kan xiyyeeffatu waan ta'eef, kallattiin leelloofi faaruu boochisaa xinxaalee ibsuurratti fuulleffatee qorannoo isaa gaggeessee jira.

### 2.2.2.6.1. Faaruu

Amaloota faaruu keessaan inni ijoon hurrubummaadha. Hurrubummaan immoo ifatti bahuu kan danda'u sochii qaamaa hirmaattotaafi meeshaalee aadaa isaan harkatti qabatanii dhiyaataniin. Faaruu boochiftuu sirna boochisaarratti dhiyaatu irrattis meeshaaleen aadaa kanneen akka ulee sangii, shinootee, waraana, waantaafi gibbisii fardaa hurrubbummaan ittiin mul'atuudha. Hawaasni raawwii sirna boo'ichaa keessatti boochistuun yeroo faaruu boochisaa dhiyeessitu meeshaalee kanneen qabachuun boochistuu jalaa qabuun dhaadachuufi ol utaaluun imimaan buusanii boo'uun gadda itti dhaga'ame ibsatu.Wanta namichi boqote yeroo lubuun jiru raawwate kaasuun himuufin faarsanii boo'anii boochisuuf. Barreessitoonni adda addaas yaada kana bifa itti aanuun cimsuuf yaalu. Nagarii, (1993:63) maalummaa gosa faaruu yoo ibsu, "Faaruun afoola Oromoo bifa afwalaloon dhiyaatu keessaa isa tokko," jechuun faaruun qooddama afwalaloo jalatti kan ramadamu ta'uu dhugoomsa.

Faaruun Oromoo Uummata Oromootiif miira gaddaafi gammachuu, jaalalaafi jibba isaa agarsiisuudhaaf iddoo guddaa qaba. Yaada kanas bifa cimsuu danda'uun Teseman, (2002: 13) yoo ibsu, "songs are one of the most important cultural activities of the Oromo in wich the express their feelings" jechuudhaan ibsa. Yaada kana irraas kan hubannu, faaruun yookiin waanti afaaniin faarfatamu waan baay'ee barbaachisaa ta'ee, Aadaa Oromoo keessatti miira gaddaafi gammachuu kan ittiin ibsatan ta'uu isaati. Akkasumas, afwalaloon Oromoo akkaataa inni ittiin dhiyaatu, hayyuun kun (F. 13) yoo ibsu, "they are sung by individuals or groups depending on the situation," jedha.

kunis kan nu hubachiisu, afwalaloon yommuu dhiyaatu dhuunfaadhaan yookiin immoo gareedhaan kan dhiyaatu ta'ee, haala keessatti dhiyaatu irratti hundaa'a, kan jedhuudha. Faaruun boochisaas walitti dhufeenyi hariiroo hawaasaa cimaa ta'uufi walimararfannaan, jaalalaafi kabaja hawaasni waliif qabu; miirriifi dhageettiin hawaasaa maal akka fakkaatu kan calaqqisiisudha.

### 2.2.2.6.2. Gosoota Faaruu

Faaruu ergaa ykn wanta inni faarsuuf dhiyaaterratti hundaa'uun gosoota adda addaatti caccabsuun nidanda'ama. Kanaaf ragaa kan bahu Dirribii, (2012:81) faaruu yoo qoodu, "Oromoon waaqa mana, ijoollee, looniifi jireenya gaarii nagaa waliin isaanii kenne galateeffataa, maaram ayyaana dubartii, looniifi deessuu faarsaa; sirbaa oolanii bulu jedha." Jechuun qooda. Yaada hayyuu kanaarra kan hubannu faaruu qoqqooduun kan danda'amu dhimma faarfamuuf irratti hundaa'uun ta'uu isaati. Kanaafuu, afwalaloon bifa walalootin dhiyaatan keessaa faaruu gosa adda addaa kan akka faaruu ateetee, gootaa, waaqa, dacheefi loonii ni argamu. Dabalataanis Beekan, (2015:62-65)irratti "faaruu jaalala, mararoo, faaruu gootaa, faaruu waaqaafi faaruu loonii" jechuun faaruu gosa gosaan ramaduuf yaaleera.

Bifuma yaada olii kana deeggaruu Shawaayyeefi Fireehiwot, (1999:320) irratti gosoota faaruu, "Faaruu loonii, faaruu fardaa, faaruu abbaa, faaruu midhaanii, faaruu adamoo, faaruu ateetee, faaruu weechoo, faaruu hofcoo, faaruu boo'ichaa, faaruu uruursa daa'immaniifi faaruu oogdii," jechuun gosoota faaruu tarreessanii jiru. Akka ramaddii hayyoota kanaatti faaruun ergaa faarfamuuf giddu galeeffachuun waan qoqqooddame fakkaata.

Walitti qabaatti yaada hayyoota oliirraa kan hubatamu faaruun dame adda addaa qabaachuu isaati. Faaruu boochisaas damee adda addaatti qooduun rakkisaa yoo ta'es ergaa isaan dabarsan irratti hundaa'uu kanneen cimina namaa agarsiisan, goottummaa, ogummaa, sooreessa, beekkamtii arjummaafi k.k.f dhimmoota kannee giddu galeeffachuu faaruu boochisaa qooduun nidanda'ama. Kunis kan ta'u boochiftuun nama du'eef mararfannaa agarsiisuuf dhimmoota faaruun kaastu irratti hundaa'un ta'a. Walumaagalatti faaruu ergaa inni dabarsu giddugaleeffachuun bakka adda addaatti qoqqooddamuu kan danda'amu ta'uun nihubatama.

## 2.3. Yaaxxinaalee Qorannoon kun Bu'uureffate

Qorannoo keessatti yaaxxinni kallattii qaaccessaa waan namatti agarsiisuuf baay'ee barbaachisaadha. Barbaachisummaa yaaxxinni qorannoo keessatti qabu Finnegan, (1992 : 25) yommuu ibsitu, "the role

of theory is just to facilitate the study," jechuun ibsti. Yaada kanarraa kan hubatamu gaheen yaaxxinni qabu qorannoo tarkaanfachiisuuf akka ta'eedha.

Mata-dureen qorannoo tokkoo foklooriin kan walqabatu yoo ta'e kutaa sakatta'a barruu qorannichaa jalatti qabxii dagatamuu hinqabne yaaxxina mata-duree qorannoo waliin deemu ibsuudha. Yaaxxinaalee fokiloorii ilaalchisee Addunyaan, (2011:58) hayyuu Zoltan ,(2005:255) wabeeffachuun yommuu ibsu,"Sakatta'a barruu jalatti qabxiin dhiyaachuu qabu yaaxxina qorannoon sun irratti bu'uuruudha. Dhimmi kun karaa biraan qorannichaaf dallaa ijaaruudha," jechun ibsa. Akka yaada haayyuu kanaatti gaheen yaaxxina qorannoo kaa'uu, qorannichi maal irratti daanga'ee gaggeeffamaa akka jiru agarsiisuudha. Yaaxxinni fokiloorii garagaraa yeroo adda addaafi beektota adda addaan bu`uureffamaniiru. Kana dhugoomsuuf hayyuun Dorson, (1972) yaaxinaaleen qorannoo fokiloorii ittiin gaggeeffamu kanneen akka: "Ideological Theory, Folk Cultural Theory, Contextual theory, Functionaltheory,performance theory,Cross Cultura Theory, Historical reconstructional theory,Psycho analytical Theory, Oral-Formulaic Theory, Structural Theory, Mass -Cultural Theoryfi Hemispheric Theory" ta'uu mala jechuun ibsa.

Tokkoon tokkoon yaaxxinaalee Dorson tarreesse kunniinis xiyyeeffanoo mataa isaanii qabu. Qorannoon fokiloorii tokko waan bu`uureffachuu qabu haala niwayya jedhaniin yaada jiru agarsiisu. Hunduu kalattii isaaniin, qorannoon fokiloorii dhimma siyaasaan walqabatee xiinxalamuu qaba, aadaa bu`uureffachuu qaba, haala keessatti raawwatu bu`uura godhachuu qaba, faayidaa giddu galeessa godhachuu qaba, seenaa bu`uura godhachuu qaba, xiinsammuu itti fayyadamaa gidduu galeessa godhachuu qaba, akkasumas seenessaafi hurruubaa bu`uura godhachuu qaba yaada jedhuufi kan kana fakkaatan lafa kaa`a. Haaluma kanaan qorataan mata-dureen qorannoo faaruu boochisaa hawaasaa keessaa faaruu boochiftuun sirna boochisaarratti dhiyaatu qorachuu irratti xiyyeeffate. Dhimmi kun immoo yaaxxinaalee qorannoo fokilooriif gargaaran keessaa irra caalatti kallattiin yaaxxina haalaafi yaaxxina tajaajilaa waliin hidhata waan qabuf isaan kanarratti xiyyeeffatee kan gaggeeffameedha.

### 2.3.1. Yaaxxina Tajaajilaa

Yaaxxinni tajaajilaa gosoota yaaxxinaalee qorannoo fokiloorii keessaa isa tokko ta'ee faayidaa afoolli hawaasaaf kennu ilaaluu kan giddu galeeffatuudha. Qaamni tokko gosoota fooklooriirratti qorannoo gaggeessa yoo ta'e faayidaa gosti fokiloorichi sun fayyadamtootaaf qabu ibsuun dirqama; adeemsa faayidaa afoolli hawaasaaf qabu ibsuu keessatti immoo qorataan yaaxxina tajaajilaatti dhimma baheera. Waa'ee yaaxxina tajaajilaa Dorson, (1972) Franz Boas wabeeffachuun yommuu

ibsu,yaaxxinni faayidaa afoolli/fokilooriin saba tokkoo hawaasicha akkamitti akka tajaajilu ibsa. Gama birooniis, Bascom(1965) aartiin mallattoo ‘verbal art’jechi isaa akka ijaarsa kalaqaatti hawaasa tajaajiluu, walitti fiduu,aadaan gidduu galeessummaan akka ijaaramuuf gargaara. Walumaagalatti qorataan qorannoo kana keessatti faayidaa faaruun boochiftuun sirna boochisaa irratti dhiyaatu hawaasichaaf qabu ilaaluu irratti kan xiyyeeffate waan ta’eef yaaxxina faayidaa kanatti dhimma baheera.

### 2.3.2. Yaaxxina Haalaa

Yaaxxinni kun bara 1960 afooleewwan dargaggoota ta`aniin Yuuniversitoota Indiyaanaafi Pennislavaaniyaa keessatti kanneen leenjii Doktorummaa afoolarratti fudhataa turaniin eegale. Waa’ee yaaxxina haalaa Dorson, (1972:45) irratti yoo ibsu, “…the folklore concept apply not to a text but to an event in time in which a tradition is performed or communicated”. Akka yaada kanaatti afoola tokko qo`achuun kan danda`amu, waan raawwatee taa`erraa otoo hinta`iin waan raawwachaa jiru bu`uura godhachuuni. Kunis haala qabatamaa afoolli sun keessatti hurruubamu, akkaataa itti hurruubamu, waantota yeroo hurruubbii hurruubaan dhimma itti bahu, walumaagalatti yoomessa sana keessatti argamuun waan afaaniifi gochaan raawwatu faana bu`uun kan geggeeffamu ta`uu nu hubachiisa.

Yaaxinni haalaa yoomeessaafi haalawa kam keessatti akkaataa kamiin fooklooriin akka dhiyaate irratti kan xiyyeeffatuudha. Kanuma walsimatee faaruu boochiftuu sirna boo’ichaarratti dhiyeessu keessatti ga’een hirmaatotaa maal akka ta’e, akkaataa raawwiin achi keessatti barbaachisu itti mul’atu,yeroofi iddoon faaruun kun itti dhiyaatu ibsuuf yaaxina haalawa fookloorii bu’ureeffachuun xinxaluun nidanda’ama. Yaada kana ilaachisee Simsfi Stephens, (2005:136) yaaxxina haalaa yoo ibsan,“The physical settings and social situations in which members of folk groups share folklore, as well as the relationships among audience members and performers, make up the context of performance. ”jechuun barreessaniiru.Yaada hayyoota kanneenii irraa kan hubatamu, haalawa adda addaa keessatti walitti dhufeenyi hirmaattootaafi yaaxxinaalee firiiwwan fooklooriin dalagamaniif hanniisaa cimaa akka ta’aniidha. Qorannoo kanaafis yaaxinni addadurummaan filatame yaaxana haalawa fooklooriiti. Yaaxina kana bu’ureeffachuun dhiyaatina faaruu boochiftuu sirna boo’ichaa keessatti adeemsonni raawwichaafi faaruuwwan mul’atan roga adda addaan xinxaalamaniiru.

### 2.3.3. Walsimannaa Yaaxxinaalee Fooklooriifi Faaruu Boochiftuu

Faaruu boochiftuu sirna boo’ichaarratti dhiyaatu xinxaaluuf yaaxxina kanatu barbaachisa jedhamee wanti adda bahee taa’e jiru. Yaata’u malee, qoratichi yaaxxinaalee garaagaraa jiran keessaa yaaxxinni

jajaajilaafi yaaxxinni haalaa mata duree qorannoo kanaa waliin walitti dhiyeenya qaba jedhee waan filateef itti gargaarameera. Ragaa mata duree kanaa madaaluuf akkaataan itti fayyadama fookiloorii, faayidaa fookiloorii, gooroowwan fookilooriifi yaaxxinaaleen fookiloorii haala itti aanuun ibsamaniiru. Fookilooriin bal'inaan aadaa, amantaafi duudhaa hawaasaa irratti kan hundaa'uufi isaanumaan uumamee yeroo baay'ee afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbuudha. Faaruun boochiftuun sirna boo'ichaarratti dhiyaatus gooroowwan fookiloorii keessaa gosoota ogafaan jalatti kan hammatamudha. Akkum gosoota ogafaan, faaruun boo'ichaas aadaa hawaasaa dhalootaa dhalootatti jechaafi gochaan kan dabarsuudha. Kanaaf namoonni faaruu boochiftuutti gargaaramanii waliif faarsuun walii boo'ufi waliiboochisu. Karaa biraatiin faaruu boochiftuu gargaaramanii aadaafi duudhaan akkasumas safuun hawaasni qabu cimeefi jabaatee akka itti fuufu gochuun akka danda'amu faayidaan fookiloorii kun niagarsiisa. Ammas faaruu boochiftuu gargaaramnee aadaan hawaasaa walitti fuufiinsa qabaachuun yeroo dheeraaf osoo hindagatamin labataa labatatti cimee akka daddarbu taasisuun waan danda'amuuf; faayidaan fookiloorii kun ragaa faaruu boochiftuu kanaa madaaluuf gahee qaba.

Hayyuun Dorson, (1972:3-5) gooroowwan fookiloorii ilaalchisee, bakka gurguddoo afuritti qoodeera. Gooroowwan isaa kana keessaa tokko, aartii sochii qaama hawaasaati. Aartiin sochii qaama hawaasaa kun dalagaa sochii qaamaatiin deeggaramee mul'atuudha. Mata dureen qorannoo kanaas faaruu boochiftuu sirna boo'ichaarratti dhiyaatu xinxaaluudha. Adeemsa raawwii faaruu boochiftuu sirna boo'ichaarratti dhiyaatu kana keessatti immoo sochii qaamaatu mul'ata. Haala kanaan faaruun kun damee fookiloorii kana jala galuu waan danda'uuf, ragaa kana madaaluu keessatti dameen fookiloorii kun gahee guddaa qaba. Ogafaan (Afoollis) gooroo fookiloorii keessaa tokko ta'ee kan afaaniifi gochaan dhalootaa dhalootatti kan lufuufi hambaa hawaasaa kan hammatuudha. Faaruun boochiftuus aadaa hawaasni qabu keessaatti kan ramadamuufi gochaafi afaaniin labataa labatatti kan darbu waan ta'eef karaa kanaan gooroo fookiloorii kana keessattis ni argama.

Dabalataan meeshaaleen aadaa dameewwan fookiloorii keessaa gooroo isa biraafi kan hawaasni fedhii isaanii ittiin guuttachuufi dandeettii ogummaa isaanii itti agarsiifachuuf itti gargaaraman ta'anii aadaa wajjiin walitti hidhamiinsa cimaa kan qabaniidha. Adeemsa dhiyaatina faaruu boochiftuu sirna boo'ichaa keessattis meeshaalee aadaatti dhimaa ba'uun waliif faarsuun, waliif boochisuufi waliif boo'u. Karaa kanaan faaruun boochiftuu sirna boo'ichaarratti dhiyaatu damee fookiloorii kana wajjiin walitti hidhatiinsa qabu.

Dorson, (1972:40) qorannoo fookilooriif yaaxxinaaleen hedduun akka jiran ibseera. Isaan keessaa yaaxxinni tajaajilaafi yaaxxinni haalaa yaaxxinaalee kaan caalaa mata duree kanaan walitti hidhata kan qabuudha. Sababni isaas xiyyeeffannoon mata duree qorannoo kanaa xinxaala faaruu boochiftuu sirna boo’ichaa kan jedhurratti waan ta’eefiidha. Yaaxxini faayidaa fookilooriin ykn afoolli saba tokkoo akkamitti akka tajaajilu akka tajaajilu irratti yaadiddama bu’uureffame yoo ta’u, yaaxxinni haalaa immoo, afoola ykn fookiloorii tokko qorachuun wanta raawwatamee lafa taa’e osoo hintaane, waan raawwatamaa jiru akkamitti akka raawwatu, maaliin akka raawwatuufi yoomessa hurruubummaan sun keessatti raawwatu fa’a irratti hundoofneeti jedha. Dhiyaatinni faaruu boochiftuu hurrubummaan waan walqabatuuf, qoratamuu kan danda’u haala keessatti raawwatamaa jiru irratti hundaa’eti. Kanaafuu ragaa mata duree qorannoo kanaa madaaluuf yaaxxinoonni kun irra caalatti kallattiidhaan barbaachisadha.

Walumaagalatti ragaa mata duree qorannoo kanaa madaaluuf qorataan yommuu fookilooritti fayyadamu, faayidaawwan fookiloorii, gooroowwan fookilooriifi yaaxxinaalee fookiloorii akkaataa armaan olitti ibsameen walsimsiisee itti gargaarameera.

## 2.4. Sakatta’a Qorannoolee Walfakkaatanii

Qorannoo adeemsifamuun kan walfakkaatan qorannoolee hojjetaman Sakatta’uun walfakkeenyaf Garaagarummaa isaanii adda baasuun, yaada walfakkii isaanii qorannichaan deeggaruu barbaachisaadha. Haaluma kanaan sadarkaa digirii jalqabaafi lammaffaatti Afaan Oromootifi Afaan Amaaraatiin mata-duree adda addaatiin faaruufi sirnoota booyichaa sabaafi sablammoota garagaraa irratti hojjetameera. Isaan keessaa kanneen qorannoo kanaan walitti dhufeenya qaban haala itti aanuun ibsamaniiru.

Girmaa Taaddasaa (2009)waraqaa digrii lammaffaa (MA) guuttachuuf mata duree “Qaaccessa Faaruu Shimalaa Dhiichisa Salaalee Keessatti” akka Aanaa Yaayyaa Gulalleetti gaggeeffame. Tokkummaan qorannoo kanaafi qorannoo Girmaa lamaanuu afoola keessaa gosoota faaruu irratti kan xiyyeeffataniidha. Garaa garummaan isaanii immoo qorannoon kun gosoota faaruu keessaa faaruu boochiftuun sirna boo’ichaarratti dhiyaaturratti kan xiyyeefateedha. Qorannoon Girmaa ammoo faaruu shimalaa bifa dhiichisaan dhiyaaturratti xiyyeefata.

Haaluma kanaan ወርቁ ማደፋሮ(1987) mata-duree “በለቦከምካም ወረደ የለቅሶ ስነ ስርዓትና የሙሾ ግጥሞች“ kan jedhu irratti qorannoo digirii jalqabaa isaa hojjeteera.Walfakkeenyi qorannoo Warquufi qorannoo kanaa lameenuu dhimma gaddaa giddugaleeffachuudha. Qorannoon Warquu kallattiin sirna

raawwii boo’ichaarratti kan xiyyeeffate yoo ta’u, qorannoon kun garuu, faaruu boo’ichaa xinxaaluu gidugaleeffata. Gama kanaan garaagarummaa qorannoo Warquufi qorannoo kanaatu mul’ata. Kanamalees qorannoon Warquu walaloo gaddaa kan aadaafi kan amantii akkamitti akka dhiyaatu kan ibsu yoo ta’u, qorannoon kun immoo faaruu boo’ichaa kan aadaa qofarratti waan xiiyyeeffateef gama kanaanis garaagarummaan ni mul’ata.

Dabalataanis, ሐረጋዊያን ደፋብቸው(1974) mata-duree “ የከስታንኛ የለቅሶ ግጥሞች” jedhu irratti qorannoo digirii jalqabaa ishii gaggeessitee jirti. Walfakkeenyi qorannoo ishiifi qorannoo kanaa lamaanuu dhimma gaddaa geddugaleeffachuudha. Akkasumas lamaanuu faaruu boo’ichaa xinxaaluun ibsuurratti walfakkenya qabu. Qorannoon haragawiyaan adeemsa raawwii sirna awwalchaas kan ibsu yoo ta’u, qorannoon kun immoo adeemsa dhiyaannaa faaruu boo’ichaa ibsuurratti xiyyeeffata. Gama kanaan garaagarummaa qorannoo kana lamaanituu mul’ata.

Haaluma walfakkaatuun አየለ ማኬ (1986) mata-duree “የሀዲያ ህብረተሰብ የለቅሶ ስነስረዓት“ jedhu irratti qorannoo digirii jalqabaa isaa gaggeesseera. Walfakkeenyi qorannoo Ayyalaafi qorannoo kanaa lameenuu dhimma gaddaa giddugaleeffachuudha. Akkasumas lamaanuu faaruu boo’ichaa xinxaaluun ibsuurratti walfakkenya qabu. Kaayyoon qorannoo Ayyalaa sirna boo’ichaa awwaalaan duraa, yeroo awwaalchaafi awwaalchaan boodaa kan jedhu irratti kan xiyyeeffateedha. Qorannoon kun immoo ergaa,yoomessa, adeemsa dhiyaatinaafi dhimmoota faaruun boo’ichaa haammaturratti fuulleffate. Gama kanaan garagarummaan qorannoo lamaanii ni mul’ata.

አስቴር፣ (1997) mata-duree “የገሞ የለቅሶ ስነ-ስረዓት“ jedhurratti yommuu qorannoo gaggeessitu argannoon qorannoo ishiis,sabni Gamoo sirna boo’ichaa irratti walaloo addaa qopheessuun kan walgaggeessan ta’uu ibsitee jirti. Walaloowwan kunneenis,haalli qabbiyyee isaanii umurii,saala, sadarkaa jireenyaatiin garaagarummaa qabaachuu isaa ibsitee jirti. Qorannoon kana keessattis faaruu boo’ichaa umurii,saala, sadarkaa jireenyaatiin adda bahee ibsameera. Gama kanaan walfakkeenya qorannoo Asteerifi qorannoo kanaatu mul’ata. Garuu, qorannoon Asteer walaloo addaa sirna boo’ichaaarratti dhiyeetu kun yoomessa akkamii akka qabu; walalcha keessatti dhimmoonni ka’an, ergaan ittiin darbaniifi barmaatileen dhorkaman maal maal akka ta’an hinibsamne. Qorannoon kun immoo dhimmoota kanneen xiyyeeffannoon ibseera. Gama kanaanis garaagarummaa qorannoo Asteerifi qorannoo kanaatu mul’ata. Akkasumas, qorannoon Asteer adeemsa raawwii sirna boo’ichaa ibsuurratti kan xiyyeeffatu yoo ta’u, qorannoon kun immoo adeemsa dhiyaatina faaruu boo’ichaarratti xiyyeeffata. Gama kanaanis garaagarumman qorqnnoo lameenii nimul’ata.

# BOQONNAA SADI: MALA QORANNOO

Boqonnaan kun iddoo itti Saxaxa Qorannoo, Malli iddatteessuu, malleen funaansa ragaalee, meeshaalee funaansa ragaa, malli xinxaala ragaaleefi qindoomni qorannoo duraa duubaan kan itti dhiyaataniidha. Qorataan qorannoo kanaas kanuma bu'uureffachuun qabxiilee olitti tarreesse ibsa isaanii waliin bifa armaan gadiin dhiyeessee jira.

## 3.1. Saxaxa Qorannoo

Qorannoon adeemsifamu maal irratti bu'uureffatee akka deemu adda baasuuf saxaxni qorannichaa murteessadha. Addunyaa, (2011:63-64) yoo waa'ee saxaxa ibsu, "saxaxi qorannoon waliigala qorannichaa to'ata. Saxaxa qorannoo tokkoo kan murteessu gaaffiwwan qorannichaa deebisuuf deemu, kaayyoo isaa, akaakuwwan odeeffannoo argamuuti jechuun ni danda'ama," jechun ibsa. Dabalataan, Kothari, (2004: 31) saxaxa qorannoo yommuu ibsu, haala odeeffannoon itti argamuufi qaacceffamu, akkaataa barbaachisuun kaa'uufi galma qorannichaa sirnaan eeguun kan kallattii qabsiisudha jedha.

Haaluma kanaan, qorannoon kun mala akkamtaan kan geggeeffamu ta'a. Malli kun odeeffannoo iddattoorraa argame gadi fageenyaan ibsuuf gargaara. Addunyaan, (2011: 60) maalumma mala qorannoo akkamtaa yoo ibsu, "Malli akkamtaa haala jiruuf jireenya hawaasa yookaan amala hawaasa sanaa akkaataafi bifa inni qabuufi qabata isaa akkasumas, maal jechuu akka ta'e kan ittiin xiinxalamuudha" jechuun ibseera. Kanarraa kan hubatamu, malli kun waan jireenya hawaasichaa keessatti argamu qorachuun ibsuuf kan gargaaru ta'uu isaati. Odeeffannoo qorannoo tokko keessatti argamu mala kanaan xiinxalanii ibsuuf kan gargaaru waan ta'eef mala kanaan qorannicha geggeessutu filatame. Sababni isaas gosti qorannoo kanaa odeeffannoo daawwannaafi afgaaffiin madda ragaa irraa argamu gadi fageenyan xinxaalee ibsa bal'aa ittii kennuuf waan yaadameefi. Kanaafuu, saxaxni qorannichas mala ibsaa (descriptive method) ta'a.

Qorannoon akaakuu garagaraa qabaachuu mala. Yaada kana Addunyaan, (2011:10) irratti Harris wabeeffachuun yoo ibsu, "Qorannoo bakka adda addaatti qooduun dura bu'uura qoodichaa addaan baafachuun barbaachisaadha. Bu'uuraaleen kunneenis amalaafi gosa odeeffannoo (nature and type of data),yoomessa qorannoofi hujummaa qorannoo fa'a ta'uu danda'u" jechuun gosa qorannoo irratti bu'uuree qooddamu ibseera. Akka yaada oliirraa hubatamutti qorannoo qoqqooduuf wanti irra dhaabbatanii qoqqoodaan jiraachuun dirqama ta'a.

Akkuma boqonnaa tokkoffaa keessatti tuqamuuf yaallametti xiyyeeffannoon qorannoo kanaa inni guddaan faaruu boochiftuu sirna boo'ichaa irratti dhiyaatu xinxaaluudha.Faaruun boochistuu hawaasa AanaaYaayyaa Gullallee biratti beekkamaadha. Qorannoon kunis qabeenya hawaasa kanaa ibsuu kan giddugaleeffate waan ta'eef, qarataan gosa qorannoo ibsaatti ykn qulqqulleeffataatti dhimma bahe qorannicha gaggeesse.

### 3.2. Mala Iddatteessuu

Qorannoon kun hawaasa Aanaa Yaayyaa Gullalleerratti kan xiyyeeffate ta'uu daangaa qorannoo jalatti ibsamuuf yaallameera. Haata'u malee hawaasa Aanaa Yaayyaa Gullallee hunda hirmaattota qorannoo kanaa taasisuun baay'ee ulfaataafi nuffisiisaa waan ta'uuf iddattoota qorannicha jalqabaa hanga dhumaatti tarkaanfachiisuu danda'an murteessuun barbaachisaadha. Gosoota iddattoo ilaalchisuun, Dastaan, (2013:102) Trochim, (2006) wabeeffachuun yoo ibsu, “sampling method are classified as either probability or non probability’’ jechuun ibsa.Yaada kanarraa kan hubatamu iddattoon akka waliigalaatti bakka lamatti qooddama. Isaanis iddatteessuu carraafi iddatteessuu miti carraa ta'uu isaaniti. Kanuma bu'uureffachuun, qorannoo kana geggeessuuf malli iddatteessuu dhimma itti ba'ame gosa iddatteessuu keessaa iddatteessuu miti carraati. Gosoota iddatteessuu miti caarraa keessaa immoo iddatteessuu akkayyoofi iddatteessuu darbaa dabarsaatti dhimma bahame. Haaluma kanaan, qorataa qorannoo kanaatiin mala iddatteessuu kaayyawwaan ga'eessotaafi maanguddoota Aanaa Yaayyaa Gullallee jiraata 5 (shanii)fi boochiftoota 7 (torba) filatamaniiru. Maanguddoonni 3 (saadi) immoo mala iddatteessuu darbaa dabarsaan kan filatamaniidha. Walumaagalatti namoonni 15 (kudha shan) mala iddatteessuu kaayyaawaafi darbaa dabarsaa fayyadamuun kallatiiin hirmaattota qorannoo kanaa taasiseera. Sababni mala iddatteessuu kaayyawaa fayyadameef mata duree qorannichaarratti qaama odeeffannoo gahaa kennuu danda'u adda baasee waan beekuuf. Malli iddatteessuu darbaa dabarsaa akka filatamu ka'umsa kan ta'e odeeffannoon iddattoonni mala iddatteessuu kaayyawaan filataman kennan irraa harca'ee yoo hafe ittiin qulqulleeffachuuf yaaddameeti.

Akkuma hirmaattonni qorannoo kanaa iddatteeffaman bakki qorannoon irratti gaggeeffamus Gandoota Aanichaa 17 (kudha torba) keessaa ganddoonni 5 (shan)tu filatame. Isaanis, ganda Noonnoofi camarrii , Gotoo, lamii, Qaaxillaafi gobbollaa, Iluufi Dirree iddoo qorannoon kun irratti gaggeeffamu ta'uun filatamanii jiru. Sababni Gandoonni Aanichaa mala iddatteessuu kaayyawaan filatamaniifis, gaandoonni iddatteeffaman kunneen iddoo hojii qorataatti dhiyaatanii waan

argamaniifi. Kunis qorataan yeroo barbaadetti socha’uun odeeffannoo barbaadu funaanuuf haala mijataa uumaf.

### 3.3. Malleen Funaansa Ragaalee

Ragaa funaanuun adeemsa raawwii qorannoo keessatti isa murteessaafi barbaachisaadha.Kanaaf qorataan erga iddattoota hirmaachisuu barbaade adda baafatee booda, kan itti aanu odeeffannoo iddattootarraa funaanuudha. Odeeffannoo barbaachisu haala gaariin funaanuuf immoo, malleen funaansa ragaa mata duree qorannoo waliin deemuu danda’u adda baasee fayyadamuun dirqama qorataan bahuu qabuudha. Malleen odeeffannoon ittiin funaannamuu danda’u hedduutu jira;qorannoo qulqulleeffataa gaggeessuufis malleen funaansa ragaa adda addaatti dhimma bahuun nidanda’ama. Kanuma bu’uureffachuun qorannoo kana keessatti qorataan odeeffannoo funaanuuf malleen armaan gadiitti fayyadameera.

#### 3.3.1. Daawwannaa

Daawwannaan mala odeeffannoon ittiin funaannamu keessaa isa tokko. Kunis, qorataan iddoo wanti/gochi ilaaluuf barbaade jirutti qaaman argamuun, ijaan ilaalaa odeeffannoo barbaachisu funaanuuf kan itti fayyadamuudha. Qorataan qorannoo kanaas mala daawwannaatiin warra akka iddattootti filataman bira deemuun yoomessa uummamaa keessatti; yommuu isaan haalota garagaraa keessatti faaruun waliif boo’aniifi waliif boochisan daawwachuun, ragaa isaanirra funaannatee jira. Akaakuun daawwannaa lamatu jira. Isaanis, hirmaachaa daawwachuu (participant observation)fi halaalaa daawwachuudha. Akka odeeffannoon toora intarneetii irraa argame mul’isutti, “Depending on the active or passive role of the observer, direct observation may be participant or non-participant” jechuun kaa’a. (Madda: https://www.researchgate.net/publication/321806239_Observation_Methods )

Akkuma yaada kanarra hubatamutti, akaakuun daawwanaa hirmaachaa daawwachuufi hirmaannaa malee daawwachuu akka ta’eedha.Hirmaachaa daawwachuun sirna yookiin raawwiirratti namoota yookiin raawwattoota waliin qooda fudhachuun, daawwannaan kan gaggeeffamuu ta’uu isaati. Hirmaannaa malee daawwachuun ammoo osoo namoota raawwii sirnaarra jiran waliin raawwii sirnichaatti hinhirmaatiin daawwachuun ragaa funaanuudha. Qorataanis akaakuu daawwannaa lamaan isaanittuu fayyadameera, Sababni lamaan isaanii filteefis sirana boochisaarratti haala mijatuufin namoota namni jalaa boqatefi hirmaattota sirnichaa waliin hirmaachun ragaa funaannateera. Akkasumas,yeroo hinmijanneef ammoo osoo raawwii sirnichaarratti hirmaattota waliin hinhirmaanne halaalaa daawwachuun meeshaa waraabduu sagaleen yookiin viidiyoo kaameeraan waraabuun ragaa walitti qabatee jira. Adeemsa daawwannaan ragaa funaanuu keessatti

qorataan mataduree xinxaala qabiyyeefi ergaa faaruu boochiftuu sirna boochisarratti dhiyaatu jedhuun walqabsiisee qabxiilee daawwannaaf mijatoo ta'an ja'a (6) kanneen akka hirmaattonni sirna boochisaarratti argaman akkaataa kamiin faaruu boochiftuu jalaa qabu hurruubuu? Boochistuun akkaataa kamiin faaruun boochisuu eegalaa? Akkamiin immoo faaruun boochisee xumuuraa? Meeshaan aadaa boochistuun qabatee faaruun boochisu maal fa'ii? Boochiftuun haala kamiin walharkaa fuudhanii faaruu boo'ichaa baasu? Haalli dhabbannaa fi sochii hirmaattotaafi boochiftuu maal fakkaataa? Gaaaffilee jedhu gaggabaabsee uunka gabateetiin qopheeffachuun yoomessa raawwii sirna boochisaarratti argamuun, yoomessa dhugaa fayyadamuun daawwatee odeeffannoo funaannatee jira. Argannoon gama kanaan argames, hirmaattonni faaruu boochiftuu bifa geengoo ta'e uumuun ykn immoo walcinaatti hiriira galuun faaruu boochiftuu baastu jalaa qabuun kan hurruban ta'uufi sirna boochisaarratti yoomessi boochisaa gulaantaalee garagaraa kan qabu ta'uu haala turerraa hubachuun danda'ameera. Akasumas boochiftuun sirna boochisaarratti faaruun boochisuu dura seenaa himuun kan jalqabu yoo ta'u, faaruun boochisee yoo xumuuru immoo faaruun eebbisuun kan xumuuru ta'uu hubatameera. Kana malees, Faaruun boochisaa yoomessa seenaan nama du'ee tokkoo itti yaadatamu ta'uus xinxaalli kun agarsiiseera. Isaan kunneen argannoowwa kallattii daawwannaan bira gahamaniidha.

### 3.3.2.Afgaaffii

Afgaaffiin ramaddii malleen funaansa ragaa jalatti kan mul'atudha. Innis qorataan odefkennitootan fuulaa fuulatti walquunnamuun, gaaffii afaaniin dhiyeessuun odeeffannoo barbaadu argachuuf kan fayyadamuudha. Afgaaffii keessatti qorataan gaaffii gaaffatu haala iddattootaa galuun carraa ibsu qaba. Akkasumas, iddattoonni iddoo gaaffiin gaafataman hingalleeffitti carraa gaafatanii hubachuu qabu. Qorataan mala kana fayyadamee ragaa qulqulluu argachuu danda'a. Haaluma kanaan Qorataan ga'eessotaafi maanguddoota iddattoo qorannoo kanaa ta'an 8 (saddeeti)fi boochiftoota 7(torba); gaaffilee afgaaffiif mijatoo ta'an 8(saddeeti) kanneen akka: faaruu boochisaa boochiftuun umrii garagaraa keesssatti akkamitti dhiyaataa?, Faaruu boo'ichaa boochiftuun yoomessa akkamii keessatti mul'ataa?, Dhimmoonni faaruu boochiftuutiin sirna boo'ichaarratti ka'an( dhiyaatan) maal maali?, Barmaatileen adeemsa faaruu boo'ichaa keessatti dhorkaman maalfa'i?, Ergaa faaruu boo'ichaan umrii ykn haalota garagaraa keessatti dhiyaatu maal fa'i? gaaffilee jedhaniifi caccaba gaaffilee xixiqqoo waliin bifa banaan ta'een qorataan qopheessee jira. Tokkoon tokkoon iddattoota qorannoo kanaaf dhuunfaa dhuunfaan dhiyeessee odeeffannoo qorannoo isaa tarkaanfachiisuu danda'u funaaneera.

### 3.4. Meeshaalee Funaansa Ragaa

Meeshaaleen odeeffannoo qorannoo kana funaanuu keessatti qorataan fayyadames; viidiyoo kaameera, kaameeraa suuraafi yaadannoo gabaabaa fayyadamuun ragaan madda ragaa irraa funaannameera. Viidiyoon wayitii faaruun boochiftuu sirna boo'icharratti dhiyaatu waraabuufi iddoo odefkennitoonni gaaffii gaafatamaniif deebii kennan irratti barreeffamaan qabachuuf, isa rakkisetti kan itti tajaajilame. Kaameeraan ammoo namoota odeeffannoo kennaniifi boochiftoota faaruu bo'ichaa dhiyeessan suuraa kaasuuf kan fayyadamameedha. Akka meeshaa birootti ragaa funaanuuf meeshaan qorataan gargaarrame yaadannoo qabachaa deemuudha. Hojiin qorannoo kanaa hanga xumuramutti qorataan karaa yoo deemus ta'ee, iddoo hundatti waraqaafi qubeessituu qabachuun ragaa mataduree qorannoo isaan walfakkaatu yoo argate bifa yaadannoo gabaabaan qabatee gara qorannoo isaatti fiduun fayyadamaa kan turedha.Walumaagalatti meeshaalee kanneenitti hanga danda'ameefitti fayyadamuun odeeffannoo barbaachisaa ta'an funaannatee barreefamatti jijjiiruu danda'ee jira.

### 3.5. Mala Xinxaala Ragaalee

Odeeffannoon qorannoo kanaa daawwannaafi afgaaffiin funaanaman. Qaaccessa qorannoo kanaas odeeffannicha qopheeffachuudhaan, irradeddeebi'anii dubbisuun keessoo isaa baruu, qoqqooduufi ibsuu akkasumas hiikuun adeemsa qorataan hordofuu qabu keessaa warra muraasa. Addunyaa, (2011;71). Haaluma kanaan qorataan odeeffannoo funaaname xiinxaluuf mala xiinxala ibsuu (Descriptive analaysis)tti fayyadameera. Odeeffannoowwan waraabbin walitti qabames adeemsa katabbii (transcription) hordofuudhaan gara barreeffamaatti jijjiirame. Odeeffannoon erga gara barreeffamaatti jijjiiramee booda, akka wal fakkeenya isaaniitti ulaagaa qabiyyee/ergaa, hurruubum-maafi tajaajilaatti gargaaramuun qabiyyeewwan adda addaatti qoqqoodamuun xinxaalaman. Odeeffannoowwan kunneen qoqqoodamun immoo mala qorannoo akkamtaatti dhimma bahuun yaaxxina tajaajilaafi galumsaa bu'uureffachuun kan qaacceffamaniidha.

### 3.6. Qindoomina Qorannoo

Qorannoon kun boqonnaa shan kan qabu yoo ta'u, tokkoon tokkoon boqonnaalee jalatti matadureew-wan hammataman duraa duuban kaa'amaniiru.Boqonnaan tokkoffaan seendubee, ka'umsa qorannoo, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaa, hanqinafi odeeffannoo bakka qorannichaa kalattii adda addaan ibsameera. Boqonnaa lammaffaan sakatta'a barruulee mata-duree qorannoo kanaa bal'isuu danda'anii,yaaxxinaalee qorannoo kana waliin hidhata qabaniifi barruulee walfakkii sakatta'aman kan qabuudha. Boqonnaa sadaffaan mala qorannoo kan qabu ta'ee, malli qorannoo mata-dureewwan adda addaa kanneen saxaxa qorannoo, malli iddatteessuu, malleen funaansa ragaalee, meeshaalee

funaansa ragaa, malli xinxaala ragaaleefi qindoomni qorannoo duraa duuban kan hammatee argamuudha. Boqonnaa arfaffaan qaaccessa ragaalee kan qabuudha. Ragaaleen daawwannaafi afgaaffiin argaman bifa waraabbii viidiyoofi yaadannoo gabaabaa qabachuun erga funaannamanii booda odeeffannoowwan walfakkaatan iddoo tokkotti dhufuun bifa waldeeggaruu danda’aniin mala akkamtaan kan qindaa’anii qaacceffamaniidha. Boqonnaan shanaffaan cuunfaa,argannoofi yaboo kan qabuudha. Gama biroonis kutaa boqonnaalee shananiin ala axareera,galata,baafata,wabiileefi dabaleen qaama qoranoo kanaa ta’uun kanneenhammatamaniidha.

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE

Kutaan kun iddoo odeeffannoowwan meeshaa funaansa ragaa boqonnaa sadi jalatti ibsamaniin iddattootarraa walitti qabaman hiika itti argataniidha. Qorataanis kanuma bu'uureffachuun odeeffannoo kallattii garagaraan iddattootarraa funaane bifa armaan gadiin qaaccesseera.Adeemsa qaaccessa ragaa qorannoo kanaa keessatti odeeffanoowwan daawwannaafi afgaaffiin funaannaman waldeeggaruun iddoo tokkotti kan qaacceffamaniidha.

### 4.1. Akkaataa Jalqabbiifi Xummura Faaruu Boochisaa Boochiftuun Dhiyaatuu

Faaruun booy'ichaa boochiftuun dhiyaatu haala ittiin eegaluufi xummuru qaba. Akka ragaan daawwannaafi afgaafii obbo Damee Abbooyyee, Obbo Bojuu Addunyaa 13/08/2011 ganda Iluufi Dirreefi obboTulluu Gurmuu 29/07/2011 ganda Qaaxillaafi Gobbollaa waliin taasifamee mul'isutti, jalqabarratti qaamni boochisu haala uffannaafi wanta harkatti qabatee jiru sissirreeffata. Farda yoo qabaate farada isaarratti ba'ee, yoo lafoos ta'e gara fuuldura namoota boo'aniitti ba'uun, ulee ofharkaa qabu sirreeffata. Itti aansuun seenaafi ta'eewwan namichi du'e raawwate tutuquun akka dhaggeeffataniif hirmaattota booy'ichaa qalbii gara ofiitti deebisa. Boochiftuun yoo seenaa nama du'ee himuun jalqabu:

*Yee yaa abaluu*
*Yaa abaluu warra sanyii abaluudhaa*
*Eenyutu siyaame har'a*
*Eessa dhaquuf kaate*
*Yaa abaluu cooma nama murachiisu*
*Yaa abaluu daadhii nama unachiisu*
*Yaa sanyii warra abaluu abaluudhaa*
*Sanyii warra qotiyyoon darabee*
*Sanyii warra dhaltiiloo darabee*
*Eenyutu nama beeka kaa har'a*

(Madda: obbo Tulluu Gurmuu ganda Qaaxillaafi Gobbollaa sirna boochisa obbo Guutamaa Badhaaneetiif 5/07/2011 dhiyeessef irraa daawwannan taasifameen waraabbame )

Seenaa boochiftuun nama du'eef himuuf kana keessattis dhimoonni ka'an gosti ykn sanyiin namicha du'ee beekkamaa ta'uu, qabeenya qabaachuu isaa, arjaa ta'uu isaafi gosti isaa qabeenya horachuun kan beekkame ta'uu kaasuun himeef. Yeroo kana hirmaattonni sirnnichaa seenaa himamu

dhaggeeffachuuf sagleen callisuun qalbii isaanii gara seenaa himamuufitti deebisun dhaggeeffatu. Haala kanaan Seenaa himuufiin qalbii hirmaattota sirnichaa gara ofiitti deebisuu erga mirkaneeffatee bifa faaruun boochisuu ittin fufa. Boochiftuun sagalee jijjiiree ykn qallisee faaruu itti aanu kanaan boochisa.

*Jige kaa hiini jigee*

*Hiini warra abaluu jigee*
*Kannisni mootii malee eessuma qubata kaa*
*Ijoolleen abbaa malee akkamiin guddatu kaa*
*Akkam godhu kaa yaa abaluu*
*Yaa abaluu gaafa keessummaa*
*Yaa abaluu gaafa jaarsummaa*
*Yaa abaluu gaafa guddaayii*
*Yaa abaluu gaafa rakkinaa*
*Hinooltu kaa maqaan namaa*
*Maqaan namaa hinoolu yaa biyyana*
*Hinoolu garuu yaa maaraguu*
*Yaa maaraguu qe'ee maaraguu*
*Maaragni qe'ee keetiis har'a jigee*
*Maaragni biyyaatis har'a jige*

(Madda: obbo Tulluu Gurmuu ganda Qaaxillaafi Gobbollaa sirna boochisa obbo Guutamaa Badhaaneetiif 5/07/2011 dhiyeessef irraa daawwanna taasifameen waraabbame )

Faaruu kanarras kan hubatamu namni du'e kun nama guddaafi beekkamaa akka ta'eedha.Akkasumas akka hiini bishaa tursiisu namni kunis maatii isaa walitti qabee kan jiraachisu ta'uu isaati. Ijoolleen isaas akkamiin akka guddatan yaaddanii mararfatanii akka boo'aniif "*Kannisni mootii malee eessuma qubata kaa , Ijoolleen abbaa malee akkamiin guddatu kaa*" jechuun marartee isaanitti uumee namoota kaanis boochisa. Kana malees, namni kun yeroo jireenya isaatti kallattii garagaraan hawwaasa biratti beekkamaa ta'uu boochiftuun faaruu olii keessatti kaaseera. Hojiilee isaa kan boochiftuun faaruu olii keessatti kaase; namni du'e kun nama waldhabe jaarsummaan araarsuurratti, gaafa sirnaa keessummaa namaa keessummeessurratti; namni yoo rakkate nama oolchuun jireenya hawwaasummaa keessatti qooda guddaa kan qabu ta'uu ibsuun faarsee mararfatanii akka boo'aniif taasisa. Boochiftuu maaragni nama kanaafi kan biyyaa hir'achuu isaa kan hinhafne ta'uu hubachiiseera. Ergaan faaruu olii kanaan sirnicharratti darbes namoonni yoo lubbuun jiran hojii garii hojjechuun jireenya hawwaasummaa keessatti hirmaachuu akka qabantu hubatama. Namoonni amalaafi 'maaraga' akka godhatan faaruun kun ni gorsa.

Boochiftuun haala armaan olii kanaan seenaa himuun eegalee faaruun boochisuu yeroo murtaa'eef erga dhiyeessee haala faaruu itti aanu kana fakkaatun boochisee xumuura.

*Egaa Maatii kee 'assanaabbati'*

*Qe'ee kee 'assanaabbataatuma' deemi*
*Egaa nagaatti kaa*
*Nagaatti x2*
*Mataa hinmagarre hin haadanii*
*Nama hinagarre hinyaadanii*
*Qe'ee kee waaqni yaa dhaabuu*
*Kan hafan kuma siif yaa godhu*
*Lafa cite hingoodanii*
*du'aan hinhoodanii*
*Dhakaan dahoo siif yaata'u*
*biyyoon galabaa siif yaata'u*
*'namsee' kee 'yaamaaru'*

(Madda: obbo Tulluu Gurmuu ganda Qaaxillaafi Gobbollaa sirna boochisa obbo Guutamaa Badhaaneetiif 5/07/2011 dhiyeessef irraa daawwanna taasifameen waraabbame )

Faaruu kana fakkaatun nama du'e san eebbisee faaruun boochisuun xummura.

Akkuma faaruu olii kanarra hubatamutti boochisee gara xumuuratti deemaa jiraachi faaruun ibsaa xumuure. Kanis bo'oowwan 3$^{ffaa}$-8$^{ffaa}$ jiran ni ibsu. Faaruu kana keessatti boochiftuun nama du'ef nagaa dhaame xumuuraa jiraachuu isaa ibseera. Bo'oowwan faaruu isaa *Nagaatti x2, Mataa hinmagarre hin haadanii, Nama hinagarre hinyaadanii"*jedhu keessatti nagaa itti dhaamuufi gargar ba'iinsa mul'iseera. Akkuma mataan hinmagarre hin haaddamne nama du'es sirumaa kan hinagarre ta'uufi kan irraanfatamu ta'uu boochiftuun faaruu isaan hubachiise. Dhumarrattis, duuti dhuma jiruufi jireenya namaa ta'uufi kan hinhafne ta'uu hubachiiseera. Akkasumas du'atti waan hin muftamneef wanti namni du'e sun ittiin awwallamu akka waan lubbuu isaaf da'oo ta'uufi danda'uttifi waaqayyo lubbuu isaa akka maaru hawwuufin ' *namsee' kee 'yaamaaru'* jechuun eebbisee xumuure.

### 4.2. Yoomessa Dhiyaatina Faaruu Boochisaa Boochiftuun Dhiyaatuu

Akka ragaan daawwannaafi afgaaffiin boochistuu Obbo Bojuu Addunyaa 13/08/2011 ganda Iluufi Dirree, Tulluu Gurmuu 29/07/2011 ganda Qaaxillaaf Gobbollaafi Boshee Dheeressaa 03/8/2011 ganda Gotoo waliin gaaffiin, " Sirna booyichaa irratti faaruun boochiftuun dhiyaatu yoomessa akkamii keessatti raawwatamaa?" jedhu dhiyaatefi ragaan argame mirkaneessutti: boochiftuun faaruu booy'ichaa yeroo hunda kan dhiyeessu osoo hintaane yeroo murtaa'aa keessatti dhiyeessu akka qabu

ibsu . Akka odeeffannoo kennitoonni kun ibsanitti sirna awwaalchaa taasifamu keessatti boochiftuu carraa boochisaa si'a sadi argatu.Isaanis kanneen itti aananiidha:

**4.2.1. Yeroo Reeffi Nama Du'ee Mana Jireenya Isaatii Bahu**

Akka ragaan iddattootarraa walitti qabame agarsiisutti reeffi nama du'ee saanduqa reeffaan golgamee mana jireenyaatii bahee naannoo qe'ee isaatti lafa kaa'ama. Iddoo reeffi lafa kaa'ametti dhiyaachuun boochiftuun hirmaattota sirnichaa bifa geengoo ykn walcinaa akka galan taasisuun faaruu boochisuu eegalee itti fufa. Hirmaattonnis cabsaa boochiftuu eeguun jalaa qabaa miilaan gara saanduqa reeffatti siisiiqaa boo'u jedhu.

*Fuulletti ba'i yaa duumessa warra abaluu*
*Fuulletti ba'i keessummaan dhufee*
*Hiriyoonni kee si barbaada dhufee*
*Mee ol jedhii ciqilee dhaabbadhuu*
*Daamaa kiyya x2* *warri jalaa qabu*
*ee… Yaa leenca koo* *woo…*
*Si barbaadaan yaa duradeemaa warra abaluu*
*Si barbaadaan yaa duradeemaa karaa Fittaal*
*Hiriyoonni kee sibarbaada dhufanii*

( Madda: Daawwanna sirna boochisaa obbo Suyyum Kabbadaa 3/08/2011 ganda Fittaal 01 boochiftuu obbo Boshee Dheeressaan dhiyaateef irraa waraabbame)

Akkuma faaruu olii irraa hubatamutti namoonni walalchaan gara qe'ee nama du'eetti boo'icha dhufuu isaanii faaruu kanaan ibsamee jira. Kanis kan hubachiisu boochiftuun faaruu isaa kana keessatti fuulletti ba'ii keessummaan dhufee jechuun eeruu kenneera. Akkasumas hiriyoonnis boo'icha gara qe'ee isaa dhaquu faaruun kun eeruu nuuf kenneera. Kanas kan nu hubachiisu hiriyoonni kee sibarbaada dhufanii mee ol jedhii ciqilee dhaabbadhu jechuu isaati. Kana malees, faaruu kanarra wanti hubatamu nimni du'e kun yeroo lubbuun jirutti keessummaa qe'ee isaa dhaqeefi hiriyoota isaa haalan simatee kan keessummeessu ta'uu isaati. Akka aadaa orommootti keessummaan qe'ee namaa dhufe ulfina qaba. Namni du'e kunis aadaa kana ciminaan kan hojiirra oolche ta'uu faaruu kanarraa nihubatama. Faaruun kun namoota sirna boo'chaa kanarratti argaman aadaa kana yaadachiisuun cimsanii akka hojiirra oolchan gorsa dabarseera. Namni du'e kun waan adda addaarratti addadureen kan hirmaatu tu'uu isaa boochiftuun faaruu keessatti tuqun ibseera. Gama kanaanis,namoonni waan adda addaarratti ciminaan hirmaachuun akka isaanirra jiru faaruun kun dhaamsa dabarsa.



Suura 1_ Boochiftuun farda  yaabbatee boochisaa gara qe’ee nama du’eetti yommuu daaman

Ganda Fittaal 01, caamsaa 3/08/2011 sirna awwaalcha obbo Suyyum Kabbadaa ykn ga’eessa umurii waggaa shantamii tokko (51) mana amantaa Ortodoksii Madanalamiitti raawwate. Akkuma faaruun armaan olitti ibsame suraa kanaraas kan mul’itu namoonni yeroo gamachuu waliin hirmaachun dabarsan yeroo gaddaas, gadda waliin qoodachuu agarsisa. Kanumaan walqabsiisee boochiftuun faaruu isaa keessatti “*sibarbaadan yaa abaluu, hiriyoonni  kee sibarbaada dhufanii*” jechuun namoonni walalchaan gara qe’ee nama du’ee  boo’ichaaf akka deeman ibseera. Kan walalchaan deemanis hiriyoota namicha du’e sanaa akka ta’aniidha. Kun immoo  aadaa hawaasni jiruufi jireenya keessatti qabu faaruun ibsaa akka cimsatan gorsa dabarsa.

### 4.2.2. Erga Reeffi  Qe’eedhaa Kaafamee Hanga Lafa Awwaalchatti

Yaada iddattoonni kennaniifi daawwannaan argamerraa akka hubatamutti, reeffi nama du’ee akka mana jireenya isaatii bahee battalumaan iddoo awwaalchaatti kan geeffamuu miti. Walakkaa naannoo mana jireenyaa nama du’eefi iddoo awwaalchaa yoo gahan reeffi yeroo murtaa’eef lafa kaa’ama. Iddoo reeffi lafa kaa’ame kanatti hirmaattonni sirnichaa haala dhaabbii sirreeffachuun boochiftuun faaruu boo’ichaa dhiyeessuu itti fufa.  Hirmaattonni  sirnichaa kanneen reeffa iddoo mana jireenyatii kaasan dabaree boochiftuun isaanii kennetti faayyadamuun osoo gara reeffatti hinsocha’in sagalee boo’ichaa dhageessisuun  boo’an.

Qaamni iddoo biroorraa bifa walalchaan dhufe faaruu boochiftuun isaan qabatanii dhufan dhiyeessu giddugaleeffachuun gara reeffaatti sisiqaa boo'u. Yeroo boochiftuun isaanii faaruu boo'ichaa xummuru saanduqa reeffa bira gahuun itti naanna'anii 'hirmii' baafachuun warra dura reeffa waliin gara awwaalchaa deemutti makamu. Iddoo kanatti faaruu itti aanu kan fakkatuun boochisuuf.

*Egaa manaa gadi baatee*
*Egaa manaa baatee obboleettiin abaluu*
*Obboleettiin abaluu abaluu manaa baate*
*Manaa gadi baatee ol deebii dadhabde*
*Maloo ani bade maa na daawwattanii*
*Yaa firoottan koo maa na daawwattanii*
*Ani baduu kiyya yaa firoottan koo*
*Nagaatti yaa ijoollee koo*
*Ani ka'ee hindeebi'uu*
*Ani karaa ga'ee hindeebi'uu*
*Nagaatti yaa biyya koo jetti abaluun har'a*
*Sutuma deemi x2*
*Egaa suutuma deemi yaa abaluu*
*Nyaachu hindhaqxu nyaatamuu dhaqxaa*
*Eenyu sibeeka yaa abaluu*
*Eenyutti gortaa?*
*Ijoollee abaluuti moo*
*Ijoolleen harka silaaluu hindhiiftuu*
*Ijoolleen garaa abaluu*

(Madda: Daawwanna sirna boochisa aadde Almaaz Beenyaa 18/06/2011 ganda Fittaal 01 boochiftuu obbo Biqilaa Araddaannaatiin dhiyaateef irraa waraabbame)

Faaruu olii irraa namni du'e dubartii ta'uun ni hubatama. Reeffi ishii manaa ba'ee karaa ga'uu isaa faaruu kana keessatti bo'oowwan 1^ffaa^-4^ffaa^ irratti ibsameera. Dabalataanis, bo'oon "*Ani ka'ee hindeebi'uu; Ani karaa ga'ee hindeebi'uu*" jedhu karaa walakka ga'uu mul'isa.Iddoo kanattis boochiftuu carraa faaruun boochisuu argatee boochisaa jiraachu ni hubatama. Faaruu kanaan boochiftuu dubartiin duute kun kan hindeebineefi hinargamne ta'uu ishii akka waan ishiin jetteetti fakkeessu boochisaaf. Kanas faaruu bo'oowwan 5^ffaa^-11^ffaa^ tti jiraniin ibseera. Kana malees,firoottan ishii kan duraan du'an bakka ishiin itti awwaallamuuf deemtu kanatti awwaallamanii jiraachuu boochiftuun faaruun ibsuun namoonni yaadatanii akka ishiif boo'an taasisa. Akkasumas akka waan namoonni duraan du'an sun, akka waa fiddee dhaqxuufitti, harka akka waan laalaniitti fakkeessun faarsee boo'uun boochisaaf. Boochiftuun namni tokko erga du'ee kan hinargamne ta'uu akka

yaadatan faaruu kannaan ibseera. Dabalataanis du'arra nama oolchun kan hindanda'amne ta'uu hirmaattota sirna boo'ichaarratti argaman yaadachisuu yeroo jiran waalmararfatanii wal oolchuun akka isaanirra jiraatu gorsa.



Suura 2_ yeroo karaa walakkaa boochiftuun gidduu dhaabbatee yoo boochisu

### 4.2.3. Iddoo Awwaalchaatti

Akka yaanni iddattoonni kennan agarsiisuutti iddoo boochiftuun carraa faaruu boo'ichaa dhiyeessuu itti argatu keessaa tokko bakka awwaalchati. Reeffi nama du'ee akkuma iddoo awwaalchaa gaheen battala sanatti kan awwaalamuu miti.Yeroo murtaa'aaf waan boqatuuf,hirmaattonni sirna boo'ichaa iddichatti haala mijataa faaruu boo'ichaaf tolu  uumu. Iddoo kanatti boochiftoonnis dabaree isaanii eeguun faaruu isaanii kan dhiyeessan yoo ta'u, hirmaattonni immoo haaluma barameen jalaa qabuun boo'anii walboochisu.

*Geeche kaa yeroon geeche*
*Yeroon walgatanii galan geechee*
*Egaa yeroon galgalaa*
*Mee ol naqabi yaa abaluu kiyyaa/tiyyaa*
*Saanqaa jechuu balbalaa* ***x2***

*Ilmoo  jechuun hangafaa*

*Egaa nandhufaa*

*Nandhufa yaa ijoolle nan dhufaa*   ***x2***

*Nandhufa yaa abaluu  kiyyaa/tiyyaa*

*Dhufuun kiyya hinooluu nan dhufaa*

*Yoo biyyeen morma koo nyaachuu baatte*

*Yoo kirriin miilafi harka koo narraa kutuu baatte*

*Jedha abaluun har'a yaa ijoolle.*

*Nagaatti kaa nagaatti*

*Nagaattuma nagaatti*

*Jedha kaa abaluun har'a*

(Madda: obbo Tulluu Gurmuu ganda Qaaxillaafi Gobbollaa sirna boochisa obbo Guutamaa Badhaaneetiif 5/07/2011 dhiyeessef irraa daawwanna taasifameen waraabbame )

Akkuma faaruu olii kanarraa hubatamutti boochiftuun yeroon galgala tu'uu ibsuun boochiseera. Kunis, nama du'e kana yeroon itti awwaalanii galan ga'uu kaasuun,  namichi namootarra adda ba'aa jiraachuu hubachisaa akka mararfatanii boo'aniif godha. Akkasumas, boochiftuu ijoollee namicha du'ee keessa inni hangafti kani isa 'assanaabbatu' ta'uufi  inni angafitti bakka isaa bu'ee itti gaafatamummaa kan fudhatu ta'u ibsun ijoolleen mararfattee boochuf taasisa. Faaruun kun jireenya du'aa yaadatanii boru isaanis du'uun  isaanii kan hinoolle ta'uu  of marafatanii namichaaf akka boo'an bo'oo 10$^{ffaa}$fi 11$^{ffaa}$ faaruu kana keessatti ibseera. Ergaan faaruu bo'ichaa kanaan darbes akka aadaa hawaasaatti ilmi hangafti kan nama 'assanaabbatu'fi jireenya lafa baddaarratti bakka nama du'ee itti gaafatamummaa kan fudhatu ta'uu isaati.



Suura 3_ Iddoo awwaalaatti boochistuu gidduu namootaa dhaabbatee yommuu boochisu

### 4.3. Hirmaannaa Koorniyaa  Faaruu Boochisaa Dhiyeessuu Keessatti

Akka odeeffannoon afgaaffiin obbo Tashoomaa Tasfaa ganda fittaal 01 guyyaa 08/06/2011,obbo Girmaa Abarraa ganda I/Dirree 27/06/2011 fi aadde Kuulii Sanbataa ganda Gotoo12/08/2011 waliin taasifamerra  argame hubachiisutti, faaruu boo’ichaa dhiyeessuu keessatti hirmaannaan dubartootaa baay’ee gadi aanaa kan ta’eedha. Akka odeeffannoo kennitoonni kun ibsanitti, dubartii cimtuu ykn ‘daffaarii’ takka takkatu sirna boo’ichaarratti dubartoota qooddatee faaruu baasuun boochisa malee baay’inaan kan hinhirmaanne ta’uu ibsu. Faaruu boo’ichaa dhiyeessu keessatti abbummaa guutuu kan hirmaatu warra dhiiraa akka ta’es ibsaniiru. Akka odeeffannoo kennitoonni kun jedhanitti, faaruu dhiyeessun  boochisuurratti  hirmaannaa dubartootaa akka laafu kan taasise ilaalcha hawaasni toora kanarratti qabaniifi soda dubartoonni akka dhuunfatti keessa isaaniitii qabaniidha.

### 4.4. Barmaatilee Dhiyaatina Faaruu Boochisaa Irratti Dhorkaman

Akka ragaan daawwannaanis ta’ee afgaaffin argame agarsiisutti dhimmoonni armaan gaditti tarreeffaman faaruun boo’ichaa yommuu dhiyaatufi sirna boo’ichaarratti hinraawwataman. Dhimmoonni kunis, akka hinraawwatamne kan taasisu aadaa hawwaasichaafi maanguddoota sirnicharratti argaman ta’uu odeeffannoo kennittoonni ni ibsu. Dhima kanarratti afgaaffiin obbo Damee Abbooyyee ganda Iluufi Dirree  13/08/2011, boochiftuu obbo Darrabaa Mootii ganda Lamii10/7/2011,obbo Tasfaayee Simee ganda I/Dirree 13/08/2011fi odeeffannoo kennittoota

kaawwaniif  gaffiin “Barmaatileen adeemsa faaruu boo’ichaa keessatti dhorkaman maalfa’i?” jedhu dhiyaatefii ture. Deebiin  isaan irraa argame akka agarsiisutti dhiyaatina faaruu boo’ichaarratti dhimmoonni armaan gadii akka raawwataman hineeyyamamu jedhu. Dhimmoonni kunis:

- Yeroo boochiftuu faaruu dhiyeessaa jirutti sagalee wacaa garmalee  dhageessisuu dhorkaadha.
- Hirmaattota sirnichaa kamirraayyuu sagaleen kolfaa  dhaga’amuu hinqabu.
- Boochiftuus ta’ee hirmaattoonni sirnichaa hunduu waan badaa namichi du’e raawwatee darbe kaasanii boo’uun hineeyyamamu.
- Faaruun boo’ichaa yeroo gaggeeffamaa jirutti hirmaattonni irraa fagaatanii dhaabbachuun dhorkamaadha.
- Adeemsa dhiyaatina faaruu boo’ichaa keessatti hirmaattoonni haasaa dhuunfaa isaanii gaggeessuun kan danda’amu miti.
- Faaruun boo’ichaa wayita gaggeeffamaa jirutti qooddattoonni gara mana isaaniitti deebi’uu hindanda’amu.

### 4.5. Dhimoota Boochiftuun Faaruun Sirna Boochisaarratti Dhiyeessitu

Akka ragaan Daawwannaafi afgaafiin obbo Damee Abbooyyee ganda Iluufi Dirree 13/08/2011, obbo Taaddasaa Galataa 23/7/2011fi boochiftuu obbo Biqilaa Araddaannaa ganda Q/Gobbollaa26/07/2011, obbo Bojuu Addunyaa13/08/2011fi boochiftoota kaawwaniif gaaffiin “Dhimmoonni faaruu boochiftuutiin sirna boo’ichaarratti dhiyaatan maal maali?” jedhu dhiyaatefii ture. Ragaan deebii isaan kennan irraa argame akka ibsutti boochiftuun sirna boo’ichaarratti dhimoota armaan gadii adda durummaan  kaasee  faarsuun boochisa jechuun ibsaniiru. Dhimmoonni kunis:

- Cimina namichi du’e kallattii adda addaan qabu.
- Olmaa namichi du’e hiriyootas ta’ee firoottan isaa akkasumas hawaasa naannoo isaaf qabu.
- Firoottan/ aanteewwan namicha du’ee kanneen isa dura du’anii.
- Hojiilee kallattii garagaraan namichi du’e hojjechaa tureefi namni biroo akka hojjetu jajjabeessaa ture.
- Dalagaa inni osoo dalaguu irraa du’e.
- Maqaa maatii,firoottaniifi hiriyaa namicha du’ee.
- Haala jireenya maatii nama du’ee kan gara fuulduraa
- Haala du’iinsa isaa.
- Deeggarsa akka inni du’arraa dandamatu kallattii adda addaan taasifameef.
- Haala qabeenya namicha du’ee.

Kaayyoo ijoon boochiftuun adeemsa dhiyeessii faaruu isaa keessatti qabxiilee armaan olii kaasuuf hirmaattonni sirnichaa namicha du'eef mararfatanii akka boo'an taasisuufi kallattiin fuuldura maatii hafanii maal akka ta'e hubachiisaa deemudha. Akkasumas, namoonni yeroo lubbuun jiran akka wal mararfataniifi walgargaran kan yaadachiisudha. Dabalataanis namoonni yeroo lubbuun jirantti hojiilee jiruufi jireenya dhuunfaafi hawwaasuumma keessatti kallattii garagaraan cimanii hojjechuun akka irraa eeggamu ni gorsa.

### 4.6.Akkaataa Boochiftoonni Itti Dabaree Waliif Dabarsuufi Walirraa Fuudhuun Faarsuun Boochisan

Akka ragaan daawwannanis ta'ee, afgaafiin obbo Taaddasaa Galataa ganda Noonnoofi Camarrii gaafa guyyaa 23/7/2011fi Nagaashuu Abbooyyee ganda Lamii 30/06/2011 irra argame ibsutti, boochiftuma tokkotu faaruu sirna boo'icha nama du'e tokkoorratti dhiyeessa osoo hintaane boochiftoonni lamaafi sanaa ol faaruu boo'ichaa wal harkaa fuudhanii dhiyeessuu danda'u. Yaaduma kana kan cimsu boochiftuu obbo Bojuu Addunyaa, obbo Tasfaayee Simee 13/08/2011 ganda I/Dirreefi obbo Boshee Dheeressaa 3/08/2011 ganda Gotoof, Afgaaffiin gaaffii "Boochiftun yeroo dabareen walirraa fuudhuun faarsuun boochisan akkamiin dabaree waliif dabarsanii ?"jedhu dhiyaatef ture. Akka boochiftuun kunneen deebii kennanitti, boochiftun yeroo faaruu booyichaa walirraa fuudhuun boochisan callisanii akkuma arganittii miti. Dabaree eeggachuun faarsanii boochisu. Boochiftuun inni tokko boochisee yoo xumuuru, inni tokko immoo cabsaa sagalee isaa eeggachuun boochisuu itti fufa. Haaluma kanaan inni tokko cabsaa sagalee faaruu boochisaa isa tokko eeggachuun dabareen walitti daddabarsuun, walharkaa fuudhuun faarsanii boochisu.

*"Egaa maaddirratti nyaatanii*
*Gundoorratti nyaachuu*
*Nama yaabaasuu jedhi nagaattii*
*Lubbuu kee 'yaamaaru'*
*Biyyoon galabaa siif yaa ta'u*." Jechuun boochiftuu inni tokko dabaree isaa xumuuruu ibsa.

Boochiftuu inni biraan immoo si'a kana faaruun boochisuutti seenuun haala itti aanu kanaan boochisa.

*"Yee yaa abaluu warra abaluu*
*Yaa kutattuu warra abaluu*
*Yee yaa ijoollee abaluu*
*Yeeroon gala adaraa*
Abaluun akkaa durii mitii" faaruu jedhuun yeroo murtaa'ef boochisee innis dabaree isaa xumuure boochiftuu biroof dabarsa.

Kana malees, boochiftoonni haala itti aanu kanaan cabsaa ykn ceesisa faaruutiin dabaree faaruun boochisuu walitti dabarsuu danda'u.

**boochiftuu 1ffaa**

*"Yee yaa abaluu abaluu*
*Qaniitu dalga sibaachisee dalga boo'i*
*Fardeen diddee guulte kaa*
*Luugama moo fuuloo qabdaree yaa gurbaa*
*Haarrii kiyya x2*
*Hee... yaa qeerressa koo..."* cabsaa faaruu isa kana fakkaatuun dabaree isaa xumuuruu yoo ibsu boochiftuu inni biraan immoo dabaree isaa itti darbee yeedaloo jijjiree haala itti aanu kanan faaruun boochisa.

**boochiftuu 2ffaa**

*Maaloo ol naqabii*
*Maaloo ol naqabi yaa abaluu kiyaa*
*Mana yaalatii ba'een*
*Qe'ee abbaa kiyyaatti galaa*

Gama biroonis boochiftoonni haala faaruu armaan gadii kanaan yeroo dabaree walitti dabarsa ni mul'ata.

*Egaa yaa abaluu kiyyaa*
*Karaa addisaabaa ol hinlaalinii*
*Waraabessi edaa dallaa marsaa bulee*
*Leenca tiyyaa x2* **warri jalaa qabu**
*Nagaatti yaa leenca tiyyaa hee…* woo…

Boochiftuu inni tokko akkaataa faaruu kanaan cabsaa yeedaloo ceesisaan boochiftuu biroof dabaree dabarsuu ibsa. Boochiftuun itti aanuus kana hubachuun yeedaloo jijjiiree dabaree isaa haala itti aanuun faarsuu boochisuu itti fufa.

*"Geeche gizeen geechee x2*
*Geeche gizeen jetti abaluun*
*Geeche kaa yaa abaluu ilma abaluu*
*Maaloo na gaggeessi gizeen geeche*
*Yeroon walgatanii galan geechee" …* **warri jalaa qabu**
*Haarrii tiyya x2*
*Hee… yaa qamadii too"* woo…

jechuun dabaree isaa erga yeroo murtaa'ef faarsuun boochisee innis boochiftuu biroof dabaree gadhiisa.

### 4.7. Akkaataa Faaruun Boochiftuu Sirna Boochisaarratti Itti Hurruubamu

Faaruun boochiftuun sirna booyichaarratti dhiyaatu akkamiin hurruubamaa? Gaaffiin jedhu afgaaffiidhaan odeeffannoo kennitootaa obbo Tuulluu Gurmuufi ganda Q/Gobbollaa 29/7/2011fi obbo Biqilaa Araddaannaaf dhiyaatee ture. Akkasumas, daawwannaadhaan, iddoo sirni raawwii boochisaa jirutti argamuun ragaan guurameefi guca daawwannaaf qophaa'een odeeffannoon ittiin guuramee haala itti aanu kanaan dhiyaateera.

Hawaasa Oromoo Godiina Shawaa Kaabaa Aanaa Yaayyaa Gullalee keessa jiran gaafa guyyaa awwaalchaa nama du'ee ganama ykn borumtaa awaalchaa firri ykn namni namni jalaa du'e mana nama faaruu boochisaa beekuu deemuun, akka sadarkaa walbeekkumsaan gariin ni kadhatu,yookiin immoo qarshii kennuufin boochiftuu bitatatu ykn yaamu. Gaafa guyyaa awwaalcha ganama barii barraaqaatiin maatiifi ollaa aanteen walitti dhufee boo'icha jalqabu. Erga boo'ichi jalqabee namni warra du'aa ga'u adadumaan daddabalamaa deemuun boo'ichi hoo'aa deema. Boochistuun bitames ta'e kan yaamame/kadhatame/ ykn ofiin dhufe faaruun boochisuu eegala. Namoonnis bifa geengoo uumuun cabsaa faaruu boochiftuu eegatanii nama du'eef asiifi achi waljala socho'uun, dhaadachuun, erga takkaa ol utaaluun, laphee of rukutuun mararfatanii boo'uuf. Akka ragaan daawwannaafi odeeffannoo kinnitoota irra argame mul'isutti maatiin nama du'e saniitis, meeshaa nama du'e sanaa, kan inni yeroo lubbuun jiru itti fayyadamu qabatanii boo'anii boochisuuf. Meeshaaleen kunneenis kan akka: waraanaa, gaachanaa, hucuu uffatuufi suura isaa/ishee qabatanii boo'uf. Kaan isaas ol qabanii asiifi achi gaggaragalchaafi afarsaa boo'ufiin isaan kaan boochisu. Yommuu firri namicha du'ee fagoodhaa walalchaan dhufanii gara fuullee qe'ee nama du'eetti dhiyaatan saanduqa reeffatiin reeffa nama du'ee naannoo qe'eetti gadi baasuun lafa kaa'u. Warri qe'ee jiru boo'aa warra walalchaan dhufu eegu. Warri walalchaan dhufus gara qe'ee nama du'eetti yoo dhiyaatan boochiftuu bitatanii fidatan fuulduratti ba'ee faaruu baasuu eegala. Namoonnis, hiriira galanii jalaa qabuun miilan gara reeffa nama du'eetti sissiiqaa cabsaa boochiftuu eeggatanii 'woo…' jechaa boo'aa deemu. Firri walalchaan dhufes fuuldura hiriiratti ba'uun asiifi achi deemaa mararfatee boo'a. Yommuu walalchi warra qe'ee nama du'eetii boo'anitti dhiyaatan warri qe'eedhaa boo'uus, boochiftuun qe'eedhaa boochisaa jirtus, hiriira galanii gara boochisa keessummaa walalchaan dhufaa jiraniitti garagaluun cabsaa sagalee boochiftuu eeggatanii jalaa qabuun boo'u. Warri dhiiraa ulee ol qabanii ol utaalun ergaan takkaa 'umbaa' jechuun; warri dubartootaas ol utaalanii laphee of rukutuun gamaa gamanatti waljalaa qabun boo'u.Warri walalchaan dhufes yummuu gara reeffatti dhiyaatan akkuma boochiftuun isaanii faaruun boochisuu xumuureen erga tokkoo sagalee ol kaasanii boo'aa

gara reeffaatti deemu. Reeffatti marsanii mararfatanii boo’uun, hirmii erga baafatanii booda warra qe’eetti makamu. Hanga reeffi qe’eedhaa ka’utti boo’aa walalcha biroon dhufu yoo jiraate simatu.

### 4.7.1. Haalafi Ergaa Boochisaa Gulantaa Umuritiin Hurruubamu

Akka ragaan daawwanaafi afgaaffiin argame ibsutti faaruun boo’icha boochiftuun sirna boo’chaa haala ykn umrii garagaraa keessatti yommuu boo’amu, hurrubummaa walfakkaatuun dhiyaata**.** Garuu,ijoolleefi daa’imman umriin isaanii waggaa 15 gadi jiran firri, olaan,aanteenfi hiriyoonni ofumaaf walga’anii wacanii boo’uuf malee faaruun boochiftuun hindhiyaatuuf. Akkasumas,daa’imni bakkaa yoo hammaatte maatii, olaafi firoottan dhiyoo jirantu boo’ee awwaala malee, boochiftuun faaruun boo’ichaa hindhiyaatuuf; baayyees hinboo’amu. Sababni isaas daa’imni hammaatte seenaa ykn hojii raawwatte waan hinqabneef. Yeroo as dhiyootti daa’imman akka kanaa yoo hammaatan qe’umatti hoddootti awwaalaa akka turame odefkennittoonni ni ibsu. Gara iddoo awwaalchaa ‘bataskaana’ geessanii hinawwaalan. Baayyee akka hinboo’amnes eeraniiru. Sababni isaas ni hoodatu jedhan. (Madda: Afgaaffii obbo Damee Abbooyyee ganda Iluufi Dirree 13/08/2011fi obbo Taaddasaa Galataa ganda Noonnoofi Camarii 23/07/2011 waliin taasifame)

#### A. Dargaggeessi Yoo Du’e Haala Itti Hurruubbamu

Akka yaanni daawwannaafi afgaaffii irraa argame mul’isutti namoonni umrii waggaa 15fi sanaa olii yoo du’an haalli hurruubbii hirmaattota faaruu boochisaa walfakkaataa ta’us, muraasni kan itti aanu fakkaata. Namoonni umrii waggaa 15tiifi isa olii haalota garagaraan du’uu danda’u. Fakeenyaaf, yoommuu baayyee dhukkubsatanii yaallamaa turanii booda du’an; yoo naman waldhabanii namni ajjeese; yoo hiyyeessa ta’anii osoo hindarbiniif du’an; yoo durummaa beekkmaa ta’an; yoo baayyee dulloomanii du’an; yoo goota beekkamaa ta’an; yaabbii fardaan beekkamaa yoo ta’an; hojii qonnaatiin, daldaalan, barumsaaniifi kan kana fakkaataniin beekkamanii yoo du’an sirna awwaalcha irratti boochiftuun faaruun boochiftiif.Wayta boochisuufis haaluma hojii isaatiin walqabatuun faaruu boo’ichaa baasufiin faarsee boo’uun boochissaaf.

Warreen sadarkaa dargaggummaa keessa jiran yommuu du’an kan du’e/te sun baratаa/tuu yoo ta’e/taate hurrubummaan hirmmaattota kan warra kaawwaniitiin irra caalatti walfakkaatadha. Dargaggoonni hiriyaa mucaa du’e/ duute sanaa ta’an yoo barattoota ta’an baruullee isaaniifi suuraa mucaa sanaa baachuudhaan hiriira dheeraa ykn hiriira geengoo fakkaatu uumanii cabsaa faaruu boochiftuu eeggachuun naanna’anii ykn asiifi achi socho’anii, waljalaa waacilanii uursanii boo’uuf. Maatiin dargaggeessa /ttii du’ee/tees suura, hucuufi barruuleef qalama isaa/ishii baachudhaan asiifi achi gaggaragalchanii agarsiisuun boo’aniifii ‘qabaarii’ ykn namoota boochisu. Akkasumas**,**

dargaggeessi du'ee sun yoo kaachisa fardaatiin beekkamaa ta'e, hiriyoon isaa farada fe'atanii ulee sangii ykn waraana qabatanii farda yaabbatanii boo'uf. Haala kan keessattis, faradoo hiriira galchuu takkaa duugda fardaa irraa ol ka'aafi taa'aa; waan harkatti qabatanii jiran mirmirsaa akka nama waa waraanuu aggaamaa ; cabsaa faaruu boochiftuu eeggachuun faradoo asiifi achi gulufsiisaa; dhaadatanii boo'uun waarra kaan boochisu. Dabalataanis, kan du'e sun qeeroo yoo ta'e, fira isaas ta'ee hiriyoonni isaa warri shamarranii immoo shinootee hidhachuufiin akka guyyaa cidha qeerrootti 'leemmatii' shinootee baasufiin cabsaa faaruu boochiftuu eeggatanii baatanii oliifi gadi urgufuun boo'aniifi 'qabaarii' boochisu. 'Leemmatiin shinootee kun sirna boo'icha qeerroo irratti kan ba'uuf darggaggeessi du'e kan hinfuune ta'uu mul'isu. Kunis, sirni cidha isaatis sirnuma boo'ichaa kana ta'uu agarsiisuuf. Akkasumas, 'leemmatii' malee meeshaalee shinooteen irraa hidhatame kan akka loomii, karameellaa, shonkoora, xajisaarafi arrittaa fa'a hiikkachuun boolloo awwaala isaatti naquun wajjin awwaalama. (Madda: afgaaffii obbo Taaddasaa W/Maariyam ganda Noonnoofi Camarii waliin 4/08/2011fi aadde Kuulii Sanbataa ganda Gotoo 12/08/2011 waliin taasifame)

**B. Haala Hurruubbii Maangddootaaf**

Haaluma walfakkaatuun, maanguddoonnifi ga'eessonni yommuu du'anis faaruun boochiftuun baasamuuf adda yaa ta'u malee, haalli hurruubbii hirmaattotaa walfakkaatadha. Kunis boochiftuun seenaa maanguddoonnifi ga'eessonni raawwatan tuttuquun faaruu baasee yoo boochisaaf. Namoonni fira nama du'ee wajjin walalchaan dhufan hiriira galuun cabsaa faaruu boochiftuu eeggatanii woo… jechuu sagalee tokkoon jalaa qabu. Warri firaa immoo fuuldura ba'anii asiifii achi fiiguun dhaadachaa himuufin boo'uuf. Warri qe'eetti boo'afi turanis hiriira galanii gara walalcha dhufaa jirutti garagaluun boo'u. Warri dhiirotaa cabsaa faaruu boochiftuun baaftuuf eeggatanii erga takka miila ol fuudhanii utaalun lafa dhiituun hurruubu.Sagaleenis, erga takkaa ykn walfaana humbaa…/hirgif…/jechuun boo'uuf. Dubartoonnis, qophaatti hiriira galanii cabsaa faaruu boochiftuu kan warra dhiiraa eeggachuun boo'uf. Isaanis, erga takka miila kaasanii ol utaaluun, miilan lafa rukutuun; harkaa lamaan immoo laphee ofrukutaa boo'u. Sagaleenis "wayi … way wayi…" jechuun jalaa qabuun boo'uuf. Namoonni fira nama du'ee ta'anis, hiriiricha keessaa fuulduratti ba'uun asiifi achi deemanii ykn ol gadi fiiganii seenaa isaa himuun boo'aniifi boochisuuf. Warra dhiiratiifis ta'ee warra shamarraniitiif haaluma walfakkaatadhaan hurruubamee boo'amaaf.

Akka ragaan odofkennitootarra argame ibsutti yeroo ammaa kana yaa hafu malee yeroo as dhiyoo dura maanguddoofi ga'eessonni dhiiras ta'ee shamarran yoo du'an faradoo uffataan gabbisuuf. Faradoonni firoottaniifi nama du'e sanii fe'amanii hucuu dheeradhaan hanga miila isaanii uffisutti itti keeyyisuun fuuldura reeffafi 'qabaarii' harkkisaa; sirna boo'icha nama du'e sanaa ittiin ulfeessu.

Haalli fardeen uffata kana itti uffisanii sirna boo'ichaa irratti itti dhiyyeessan kun gibbisii fardaa jedhama. Uffatichis, gibbisii ykn qamisii fardaa jedhama jedhu odofkennitoonni. Haali kun yeroo ammaa kana kan hafe ta'uus ibsanii jiru.Yeroo ammaa kana kan yeroo kaan ittiin fe'amtuun yaabbatanii seenaa nama du'ee himuufin ittiin boo'anii boochisuuf. Inni seenaa himuufin boo'ee boochisuuf cabsaa faaruu boochiftuu eeggachuun farda asiifi achi gulufsiisaa fuuldura ykn cinaa warra jalaa qabaniitii;

> " *yaa jagna koo,*
>
> *yaa leenca koo,*
> *yaa abbaa gootaa ,*
> *yaa abbaa korommii,*
> *yaa abbaa sanyii warra abaluu,*
> *yaa abbaa dhaltiiloo buburree*
> *yaa abba qottiyyoon cimdii,*
> *yaa abbaa gootaraan dilbii ,*
> *garam deemtaree?*
> *eessaf kaate har'a?"* jechuun himuuf.

( Madda: afgaaffii obbo Damee Abbooyyee ganda Iluufi Dirree waliin 13/07/2011 taasifameen argame)

Inni himuuf kun ulee qalloo yookiin eeboo qabatee jiru akka nama waa waraanuuf jedhuutti mirmirsaa aggaamaa kooraa fardaarraa takka ol ka'aa, takkammoo taa'aa ittiin dhaadataa himuufin boo'ee boochisaaf. Namoonni ykn firoonni lafoo jiranis, inni himuuf hiriira keessaa gara fulduraatti ba'uun miilan asiifi achi qaxxisaa himuufiin boo'ee boochisaaf. Akkuma warri farda yaabbatan himaniif fakkaatu jechuun; dhaadatee himuufiin boo'ee boochisaaf. Namoonni boo'ichaaf dhufanis, akka walfakkaatanitti rukuttaa miilaa walqixxeessudhaan, ol utaalanii miilan erga takkaa lafa rukutuun boo'uf.Akasumas, sagaleen walfaana woo… jechuun; walkurfeessanii sochii walfakkaataa-dhaan socho'anii kan himuuf jalaa qabuun boo'aniif. Dubartoonni fira nama du'e sanii ta'an immoo uffata isaanii qamisii qoma jalatti gadi dachaasanii harka qamisii isaanii mudhiirratti hidhatu. Isarraan naxalaa ykn fooxaa marxifatanii; gateettii isaanii irratti fooxaa uffachuun; fuulduratti limmoon qabsiifatu; qoma isaanii mul'isuun sirnicha irratti hirmaatu. Akkasumas,uffata yookiin suuraa nama du'e sanaa qabatanii namoota hiriira galan fuuldura bu'uun; meeshaa qabatanii jiran sana namootatti agarsiisaa hurruubu. Gidduu cabsaa faaruu boochituutiin immoo dubartoota hiriira galanii jiranitti garagaluun; miila ol kaasanii ol utaaluun; laphee ofrukutanii sagaleen "wayi…waay waayi" jedhanii

boo'an. Dubarttoonni hiriira galanii jiranis akkuma isaaniitti duukaa isaanii bu'uun; erga takka laphee of rukutanii sagaleen "wayi…waay waayi" jedhu dhageessisuun jalaa qabanii hurruubu.

### C. Kan Namni Ajjeeseef Haala Itti Hurruubbamu

Akka ragaan daawwannaafi afgaafiin odofkennitootarra argame ibsutti nama du'e namatu ajjeese yoo ta'e, faaruun boochiftuu dhiyaatuuf haala haaloo (xiiqii) makateen kan faarsuun boochifamuufi hurruubamuudha. Boochiftuun faaruu baasu hiriira keessaa garafuulduraatti ba'uun ulee lafaa rurrukutaa asiifi achi qaxxisuun faaruu armaan gadii baasuufiin, faarsee dhadachuun boo'ee boochisaaf.

*yaa leenca koo* x(2)
*yaa sanyii warra abaluu abaluu*
*sin nyaatte kaa sareen*
*saree eenyummaan ishii hinbeekamne*
*tasa sinyaatee*
*silaa foon ishii ciccirtee gattee*
*eenyutti dhaammatteree*
*eenyu damii kee yaa baasuu*
*qabda ijoollee korommii qabdaa*
*ijoolleen keetu ni baasu damii kee…* faaruu jedhu baasufiin bifa quuqaafi haaloo ofkeessa qabuun faarsuun boo'ee boochisaaf. (Madda : obbo Bojuu Addunyaa 13/08/2011 ganda I/Dirree)

Froottaniifi maatiin namicha du'ees cabsaa faaruu boochiftuu eeggachuun oliifi gadi fiiguun;lafarra gangalachuunifi uleen lafa rukutuun ,dhaadatanii boo'uun boochisuuf. Namoonni hiriira galanii jiranis akkuma kana cabsaa faaruu boochiftuu eeggachuun sagalee ol kaasanii erga takkaa ulee ykn qawwee waaqatti ol qabuun ol utaaluun "zarraf zarraf, ergif ergif" jedhanii warri dhiiraa yoo hurruuban; warri dubartootaa ammoo ergan takka ol utaaluun laphee of rukutaa boo'u.

Namoota biroofis haaluma walfakkaataa ta'een boochiftuun haaluma seenaa nama du'eetiin faaruu baasufiin namoonni cabsaa faaruusaa eeggatanii jalaa qabuun hurruubu. Dhummarrattis reenfi gara awwaalchaatti geeffamuun erga awwaallamee booda, boo'icha dhaabanii ilmi hangafiti, abbaaniifi obboleessi nama du'e sanaa keessaa inni tokko fuuldura namootaa dhaabbachuu sagalee ol kaasee si'a sadi 'hoodannee mana naga'aatti galaa' jechuun erga eebbisee ykn 'assanaabbatee' namoonnis maatiifi fira aantee nama du'eetti dabaree dabareen itti siiquun "jabaadhaa waaqayyoon isin yaajabeesuu, Waaqayyoon lubbuu nama du'ee 'yaamaaruu''' jedhanii eebbisuun gara mana mana

isaanii galu. (Madda: afgaaffii obbo Taaddasaa W/Maariyam ganda Noonnoofi Camarii 4/08/2011 waliin taasifame).

### 4. 8. Ergaa Faaruu Boohisaan Umrii Ykn Haalota Garagaraa Keessatti Dhiyaatu

Akka daawwannaafi afgaaffiin ragaan argame ibsutti faaruun boochiftuu nama du'eef ittiin boo'amu tokko qofaa miti. Haala seenaa namni du'e sun raawwateefi umrii isaa irratti hundaa'uu boochiftuun faaruu garagaraa baasuufiin faarsitee boochiftiif.

#### 4.8.1. Faaruu Boochisaa Yeroo Daa'imman Du'an Dhiyaatu

Akka ragaan daawwanaafi afgaaffii obbo Damee Abbooyyee ganda Iluufi Dirree 13/7/2011, obbo Kabbadaa Abbooyyee Ganda Qaaxillaafi Gobbollaa 18/07/2011,obbo Bojuu Addunyaa ganda I/Dirree 13/08/2011fi boochiftoota kaawwan walii taasifamerra argame ibsutti faaruun boo'icha boochiftuun sirna boo'chaa haala ykn umrii garagaraa keessatti yommuu boo'amu faaruun boochiftuun dhiyaatu hurrubummaa walfakkaatuun dhiyaata**.** Garuu,ijoolleefi daa'imman umriin isaanii waggaa 15 gadi jiran firri olaan,aanteenfi hiriyoonni ofumaaf walga'anii wacanii boo'uuf malee faaruun boochiftuu boochiftuun hindhiyaatuuf. Akka odeeffannoo kennitoonni jedhanitti "turtiin boo'ichaa (yeroo gaddaa) daa'imman yeroo du'aniif godhamu garagaraa, Garaagarummaan isaanis kan irratti hundaa'u umuriidhaan" jedhu. Akkasumas,daa'imni bakkaatti yoo hammaatte ( nama harkaa baate) maatii, olaafi firoottan dhiyoo jirantu boo'a ga'ee boo'ee awwaala malee, boochiftuun faaruun boo'ichaa hindhiyaatuuf; baayyees hinboo'amu. Sababni isaas daa'imni hammaatte seenaa ykn hojii raawwatte waan hinqabneefi waan hoodatamuuf jedhu. Akka odeeffannoo kennitoonni jedhanitti, daa'imman akka kanaa yoo du'an namoonni nama da'imni harkaa baateen "Rabbi garaa keessan yaa fayyisu, ilmoo guddattu rabbi siif haakennu!" jedhanii eebbisu malee "lubbuu ishee 'yaamaaru'" hin jedhan. Kunis da'imman akkanaa badii ykn cubbuu hinraawwattu jedhanii waan amananiif.

#### 4.8.2. Faaruu Boochisaa Yeroo Ijoollonni Du'an Dhiyaatu

Akka ragaan dawwannaafi afgaaffin "Faaruun boo'ichaa umurii garagaraa keessatti akkamiin dhiyaataa?" gaffiin jedhu boochiftoota obbo Tsaggaa Hirphuu, obbo Darrabaa Mootii 10/7/2011 ganda lamiifi obbo Taaddasaa Galataa ganda Noonnoofi Camarii 23/09/2011f dhiyaatee ragaan irraa Argame akka mul'isutti boochiftuun faaruu baasuun kan hinboochifamneef ta'uudha.Kunis, ijoollonni umurii daa'imummaa irra darbanii umurii dargaggummaa immoo hingeenye yoo du'an boo'ichi isaanii akka kan daa'immanii yookiin akka kan dargaggootaa osoo hintaane haala birootiin

dhiyaata. Sirna boochisaa isaanii irrattis faaruun boo'ichaa boochiftuun dhiyaataaf osoo hintaane maatiifi hawaasuma naannootitu faaruu uumee boo'ee boochisaaf jedhu. Ijoolleen akkasii yoo du'an faaruu akka kanatti aanee jiru fakkaatutu namoota tokko tokkoon dhiyaataf jedha boochiftuu Tsaggaa Hirphuu.

*Yaa ilmakoo*
*Yaa margaa koo*
*Maaltu si argatee*
*Maaltu nu jalaa si qurxe*
*Nu'uu ergannee sin quufnee*
*Sitti hirkanna jennee si abdannee*
*Maaloo maa akkana nu gootee* Jedhanii boo'uuf.

(Madda: obbo Tsaggaa Hirphuu 10/7/2011ganda lamii waliin taasifame irraa argame)

Boochisa akkasii keessatti haala mucaan sun keessa jiru/jirtuufi hawwii gara fuulduraatti irraa qaban ibsuuf "*Sitti hirkanna jennee si abdannee*, ergannee sitti hinquufnee, maaloo maa akkana nu gootee" jedhanii boo'uf. Faaruu kanarraas kan hubatamu itti dadhabanii guddisanii yommuu silaa ergachuu jalqabanitti,yummuu ergachuun dadhabbii itti ba'uu qabanitti, umrii malee mucaan sun jalaa du'uun abdii irraa kutachuu isaanii agarsiisa.

### 4.8.3. Faaruu Boochiftuu Sirna Boochisaa Yeroo Dargaggoonni/ Shamarran Du'an Ittiin Boo'amu

Akka maanguddoonni gaafataman jedhanitti aadaa hawaasa Oromoo Yaayyaa Gullallee keessatti boo'ichi dargaggootaaf godhamu kanneen biroo irraa addadha. Sababiin isaa,dargaggoonni kun garfuulduraatti waan hedduutu isaan hafa waan ta'eef hawwii jireenya garafuulduraa jiraataniifi isa kan darbe jiraataniin walbira qabuudhaan oonnatanii akka gara garaatti boo'uuf jechuun odeefkennitoonni ibsaniiru. Faaruun boochiftuun ittiin dargaggootaaf boochiftu yoo ilaalle kan kanatti aanee jiru fakkaata.

*Yaa jibichakoo*
*Jibicha waan itti ba'u/ baatu hinbeekne*
*Yaa gurbaa/itala ol jedhee/ttee nama hinilaalle*
*Kormi qanbara cabse kaa har'a/*
*Raanni maseente kaa*
*Yaa tarraacakoo/too*

(Madda: Daawwannaa 18/7/2011 ganda Iluufi Dirreetti sirna boo’icha dargaggeessa du’eerratti boochiftuu obbo Bojuu Addunyaatiin dhiyaateef irraa waraabbiin argame )

Faaruu armaan olii kana fakkaatun faarsuun gumaacha fuulduraaf osoo jiraatee yookiin jiraattee maatiifi hawaasa kanaaf buusan ibsuun *Yaa jibichakoo* , *Jibicha waan itti ba’u/ baatu hinbeekne* jedhanii gara isaan itti ba’an tilmaamaa seenaa gara fuulduraa waliin wal qabsiisaa faarsanii boo’un boochisuuf. Sararri “*Yaa jibichakoo* ” jedhu, eeffanna hojii qonnaaf ga’ee ittiin hojjetachuuf eeggatan bakka bu’a. Kanaaf yommuu dargaggootaaf boo’amu jibicha hojiif ga’e kanaan wal fakkeessanii boo’uuf. Akkasumas, jechoota amala, haala guddinaafi naamusa isaan agarsiisanii hedduu garaa namaa nyaatan fakkeenyaaf, sarara sadaffaa irra kan jiru “*Yaa gurbaa/itala ol jedhee/ttee nama hinilaalle* ” kan jedhuun amala isaa/ ishii ibsuun marartee namatti naqanii boochiftuun faaruun boo’uudhaan akka garaan namaa raafamu godhu. Dabalataanis, waa’ee jireenya gaa’ela isaaniitiin walqabsiisanii yommuu faaruun boo’anii boochisaniif faaruu boo’ichaa kanatti aanee jiruun boochiftuun yommuu isaan garaa namaa oonnachiisantu jira.

*Maaloo yaa abaluu abaluu*
*Utuu heerumtee/ fuutee*
*Haadha/ abbaa ijoollee taatee*
*Maqaa tokko qofaan duutee*

jedhee kan boochiftuun boo’ee boochisuuf dhala utuu hingodhatiin duute; “*utuu heerumtee/fuutee*” ilmoo kee arginee gaarii ture, jechuu isaati.Yeroo bochiftuun kana kaasee boochisu hirmaattonniifi firri dargaggeessi/ttiin du’e/te sun kana hanqatee du’uu isaatti/isheetti baayyee gadduun mararfatanii hinqirfatanii boo’anii boochisuuf. Akkasumas, “*maqaa tokko qofaan duute*” jechuun boochiftuu maqaa dhalootaan siif baafameen jirta; haadha/abbaa abaaluu jedhanii yookiin osoo bakka of hinbuufatin du’uun kee gadda nutti uume, jechuu isaa mul’isa. Kunis, ilmoo isaan laalanii ittiin isa obsan kan hingodhanne ta’uu agarsiisa. Sanyii isaa osoo bakka hinbuusne baduu isaatu kan isaanitti dhaga’ame ta’uu ittiin ibsatu.



Suura 4_ Dargaggeessaaf shinooteen hidhatameefi yeroo boochiftuun boochiftu agarsiisu

Ganda Iluufi Dirreetti, caamsaa 18/07/2011 sirna awwaalcha kan dargaggeessa umurii waggaa diigdamii lamaa(22) mana amantaa Ortodoksii Gabri'eeliitti raawwate.Sirna kanarrattis, haala itti fayyadama meeshaa aadaa shinaatee hidhataniifii yeroo boochiftuun faaruun boochiftuuf hirmaattonni ittiin huruuban. Boochiftuun dhimma meeshaan aadaa kun ooluuf tuttuqe dargaggeessa du'een walqabsiisee faaruun boochisaaf. Kunis dargaggeessi du'e sirna gaa'ila osoo hinraawwatanne baduu isaa ibse boochisaaf. Karaa kanaanis aadaafi dhuudhaan hawaasaa cimee akka itti fufu boochiftuun meeshaa kanaan walqabsiisee faaruu isaa keessatti kasuun ergaa dabarsa.

Faaruun itti aanu kunis adda durummaan ergaa kana ofkeessatti haammachuun kan ibsudha.

*Akka gootu*
*Akka gootu yaa abaluu kiyyaa*
*Shinooteen shinootee sobaa taatee*
*Ati gudii taate yaa abaluu*
*Osoo mana ormaa seentee jiraattee*
*Ati gudii taate jedha abaluun*

Akka ragaan daawwannaan argame mul'isutti, dargaggoonni yoo du'an gochaa kanaan dura raawwatan irratti hundaa'uudhaan boochiftuun himuufin faaruu boo'ichaa jalqabaaf. Fakkeenyaaf yeroo boochiftuun seenaa himuuf, akka kanatti aanee jiru jedhee himaaf.

*Warri wajjiniin gombisa ooltu yaa gurbaa*
*Yee yaa abaluu abaluudhaa*
*Maal godhan yaa garaa abaluudhaa*
*Maal godhan bara 'hinkassasanii'*

*Gabaa ba'anii lubbuu walii 'hinshamatanii'*
*Namarraa hinlqeeffatanii* jedheetu himuufiin boochisuufi jalqaba.

(Madda: Daawwannaa 18/7/2011 ganda Iluufi Dirreetti sirna boo'icha dargaggeessa du'eerratti boochiftuu obbo Bojuu Addunyaatiin dhiyaateef )

Faaruu boochiftuu kanarras kan hubatamu gurbaan du'e sun yeroo lubbuun jirutti hiriyoota isaa waliin hojiifi tapha garagaraa irratti haalan kan hirmaatu ta'uu agarsiisa. Sirna boo'icha isaarratti hiriyoonni argaman kan waliin dabarsan san yaadatanii akka boo'anii boochisaniif yaadachiisa. Firottaniifi maatii isaattis sirriitti itti dhaga'amee akka boo'aniif taasisuuf. Akkasumas, duuti osoo waata akka jireenyan waliin jiraniitti kan walgargaaran ta'ee, hiriyoonni, maatiin,firoottan isaa kan raawwataniif ta'uu faaruun ibsuun naatoofi marartee isaanitti uuma. Akka isaanitti dhaga'amee boo'aniif godha. Dabalataanis akka wantoota biroo gabaadhaa bituun ykn namarraa liqeeffachuu yookaan immoo waliif liqeessuun walgargaaran lubbuu waliif liqeessanii ykn gabaadhaa bitanii kan wal hingargaarre ta'uu akka isaanitti dhaga'amu himuufin ibsee boochisaaf. Yeroo akkanaan faarsee boochisuufis gidduu cabsaa faaruu isaatiin hiriyyoonni dhaadachaa kan farda qabu fardaan kun immoo miilaan asiifii achi fiigaa miira gaddaa cimaa ta'een sagalee ol kaasuun hirqifatanii boo'aniif. Firronnifi maatiin immoo "natu bade, natu bade" gaddi sirriitti itti dhaga'amuu sagalee ol kaasanii iyyaa ibsachuun harka lamaanii laphee of rukutaa boo'u. Ergaan faaruu boochistuun himuun darbus namoonni yeroo lubbuun waliin jiraatan aadaa walgargaarsaa akka cimsatan hubachiisaa faaruun boo'ee boochisaaf.

#### 4.8.3.1. Faaruu Boochiftuu Cimina Dargaggeessa/ttii Du'e /Duute Mul'isuuf Dhiyaatu

Dargaggeessi/dargaggeettiin yoo du'e/tee boochiftuun faaruu cimina isaan qaban mul'isu baaseefi faarsuun boochisaaf.Ge'ee isaan hawaasa keessatti hojiilee garagaraa irratti qaban tuttuquun faarsuu akka hawaasni hojiilee isaanii yaadachuu boo'aniif godha.Kanas akka kanatti aanee jiru fakkaatuun faarsee boochisaaf jechuun ibsu oddeeffannoo kennitoonni.

*Koottu yaa abaluu*
*Koottu gaafa qonnaa*
*Koottu gaafa muudanaa*
*Koottu gaafa barmusaa*

(Madda: daawwannaa 18/7/2011 ganda Iluufi Dirreetti sirna boochisa dargaggeessa du'eerratti boochiftuu obbo Bojuu Addunyaatiin dhiyaateef irraa waraabiin argame)

Faaruun boochiftuu kunis ga'ee dargaggeessi du'e/duute hojiirratti hawaasa keessatti qabani cimaa ta'uu isaa hubachiisuuf "yaa abalu gaafa qonnaa, gaafa muudanaa, gaafa barumsaa ni waammamtaa"

jechuu ibsuuf faarsefi boochisaaf. Akkasumas, dargaggeessi du’e/duute hojii qonnaatiin alatti barusarratti illee cimaa akka ta’e,faaruun ibsuun namoonni kana hubatanii mararftanii akka boo’aniif godha. Dargaggoonni sirna boo’icha isaa/ishee irratti argaman immoo hojii ciminaan hojjechuun yoo du’anillee kan maqaa namaa dhoofsisu ta’uu hubatanii akka haamlee hortan dhaamsa dabarsaaf. Hojii hawaasa keessa jirurratti ciminaan hirmaachuu jireenya akka moo’atanis nigorsa.

**4.8.3.2. Hojii Osoo Hojjetuu Irraa Du’e/Duute Faaruu Mul’isu**

Dargaggeessi/dargaggeettiin yoo du’e/tee boochiftuun faaruu hojiilee isaan osoo hojjetanu dhisanii du’an mul’isu baaseefi faarsuun boochisaaf. Fakkeenyaaf kan itti aanu kun isa akkasii mu’lisa.

*Maa akkana goote yaa abaluu*
*Maaltu si argatee*
*Maa karaarratti cabdee hafte*
*Ormi qotee maatiifi biyya isaaf dabarsaa*
*Kuunis baratee ofii isaaf dabarsee*
*Maatiifi biyya isaa bayyanachiisa*
*Maa barattee seenaa hojjechuu dhiistee*
*Duutee biyyee uffachuu maa filattee?*
*Maaloo maa karaarraa gorte*
*Fuutee ilmoo godhattee*
*Da’ima kee ilaalanii,*
*Firri kee sin hinobsinee*
*Yookaan immoo Barattee xumuurtee,*
*Bu’aa barumsa kee hinarginee*

(Madda: daawwannaa 18/7/2011 ganda Iluufi Dirreetti sirna boochisa dargaggeessa du’eerratti boochiftuu obbo Bojuu Addunyaatiin dhiyaateef irraa waraabbame)

Akka faaruu boochiftuun sirna boochisaa kanarratti dhiyaate irraa hubatamutti dhimmi boochiftuun faaruu kana keessatti kaase hojii dargaggeessi du’e/duute osoo hinxummuuriin irraa du’e/duute ta’uu isaati. Kunis dargaggeessi du’e/duute barachaa kan jiruu/jirtuufi isa osoo hinxumuriin kan du’e/te ta’uu boo’oo faaruu “ *Yookaan immoo Barattee xumuurtee,Bu’aa barumsa kee hinarginee”* jedhu irratti ibsamee jira. Akkasumas, dargaggeessa du’e/te nama barsiisu maqaa yaamuun bu’aa dhamaatee isaa kan irraa hinarganne ta’uu akka itti aanuu kannan faaruun ibsaa boochisaaf.

Yee yaa abaluu
Akkumaan daftariifi qalama itti bitte
Akkumaan barsiiftee
Osoo itti dhiiftee jiraattee

Faaruu kanarras kan hubatamu namni dargaggeessa du'e/te barsiisaa ture bu'aa mucaa isaa arguuf baayyee itti dhama'ee waan hundaan isa/ishee gargaaraa kan ture ta'uu faaruu ibse boochisaaf. Namoonni daa'imman isaa waan barbaachisu guutuufiin haalan gargaaree akka barsiisu faaruun kun ergaa isaaniif ni dabarsa. Akkasumas barattooni sirna boo'icha kanarratti argaman haalan cimanii barachuun gaafa du'anilee kan maqaa namaa dhoofsisu ta'uu irra hubachuun si'ayinaan barumsa isaanii hordofuun akka baratan faaruun kun haamilee isaanitti hora.

**4.8.3.3. Deeggarsa Du'arraa Dandamachiisuuf Taasifameef Faaruu Mul'isu**

Akka ragaan daawwannaafi afgaafiin argame mul'isutti boochiftuu dhimoota nama du'een walqabatan keessaa namni du'e sun dhukkubsachaa turee kan du'e yoo ta'e, maqaa firoota/ namoota akka inni dhukkubarra fayyuuf deeggarsa godhaafii turan dhayuun boochisu. Deegarsa isaan godhaafii turan kaasun faarsuun boochisuuf. Faaruu akkanaas akkaataa itti aanu kannan faarsuun boochisuuf.

*Maaloo ol naqabii*
*Maaloo ol naqabi yaa abaluu kiyaa*
*Mana yaalatii ba'een,*
*Qe'ee abbaa kiyyaatti galaa*
*Ol naqabi maaloo manni yaalas na dadhabee*
*Hoomtuu na hinhafnee*
*Xaballis na dadhabee*

(Madda: daawwannaa 18/7/2011 ganda Iluufi Dirreetti sirna boochisa dargaggeessa du'eerratti boochiftuu obbo Tasfaayee Smeetiin dhiyaateef irraa waraabbame )

Akuma faaruu armaan olii irraa hubatamutti boochiftuun yommuu faarsuuf namni du'e kun yeroo lubbuun jiru akka du'arra isa baraaran gargaarsi akka godhamuuf "*maaloo ol naqabii , maaloo ol naqabi yaa abaluu kiyyaa*" jedhee akka waan dhaammateetti fakkeesuun yeroo dhukkubsachaa turetti dhukkubarraa dandamachiisuuf namni maqaa dha'amu kun deeggarsa godhaafii kan ture ta'uu faaruun ibsaa boochisaaf. Akkasumas, dhukkubarraa dandamachiisuuf iddoo garaagaraatti yaalchisa kan turaniifi deeggarsi gochuufii qaban kan isaan hafe kan hinjirre ta'uu bo'oowwan faaruu kanaa "*Ol naqabi maaloo manni yaalas na dadhabee, Hoomtuu na hinhafnee, Xaballis na dadhabee*" jedhuun boochiftuun faarsee boochiseef. Ergaan faaruu kanaan darbus namoonni yeroo dhukubstan waan isaanii danda'ame hundaan deeggrsa waliigochuun akka walyaalchisan miira marartee isaan kessatti uumun isaan hubachisa. Dabaltanis, namoonni yeroo lubbuun jiranitti walgargaruun kan

isaanirra jiru ta'uufi , erga du'anii wanti waliif godhan kan hinjirre akka ta'e ergaa jedhu hawaasaf dabarsa.

### 4.8.4. Faaruu Boochiftuun Yeroo Ga'eessonni Du'an Sirna Boochisaarratti Dhiyyaatu

Akka ragaan daawwannaafi namoota odeeffannoo kennaa irraa argame mul'isutti, namoonni ga'eessonni seenaan isaanii hawaasa keessatti beekaman yoo du'an seenaan isaan dabarsan akka sirriitti miiranamaatti dhaga'amee boo'aniif boochiftuu haalan dhaadannoofi himinsaan faarsitee himamuufiin boochiftiif. Yommuu dhaadatamuuf kana immoo seenaa yommuu ijoollummaa namni sun hojjate/tte kaasanii faaruu tuttuquun yaa abaluu isa har'aa mitii durii jechuufiin amma gaafa inni/ishiin du'e/teetti walqabsiifameef boochiftuun faaruun himuufiin boo'ee boochisaaf. Fakkeenyaaf dhiirri beekamaan yoo du'e , akka kanatti aanee jiruun faaruun himuufiin dhaadatanii boochisaniif .

*Yee yaa abaluu*
*Yaa abaluu har'aa miti durii*
*Maalummarraa dhabamte*
*Eenyutu si wallaale*
*Xinnaa guddaatu si beekaa*
*Hojii kee isa duriitu si ibsa*
*Yaa abaluu rakkoorratti nama dhaqqabu*
*Yaa abaluu maalitti mudoo qabda*
*Yoo nama olchitu moo yoo loltu*
*Ati hoomafuu mudoo hin qabdu*
*Kan sibeeku sii himaa*

Jechuun boochiftuun faaruu baasufiin milaana asiifi achi socho'aa iddoo jijjiirrachaa ijan akka waan namoota keessa barbaadutti miira oonnataadhaa ulee qababatee jiru lafaan dhaanaa ykn mirmirsaa faaruun himuuf boochisaaf. Faaruu kanarraa akkuma hubatamufi, warri odeeffannoo kennanis, akka jedhanitti, boochiftuun seenaa namaa kan har'a qofa osoo hintane nama waggaa dheeraa jiraatee du'e seenaa isaa kan durii kaasufiin namoonni yaadatanii akka boo'aniif faaruun faarsee boochisaaf jedhu.Yoo amma hiyyoomee du'ellee yeroo qabeenya qabuufi human qabu nama yoo oolcha ta'e akka faaruu kanarra hubatamutti isa kaasuun faarsee boochisaaf. Faaruu kanarras kan hubatamu,namni du'ee/duutee faaruun akkanaa boochiftuun faarsamuuf kun yeroo du'e/te kanatti humnaafi qabeenyi inni/isheen qabdu kan salphateefi kan xiqqaate ta'u, boo'oo faaruu olii keessa "*Yaa abaluu har'aa miti durii,Maalummarraa dhabamte*" kan jedhu namni du'e kun yeroo qabeenyafi human qabutti, qabeenyaafi humnaan kan nama gargaaruun hawaasa keessatti beekkame

ta'uu mul'isa. Akkasumas faaruu kanaan ergaan hawaasaaf darbu namoonni hawaasa keessatti waan gaggaarii hojjechuu akka qabaniidha. Haala akkanaatiin seenaa yoo dabrsan gaafa du'an ilee kan maqaa nama dhoofsisu ta'uu hubachiisa. Kunis, namoonni hojii gaarii akka hojjetan miira onnachuu isaaniitti hora. Madda: daawwannaa 5/7/2011 ganda Qaaxillaafi Gobbollaa sirna boo'icha obbo Guutamaa Badhaanee irratti boochiftuu obbo Tulluu Gurmuutiin dhiyaateef)

Dhimmoonni boochistuun ga'eessonni yommuu du'an kaastu keessaa inni tokko hojii namni du'e sun osoo hinxumuuriin irraa du'e. Kanas akka waraabbifi daawwannaa sirna boo'icha obbo Damee Tolaa 4/9/2011 ganda Gotoo irratti boochiftuu obbo Boshee Dheeressaatiin faaruu dhiyaateef armaan gadii kanarraa hubachuun nidanda'ama.

*Akkam godhanii yaa abaluu*
*Akkam godhuu*
*Mana jalqabatti hafe akkam yaa godhanii*
*Warri horii jalaa cabe akkam yaa godhanii*
*Yaa abalu har'a horiin biyyaa cabee rakkatan kaa*

Akkuma faaruu kanarra hubatamutti namni du'e kun hojii mana ijaaruu jalqbee osoo hinxumuuriin kan irraa du'e ta'uu bo'oo faaruu kanaa "*mana jalqabatti hafe akkam yaa godhanii*" jechuun faaruun kan inni jalqabee irraa kufe laala akka boo'aniif taasisa. Akkasumas, namni du'e kun ogommaa horii cabe hidhuun fayyisuu qabaachuu isaa "*Warri horii jalaa cabe akkam yaa godhanii,Yaa abalu har'a horiin biyyaa cabee rakkatan kaa*" bo'oowwan faaruu kanaatiin ibsuun namootatti miirri gadda keessatti uumamee akka boo'aniif taasisa. Faaruu boochiftuun kanaanis yoo ogummaa qabaatanii ogummaa qabaniin hawaasa tajaajilan gaafa du'anillee namoonni ogummaa kanaan maqaa namaa kaasanii kan namaaf boo'an ta'u namoonni sirnicharratti argaman onnaachiisuu ogummaa horatanii hawaasa aakka tajaajilan ergaa dabarsaaf.

#### 4.8.4.1. Faaruu Haala Jireenya Maatii Nama Du'ee Kan Gara Fuulduraa Ibsu

Dhimmoonni boochistuun ga'eessonni yommuu du'an kaastu keessaa inni biroon immoo maatiin nama du'e sanii haali jireenya isaanii kan gara fuulduraa maal akka ta'uu qabu eeruun faaruun maatiif ibsuun boo'ee boochisaaf. Kanas akka waraabbifi daawwannaa sirna boo'icha aadde Almaaz Beenyaa 18/06/2011 ganda Qaaxillaafi Gobbollaa irratti boochiftuu obbo Biqilaa Araddaannaatiin faaruu dhiyaateef armaan gadii kanarraa hubachuun nidanda'ama.

*"Eegaa maal wayyaa*
*Egaa yaa ijoollee maal wayyaa*

*Egaa qurxii keessan beekaa*
*Haati ormaa haadha isinii hintaatuu*
*Haadha ormaa sossobadhaa bulaa*
*Adaraa yaa abaluu kiyyaa*
*Adaraa nama niitiin jalaa duuteen mari'adhu*
*Akka itti ijoollee haati irraa duute guddisanii*
*Egaa beeki bichaa yaa abaluu kiyyaa x 2*
*Beekii yeroon alaa galii*
*Imaltuu yoo deemte nan bula jettee hinyaadinii*
*Edaayyuu waraabessi dallaa marsaa bulee*
*Abaluun mana jirti jettee ala hinbulnii*
*Egaa maaddirratti nyaatanii*
*Gundoorratti nyaachuu nama yaa baasuu, jedhi nagaatii*
*Lubbuu kee yaa 'yaamaaruu'*
*Biyyoon galabaa siif yaa ta'uu"* jechuun faarsee eebbisa.

Akkuma faaruu olii irraa hubachuun danda'amutti dubartii ga'eettiin duute tun waan ishiin ijoolleerraa duuteef ijoollee ishiirra miidhaa isaanirra ga'u akka waan gorsa jirtuutti fakkeessuun boochiftuun kun faaruun faarsee jireenya isaanii garafuulduraa hubachiisaa boochisaaf. Faaruu kanaanis ishiin waan duuteef abbaan isaanii niitii biraa fuudhuun isaa kan hinoolle ta'uun ibsame. Ishiin inni fuudhu tun immoo orma waan taateef akka ishiin, isaan akka haadhatti hinkunuunsine beekanii amalaan wajjin akka bulan boochiftuun faaruun gorse dabarseefii jira. Abbaanis ijoollee kana akkamitti guddisuu akka qabu "*Adaraa nama niitiin jalaa duuteen mari'adhu*" bo'oon jedhuun hubachiisa. Akkasumas innumtillee yeroon qe'ee isaatti akka galuufi yoo imaltuu deemes akka isheen hinjirre beekee akka ala buluun irra hinjiraanne erga dabarsaaf. Namoota faaruu kan dhaggeeffatanittis miirri gadda cimaan itti dhaga'amuun hinqirfatanii akka boo'aniif taasisa. Warri kana dura haati irraa duuteefi warri niitiin jalaa duutees garaan isaan hammaatee akka boo'an isaan taasisa. Akkasumas, ijoolleen haati irraa duute haati irraa duutefi namni niitiin jalaa duute amala isaanii sirreeffatanii haadha biddeenaa waliin amalaan akka jiraatan gorsa.

#### 4.8.4.2. Faaruu Leelloo Ga'uumsa Hojii Nama Du'e Ibsu

Dhimmoonni faaruu boochistuun ga'eessi yommu du'u kaasuun boochiftu keessaa hojiilee inni kallattii garagaraan hojjechaa tureedha. Kanas akka waraabbifi daawwannaa sirna boo'icha obbo Suyyum Kabbadaa 3/08/2011 Fittaal 01 ganda Qaaxillaafi Gobbollaatti boochiftuu obbo Boshee Dheeressaatiin faaruu dhiyaateef armaan gadii kanarraa hubachuun nidanda'ama.

*Yee yaa abaluu*
*Abaluu gaafa rakkoo*

*Yaa abaluu karaa magorii*
*Yaa abaluu karaa Godiinaa*
*Yaa abaluu takkatuu lola godhee*
*Takkatuu jaarsummaan iyyeessa galchu*

Faaruu olii kanarraa akkuma hubatamutti namni du'e kun iddoo itti namni rakkatetti illee nama oolchuun nama deeggaruun irratti hirmaacha akka ture ibsee boochiftuun faaruun boochisaaf. Kanuma ibsuuf faaruu kana keessatti boo'aan "*Yaa abaluu karaa magorii,Yaa abaluu karaa Godiinaa*" jedhu tuqee bakka namichi itti rakkoo namaa furaafii ture ibsuun namoonni yaadatanii akka boo'aniif taasisa. Kunis rakkoo uumamu irratti namoonni aadaa walgargaarsaa akka gabbifatan faaruu kanaan gorsa dabarsaaf. Faaru kana keessatti amala namichaas gaarii ta'uu isaa kaasuu yaaleera.Namichi kun yoo namatti mufates, haaloo osoo hin qabatin osuma kan qabbana buusu ta'uu isaa ibsee akka boo'aniif taasiseera. Karaa kanaanis amalli akkanaa gaarii ta'uu namootaf ibsaa akka irraa baratan gochuu yaaleera. Akkasumas, faaruun armaan gadii kun namichi ga'ee hojii qabuunis nuffii malee kan haalan nama keessummeessu ta'uu ibsuun boochiseera.

*Maaloo maa natti deemtanii*
*Maaloo ani badee*
*Qotee-bulaan qotiyyoo camadee*
*'Gabareen' kooticha bu'ee*
*Xaa'oo rakkatee*

Faaruu kanarraa namni kun hojii xaa'oo hawaasaaf rabsuu hojjechaa kan ture isaa ibseera.Hojii kanaanis namichi hawaasaaf haalaan tajaajila kenna akka turetu ibsame. Gama kanaanis faaruun boochiftuu kun namoonni itti gaafatamumummaa gahee hojii qabaniitiin haalaan hawaasa akka tajaajilan dhaamsa dabrsa.

Gara biraatinis namichi kun iddoo hojii gara garaa keessatti hirmaachaa akka ture faaruun armaan gadiin ibsameera.

*Dhugaa qabda yaa alaabaa biyya Fittaal*
*Alaabaan biyya Fittaal jige jedhan*
*Kaleessa biiroo cufaa oole jedhan*
*Yaa abaluu warra Waldaa Gaamtaa*
*Akkam yaa ta'u har'a warri xaa'oo rakkate*
*Har'a dhufanii biiroodhaa sidhabuu hinoolanii*
*Yaa abaluu warra Liqii Qusannoo*
*Yaa abaluu situ balleesse*
*Situu ergamuu baay'ise*
*Situu fuuldura fiiguu baay'ise*
*Yaa abaluu leelloo sitti baay'ate*

*Yaa abaluu gaafa dhiirri rakkate*
*Karaa Godiinatti wabii ta'iif ati*

(Madda: Daawwanna sirna boo'ichaa obbo Suyyum Kabbadaa 3/08/2011 Fittaal 01 ganda Qaaxillaafi Gobbollaatti boochiftuu obbo Boshee Dheeressaan dhiyaateef irraa waraabbame)

Akkuma faaruu olii irraa hubatamutti namichi boqote kun iddoo hojii kan akka Waajjira Waldaa Gaamtaa, Waajjira Qonaa, Waajjira Liqiifi Qusannoo fa'a keessa hojjechuun hawwaasaf haalan tajaajila gaarii kenna akka turetu ibsame. Namichi kun gahee hojii qabu irratti haalaan hawaasaf tajila keennaa akka ture faaruun ibsuun namootatti daga'amee akka boo'aniif taasisa. Boochiftuun faaruu keessatti waa'ee alaabas kaasuun akkuma alaabaan biyyaaf aasxaa(mallattoo) namichisa hojii isaan hawaasa keessatti beekkamaa ta'uu walbira qabuun ibseera. Alaabaan akkuma waajjira duratti fannifamu biyya tajaajilu namni kunis gahee hojii qabu hunda irratti adda durummaan hirmaatee kan hawaasa tajaajilu ta'uu isaa ittin ibsame. Gama kanaanis,boochiftuun dhimoota beekkamtummaa nama mul'isan faaruun kaastee boochisuun namoonni akka boo'aniif marartee itti uumti.Akkama kana namoonni miira onnataan hawaasa akka tajaajilan faaruun gorsa dabarsa. Hawaasni aadaa rakkoo irratti waldeeggaruu akka cimsatan dhaamsa jedhu dabarsa.

Walumaa galatti,akka ragaan daawwannaafi afgaaffiin odefkennitootarraa argamerraa qaacceffametti, faaruun boochiftuun sirna boo'ichaarratti dhiyaatu umuriifi haala garagaraa bu'uureffatee yaa dhiyaatuyyu malee, faayidaafi eragaa hawaasaaf dabarsu qaba. Innis yoo namoonni boo'icha dhufan seenaa nama sanaa hinbeekan ta'e karaa faaruu boochiftuun dhiyaatufirraa hubatanii akka boo'an isaan taasisa. Akkasumas namoonni jireenya hawaasummaa keessatti aadaa jaalala marartee dagaagfatanii waliin jireenya hawwasummaa cimsatan gorsa dabarsaaf. Kana malees, namni du'e sun yeroo lubbuu jirutti hawaasa wajjiin haariiroo akkamii akka qabu namoota hinbeekne seenaa nama du'e sanaa ni hubachiisa. Gama biroonis hirmaannaa hojiilee jiruufi jireenya hawwaasummaa keessatti nomoonni qaban oonnachisuu, gorsuu, barsiisuu, qeequu, jajjabeessuufi kanneen kana fakkaatan faayidaa faaruu boochiftuun sirna boo'ichaarratti darbuuti.Dabalataanis,Faaruu boochiftuun dhiyaatuun seenaa darbe yaadatanii irraa barachuun seenaa garafuulduraa ciminaan akka raawwataniif gargaara. Walumaagalatti faaruun boo'ichaa boochiftuun dhiyaatu namoonni hojii gaarii hojjetanii seenaa gaarii akka galmeessan gorsa. Kanamalees, enyummaan, safuun,aadaaniifi dudhaan cimee itti fufuu akka qabu dhaamsa dabarsa.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA , ARGANNOOFI YABOO

## 5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun fookilooriin kan wal qabatu yoo ta'u, gooroowwan fookiloorii keessaas gara og-afaaniitti kan jal'ifateedha. Dameewwan ogafaan(afoolaa) keessaa af-walaloo, af-walaloo keessaa immoo kallattiin faaruu irratti kan xiyyeeffateedha. Faaruunis damee adda addaatti cabuu waan danda'uuf, qorannichis caccaba faaruu keessaa, faaruu leelloofi boochisaa xiinxaluurratti kan xiyyeeffatee jira. Haaluma kanaan boqonnaa tokko keessatti seenduubeen hawaasni Oromoo hawaasa aadaa, amantii, seenaafi biyya badhaadhaa qabuudha. Karaan itti uummanni kun kallattiin wantoota qaban kanneen waldhaalchisaa turan keessaa tokko afoola. Afoolli hawaasichi itti fayyadamaa tureefi har'as itti fayyadamaa jiru kanneen bifa hololoo, uunka gaggabaaboofi bifa afwalaloon kan mul'atan ta'uun hubatameera. Kanaaf kaayyoon gooroo qorannoo kanaa kan ta'e faaruu boochiftuu sirna boochisaarratti dhiyaatu akka Aanaa Yaayyaa Gullalleetti xinxaallameera.

Qorataan mataduree kanarratti qorannoo akka gaggeessu kan kakaase leelloofi faaruun boochisaa afaaniin darbuun ala ragaa barreeffamaan qindaa'e dhabuufi qorannoon akka aanaa kanaatti dhimma kanarratti gaggeeffame dhabamuu ture. Qorataanis isuma kanaaf hanga tokko ragaa barreeffamaa ka'uu barbaadeti. Galma gahiinsi qorannoo kanaas qaama mataduree kanarratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniifi hawaasa aanaa qorannoon irratti gaggeeffame keessa jiraatuus ta'ee kanneen aanaa adda addaa jiraataniif faaruun boochiftuun sirna boo'ichaarratti ulaa ittiin waa irraa hubatan uumuu danda'a. Qorannichi gama matadureen leelloofi faaruu boochiftuu sirna boochisaarratti dhiyaatutu xinxaallame. Akkasumas, gama iddoo qorannoon irratti gaggeefame itti daangeffameetiin Aanaa Yaayyaa Gullalleerratti danaangaffamee qorannichi gaggeeffame. Hanqinni raawwii qorrannichaa keessatti qorataa muudatan kanneen akka yeroo, yommuu qorataan dawwannaafi waraabbii gaggeessutti tasgabbiin sirna boo'ichaa tokko tokkorrati darbee darbee dhabamuun mul'ataa turanii jiru.

Boqonnaa lammaffaa qorannoo kanaa keessatti yaanni hayyoonni fookiloorii irratti kennan ibsamanii jiru. Akkasumas, dameewwan fookiloorii ogafaan, meeshaalee aadaa, aartii duudhaafi duudhaa hawaasaa akka ta'an ibsa hayyootaarraa hubatameera. Dameewwan fookiloorii kun caccaba xixiqqoo hedduu ofjalatti hammatanii kan jiran ta'uun isaanii ibsameera. Hunda caalaa fokilooriifi gosoonni fokiloorii yaada haayyotaan deeggaramuun ibsameera. Dameewwan fokiloorii keessaa immoo afoolonni bifa afwalaloon dhiyaatan irratti ibsi hayyoonni kennan kaa'amuu cinaatti yaaxxinaleen

qorannoo kana waliin hidhata qabaniifi barruuleen qorannoo kanneen mataduree qorannoo kanaan walitti dhiyeenya qaban sakatta'ameen dhiyaateera.

Gamabiroonis, boqonnaa sadaffaan mala qorannoo kan hammate yoo ta'u, kutaa kana keessatti qorannoon kun afoola hawaasaa keessa jiru baasuun ibsuu waliin waan walqabatuuf gosa qorannoo qulqulleeffataa jalatti kan ramadame ta'uun isaa ibsameera. Akkasumas, odeeffannoowwan qorannoo kanaaf barbaachisan madda odeeffannoo tokkoffaafi lammaffaarraa kan walitti qabaman ta'uun isaa ibsameera.

Qorataan odeeffannoowwan argaman kan funaannate tooftaa iddatteessuu kaayyawaafi darbaa dabarsaatti gargaarrameeti. Haaluma kanaan, tooftaalee funaansa ragaa jiran keessaa daawwannaafi afgaaffiitti kan gargaarrame ta'uun isaa eerrameera. Odeeffannoowwan bifa daawwannaafi afgaaffiin argaman viidiyoo kaameeraafi yaadannoo gabaabaa qabachuun erga funaannamanii mala qaaccessa ragaa ibsaatiin Boqonnaa arfaffaa keessatti qaacceffamanii jiru. Qaacceffama qorannoo kanaa keessattis, akka aadaa hawaasa Yaayyaa Gullalleetti boochisni nama du'eef yommuu taasifamu boochiftuun ofumaan dhuftee yookiin immoo firri yaamme fiduun, kan faaruu dhiyeessufiin boochiftuuf ta'uu hubatameera. Faaruu boochiftuu kanaanis dhimoonni sirna boochisaarrati ka'an seenaa namicha du'een kan walqabataniifi kanneen gara biroo akka ta'an hubachuun danda'ameera. Faaruun boochiftuu kunis umuriifi haala garagaraa bu'uureffatee dhiyaata. Faaruun boochisaa umuriin (daa'imaa, ijoollee, dargaggootaa, ga'eessotaa) geddugaleeffachuun kan dhiyaatu ta'uutu hubatame. Haalaa ykn akkaataan immoo, ( Cimina namichi du'e qabu, dalagaa inni osoo dalaguu irraa du'e, haala du'iinsa isaa, haala jireenya maatii nama du'ee kan gara fuulduraafi kkf. boochiftuun yommuu faaruun dhiyaatu akka gara garaatti kan dhiyaatu ta'uun hubatameera..

## 5.2. Argannoo

Raawwii qorannoo kanaa irraa qorataan argannoo armaan gadii bira gaheera.

- Sirna boochisaarratti yoomessi boochisaa gulaantaalee garagaraa kan qabu ta'uu haala turerraa hubachuun danda'ameera. Isaanis:
    - ✓ Yeroo reeffi nama du'ee mana jireenya isaatii ba'u;
    - ✓ Erga reeffi qe'eedhaa ka'ee hanga lafa awwaalchatti;
    - ✓ Iddoo awwaalchatti.
- Sirna boochisa daa'imman bakkatti hammaattee kaasee hanga ijoollotaa umurii waggaa 15 gadii irratti hawaasaa, maatiifi firootumatu boo'ee boochisaaf malee boochiftuun bitamtee faaruun kan hinboochifamneef ta'uun hubtameera.

- Dhimmoonni faaruu boochiftuun sirna boochisaarratti ka'an irra caalaatti kan nama du'eefi maatii nama du'een kan walqabatan ta'uu bira gahameera.
- Ergaan faaruu boochiftuutiin sirna boochisaarratti namootaaf darbu, namoonni yommuu lubbun jiran waan gaariifi qajeelaa akka hojjetan onnachiisuu, gorsuu, qeequu, barsiisuu (oguma hawaasa kana keessatti waan barumsaaf ta'u hedduu of keessatti qabachuu)fi kanneen kana fakkaatan akka ta'e hubatameera.
- Boochiftuun sirna boochisaarratti faaruun boochisuu dura seenaa himuun kan jalqabu yoo ta'u, faaruun boochisee yoo xumuuru immoo faaruun eebbisuun kan xumuuru ta'uu hubatameera.
- Hirmaattonni waltajjii boochisaarratti argaman bifa geengoo ta'e uumuun ykn immoo walcinaatti hiriira galuun seenaa boochiftuun dhiyeessitu dhaggeefftanii miiraafi deebii kennuun kan raawwatan ta'uun isaa haalichi agarsiiseera.
- Faaruun boochisaa yoomessa seenaan nama du'ee tokkoo itti yaadatamu ta'uus xinxaalli kun agarsiiseera.

### 5.3. Yaboo

Qorataan qorannoo kanaa argannoo qorannichaan bira gahe bu'uureffachuu yaboo isaa bifa armaan gadiin kaa'eera.

- Dhimmoonni faaruu boochiftuun sirna boochisaarratti darban kun sadarkaa afaanii qofaan kan darbaa jiran waan ta'eef, osoo gara barreeffamaatti jijjiirramee gaarii ta'a.
- Faaruun boochisaa kun dhaloota dhufuuf madda seenaa waan ta'eef, viidiyoon waraabamee osoo olkaa'amee gaaridha.
- Faaruu boochisaa keessatti hirmaannaan dubartootaa laafaa waan ta'eef, hawaasafi qaamni dhimmi ilaallatu dhimma kanarratti waliin hojjechuun, faaruu boochisaa keessatti hirmaannan isaanii akka dabalu osoo jajjabeessee.
- Qaamni aadaa hawaasaa kanaaf quuqqamu qorannoo bal'aa adeemsiisuun ragaa barreeffamaa gahaa dhalootaaf osoo kaa'ee.

**WABII**


Addunyaa Barkeessaa.(2011). *Akkamtaa, Yaad-Rimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee, Oromiyaa: Maxxansa 3ffaa

____________.(2016). *Seemmoo: Bu'uura Barnootaafi Afoola Oromoo.* Oromiyaa: Far East Trading Plc.

Asaffaa Tafarraa. (1998). *Anaaniyaa.* Finfinnee: Branna Enterprise.

______________. (2009). *Eela: Seenaa Oguma Oromoo.* Finfinnee: Far East Trading Plc.

Alan Iseacs .(1981). *The Macmillan Encylopedia.* USA:Laurence Urdang Associates Ltd.

Andrzejewski, B.W.(1985). *Literature in Cushitic languages other than Somali.*

Barber ,J .(1997*). Poetry and Poetics* . Cambridge : Harvard University Press.

Bascom, W. R. (1965). "*Four Functions of Folklore*." in Dundes, A. 1965. *The Studyof Folklore*. Burkelay: Printice-Hall, Inc.

Beekan Gulummaa. (2015). *Dimdimoo*.Finfinnee,Oromiyaa.

Berg, B. (2001). *Qualitative Research Methods For the Social Sciences*. California State University. Long Beach. Best. J.

Berger, Arthur Asa. (2004). *Signs in contemporary culture*. An introduction to Semiotics. (2nd ed.).

Berhanu Mathews.(1999). *Fundamentals of Literature.* Addis Abeba. Addis Abeba University Press.

Bukenya, A. (1994). *Understanding Oral Literature*. Nirobi: Nirobi University Press.

Dastaa Dassaalany. (2013).*Bu'uura Qorannoo*, Finfinnee; Farzast Trading Plc.

Dessalegn Negeri. (2006). Guddifachaa Practice as Child Problem Intervention in Oromo Society: The Case of Ada'a Liban District.Addis Ababa University: Kan Hinmaxxanfamiin.

Dirribii Damuusee. (2012). *Ilaalcha Oromoo*.Barroo Aadaa,Seenaafi Amantaa Oromoo,Finfinnee

Dorson,M.R.(1972).*Folklore and Folklife*:An Introduction.Chicago:The University Press.

Dundes Alan.(1965). *The Study Of Folklore.* Endle Wood Cliffs: N.J Prentice Hall, Inc.

Fedhasaa Taaddasaa. (2013). *Subii: Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Subi Printing Press

Finnegan, R.(1970). *Oral literature in Africa*. Oxford, Claredon press.

_______ .(1976). *Oral Literature in Africa*. Oxford: Oxford University Press.

_______ .(1977). *Oral Poetry*.London. New York: Cambridge University Press.

________. (1992). *Oral Traditions and the Verbal Arts: A Guide to Research Practices*

________ . (2012). *Oral Literature in Africa*, Londn: Open Book Publishers.

Georges, R. A and Jones, M. O. (1995). *Folkloristics*: An Introduction. Bloomington And Indiana Polis: Indiana University Press.

Geetachoo Rabbirraa. (2001). *Furtuu: Seerlugaa Afaan Oromoo*. Finfinnee: Kuraz International.

_______________. (2014). *Furtuu*. Kuraz International publishing Enterprise,Addis Ababa, Ethiopia.

Girmaa Taaddasaa.(2009). Qaaccessa Faaruu Shimalaa Dhiichisa Salaalee Keessatti. Waraqaa qorannoo digrii lammaffaa guuttachuuf qophaa'e,Yuunivarsiitii Finfinnee, kan hinmaxxanfamne.

Hinseenee Makuriyaa. (2010). *Gaachaana Kormaa.* Addis Ababaa: printed by Far East Plc.

Kothri, C. R. (2004). *Research Methodology. Methods And Techniques.(2nd Edt,),* India NewAge International. (P) Limited Publisher.

Martha , C.Sims & Martine Stephens.(2005). *Living Folklore. An introduction to study of people on their traditions*.Longanutah University press.

______. (2011). *Living Folklore: An Introduction to The Study of People and Their Traditions (Second Edition):* Logan, Utah: Utah State University Press.

Mesfin Teshomaa. (1995). *Tapha Ijoollee Wiirtuu Jildii-7*. Gumii Qormaata Afaan Oromootiin Biiroo Aadaafi turizimii Oromiyaatti,Finfinnee

Misgaanuu Gulummaa. (2011) . *Dilbii*. Finfinnee,Oromiyaa

Muhammad Sayid. (2012). *Seenaafi Qabsoo Oromootaa*. Finfinnee: Artistic P/E.

Nagarii Leencoo .(1993). *Mararoo. Wiirtuu Jilidii*,6. Qajeelcha Qormaata Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa,Finfinnee

Okpewho,I.(1992). *African Oral Literature*. Back grounds, Character and Continuity. Bloomington: India University press.

Rabbirraa Tarrafaa .(2009). *Gadaa*.Finfinnee.Itoophiyaa

Rubin,David. C. (1995).*Memory in Oral Traditions Retrieved from* http:// en/ Wikpedia.org/wik/Oral *Literture.*

Sims C.M and Martine, S. (1965). *Living Foklore. An introduction to the study of people and their traditions*. Logan Utah: Utah State University Press.

Steven, J. et.al (1993). *A Celebration of American Family Folklore*: Tales and Traditional From the Smithsonian Collection. Cambridge/Yellow

Shawayyee Beellamoofi Fireehiwot Tulluu. (1999) *Afoola Oromoo Tuulamaa,Jildii-II,*Qajeelcha Qormaata Afaan Oromootiin Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaatti,Finfinnee

Tafarii Ayyaanaa. (2004). *Afaan Oromoo New Syematic Books series*.Aster Nega publishing interprise.

Tesema Ta'a. (2002). *Oromo Traditional Songs*. in Catherine Griefenow-Mewis/ Tamene Bitima (Eds.) Oromo Oral Poetry: Seen From Within. Kölen: Rüdiger Köppe Verlag, 13-40.

Wasanee Bashaa. (2000). *Bantuu Haaraa: Caas Lugaafi Og-barruu Afaan Oromoo*. Finfinnee.

**_______** . (2001/2005). *Qartuu*.Finfinnee

Yaadannoo Gaaromsaa. (2014) .Hora Obaa. Finfinnee, Oromiyaa

Zelelem Abera. (2003). *Transition from Oral to Written Oromo Poetty*. The Journal of Oromo Studies. Volume 10, Numbers 1and 2. Middle Tennessee State University.

**ሐረጋዊየን ድፋባቸው፡፡** (1974)፡፡ **የክስታንኛ የለቅሶ ግጥሞች፡፡ የኢትዮጵያ የቀንቀዎችናስነ ድሑፍ ትምህርት ክፍል አድስ አበበ ትምህርት ክፍል አድስ አበበ ዩኒቨረስቲ**

**አስቴር አንጁሎ፡፡**(1997)፡፡ **የጋሞ የለቅሶ ስነ-ስረዓት፡፡ የኢትዮጵያ የቀንቀዎችናስነ ድሑፍ ትምህርት ክፍል አድስ አበበ ትምህርት ክፍል አድስ አበበ ዩኒቨረስቲ**

**አየለ ማሎሪ፡፡** (1986)፡፡ **የሀድያ ህብረተሰብ የለቅሶ ስነ- ስረዓት፡፡ የኢትዮጵያ የቀንቀዎችና ስነ ድሑፍ ትምህርት ክፍል አድስ አበበ ትምህርት ክፍል አድስ አበበ ዩኒቨረስቲ**

**ወርቁ ማነዳፋሮ፡፡** (1987)፡፡ **በሊቦከምክም ወረዳ የለቅሶ ስነ-ስረዓት ና የሚሾግጥሞች፡፡ የኢትዮጵያ የቀንቀዎችና ስነ ድሑፍ ትምህርት ክፍል አድስ አበበ ትምህርት ክፍል አድስ አበበ ዩኒቨ**

https://www.researchgate.net/publication/321806239_Observation_Methods

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa**

**Koolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanootaa, Joornaaliiziimiifi Sabqunnamtiitti**

**Muummee Afaan Oromoo, Hogbarruufi Fookloorii**

**Dabalee A**

**Gaaffilee Afgaafii odeefkennitootarraa ragaaleen ittiin funaannaman kan agarsiisu**

Kajamoo maanguddootaafi dargaggoota aanaa Yaayyaa Gullallee iddattoo qorannoo kanaa taatan hunda hojiin koo inni ijoon faaruu boochiftuun sirna boo'ichaarratti dhiyaatu xinxaaluudha. Galma gahiinsa hojii kanaa keessatti ragaan isin irraa argamu baay'ee murteessaadha. Kanaafuu gaaffiin isin gaafadhurratti ibsa akka naaf kennitan kabajaan isin gaafadha. Deeggarsa keessaniif durseen isin galateeffadha.

Odeeffannoo Dhuunfaa Odeef-kennitootaa

1.Maqaa: ________________________________
2.Koornayaa:____________________________
3.Umurii:_______________________________
4.Bakka Dhalootaa: Godina _______________Aaanaa___________Ganda_____________
5.Hojii: ______________________________________________________
6.Gosa odeeffannoo Kennanii: ____________________________________________________

**Gaaffilee afgaaffiif dhiyaatan**

1.Adeemsa sirna booyichaa irratti faaruun boochiftuun dhiyaatu akamiin jalqabamaa? Akkamii immoo xumuuramaa?

2.Sirna booyichaa irratti faaruun boochiftuun dhiyaatu yoomessa akkamii keessatti raawwatamaa?

2.1.Shamarran faaruu boo'ichaa keessatti haala akkamiitiin hirmaatuu?

2.2.Faaruun boo'ichaa umurii garagaraa keessatti akkamiin dhiyaataa?

2.3. Yeroo ammaa kana faaruun boochiftuun dhiyaatu haala akkamii irra jiraa?

4. Barmaatileen adeemsa faaruu boo'ichaa keessatti dhorkaman maalfa'i?

5. Dhimmoonni faaruu boochiftuutiin sirna boo'ichaarratti dhiyaatan maal maali?

6 . Boochiftoonni yeroo dabareen walirraa fuudhuun faarsuun boochisan akkamiin walitti dabarsanii?

7. Faaruun boochiftuun sirna booyichaarratti adeemsa akkamiitiin dhiyaata ?

7.1. Meeshaaleen sirna boo'ichaa irratti dhiyaatan maal fa'i?

7.2.Faaruun boochiftuun dhiyaatu akkamiin hurrubamaa?

8. Ergaa faaruu boo'ichaan umurii ykn haalota garagaraa keessatti dhiyaatu maal fa'i?

**Dabalee B**

**Gabatee /checklist/ ragaan Daawwannaa iddoo booyichaafi Waraabbii irraa ittiin walitti qabame**

| T. L | Sirna booyichaa umuriifi sadaarkaan | Akkataa boochiftuun itti dabaree waliif dabarsitu | Akkaataa faaruun boochisaa itti dhiyaatu | | Meeshaalee aadaa fayyadamu | Akkaataa hurruubbii Faaruu boochisaa | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Yoo eegalu | Yoo xumuuru | | boochiftuu | hirmaattota |
| 1 | Daa'imman yoo du'an | | | | | | |
| 2 | Ijoolleen yoo du'an | | | | | | |
| 3 | dargaggeeyyiin Yoo du'an | | | | | | |
| 4 | Ga'eessonni yoo du'an | | | | | | |
| 5 | Qotee bulaa beekkamaan yoo du'e | | | | | | |
| 6 | Beekaan yoo du'e | | | | | | |
| 7 | Yoo dureessi du'e | | | | | | |
| 8 | Yoo goonni beekkamaan du'e | | | | | | |

**Dabalee C**

**Ragaa Odeef-kennitootaafi boochiftootaa Gabateen**

| T/L. | Maqaa Guutuu | Ganda | Umurii | Gahee Hojii |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Damee Abbooyyee | Iluufi Dirree | 76 | Qotee bulaa |
| 2 | Taaddasaa W/Maariyam | Noonnoofi Camarrii | 92 | Qote-bulaafi Jaarsa Biyyaa |
| 3 | Taaddasaa Galataa | Noonnoofi Camarrii | 90 | Qote-bulaafi Jaarsa Biyyaa |
| 4 | Biqilaa Araddaannaa | Qaxillaafi Gobbollaa | 68 | Qote bulaa |
| 5 | Bojuu Addunyaa | Iluufi Dirree | 60 | Qote bulaa |
| 6 | Kuulii Sanbataa | Gotoo | 58 | Qote bulaa |
| 7 | Tasfaayee Simee | Iluufi Dirree | 57 | Qote bulaa |
| 8 | Boshee Dheeressaa | Gotoo | 63 | Qote bulaa |
| 9 | Nagaashuu Abbooyyee | Qaxillaafi Gobbollaa | 72 | Qote bulaa |
| 10 | Tashoomaa Tasfaa | Fitaal 01 | 54 | HojjetaaWajjira Kominikeeshinii |
| 11 | Kabbadaa Abbooyyee | Qaxillaafi Gobbollaa | 85 | Qote bulaa |
| 12 | Tsaggaa Hirphoo Bunee | Lamii | 56 | Qote bulaa |
| 13 | Tulluu Gurmuu | Qaxillaafi Gobbollaa | 52 | Qote bulaa |
| 14 | Girmaa Alamuu | Iluufi Dirree | 74 | Qote bulaa |
| 15 | Darrabaa Mootii | Lamii | 49 | Daldalaa |

**Dabalee D**

**Faaruuwwan boo'ichaa hawaasarra funaannaman**

**Kan qeerroof ittiin boochisan**

**boochiftuu 1ffaa**

(1) Yaa jibicha koo
Jibicha waan itti ba'u/ baatu hinbeekne
Yaa gurbaa/itala ol jedhee/ttee nama hinilaalle
Kormi qanbara cabse kaa har'a/
Yaa xinqisha koo/too ( boochiftuun faaruun boochisuu himuun yoo jalqbu)

2)Yee yaa abaluu
Maa tiskee galfachuu didde
Qooda daftarii itti bittee barsiiftu
Maa tiskee hingalchatinii

3) Koottu yaa abaluu
Koottu gaafa qonnaa
Koottu gaafa muudanaa
Koottu gaafa barusaa

4)Maa akkana goote yaa abaluu
Maaltu si argatee
Maa karaarratti cabdee hafte
Ormi qotee maatiifi biyya isaaf dabarsaa
Kuunis baratee ofii isaaf dabarsee
Maatiifi biyya isaa bayyanachiisa
Maa barattee seenaa hojjechuu dhiistee
Duutee biyyee uffachuu maa filattee?

5) Maaloo maa karaarraa gorte
Fuutee ilmoo godhattee
Da'ima kee ilaalanii,
Firri kee sin hinobsinee
Yookaan immoo Barattee xumuurtee,
Bu'aa barumsa kee hinarginee

6)Yee yaa abaluu
Akkumaan daftariifi qalama itti bitte
Akkumaan barsiiftee
Osoo itti dhiiftee jiraattee

7) Maalgodhanii yaa biyya Yaayyaa
Ilmoo dhalfachuun nama xoortifi malee x 2
Yoo roorrifaman roorroo namarraa dhoowwiti malee

Yoo du'an namaa boochee,
Nama awwaalti malee

8)Yee yaa abaluu abaluu
Qaniitu dalga sibaachisee dalga boo'i
Fardeen diddee guulte kaa
Luugama moo fuuloo qabdaree yaa gurbaa

**boochiftuu 2ffaa**

9) Maaloo ol naqabii
Maaloo ol naqabi yaa abaluu kiyaa
Mana yaalatii ba'een,
Qe'ee abbaa kiyyaatti galaa
Ol naqabi maaloo manni yaalas na dadhabee
Hoomtuu na hinhafnee
'Xaballis' na dadhabee

10)Maal godhanii yaa biyya Yaayyaa
Ijoollee Godiinatti mul'attuu
Ijoollee aanaarrattuu mul'atuu
Ijoolleen biyyaa taatu biyyootti qixxooftee

11) Situu balleesse yaa abaluu
Situu balleesse
Erga ati deemtee ,
Ijooleen amala baste jedhanii
Yaa ijoollee warra abaluu
Yaa ijoollee warra abaluu abaluu
Kaadhimni karaarraa gortee,
Eenyutuu karaatti deebisa

**boochiftuu 1ffaa**

12)Bobbooressi immoo
Bobbooressi yaa abaluu
Bobbooressuu garaa madaa
Bobbooressi nama garaan madaa
Garaan madaadhaa
Biyya Yaayyaa garaan madaadha
Egaa biyya Dirree durattuu garaan madaadha

13) Koottu kaa yaa ilma abaluu
Koottu kaa yaa ilma sanyii abaluu
Natti koottaa eergaan sinii fidee
Ijoolleen karaarra gorte kaa
Ijoolleen karaarraa gorte yaa sanyii warra abaluu
Bobboora'e kaa
Biyya Dirree garaan bobboora'ee

14) Maalgodhanii silaa dhaloota oolanii
Du’a silaa hinoolanii
Maal wayyaree yaa ilma abaluu
Maal wayyaree duuti qeerroo nama gubaa
Yaa hiriyoota koo mee gaachana narra qabaa jedha abaluun
15 ) yaa abaluu
Maa mana ooluu didderee
Ormaa ayyaana waggaatii
Maa qe’ee ooluu didde.
16)Mee natti kennaa
Mee natti kennaa yaa biyya Dirree
Warri namni isin jalaa du’e
uffata isaanii natti kennaa
Harka na ilaaluu hinoolanii qabeefin dhaqaa
17)Adda galte kaa
Adda galte kaa gabaan
Adda galte gabaan yaa abaluu
18) Akka gootu
Akka gootu yaa abaluu kiyyaa
Shinooteen shinootee sobaa taatee
Ati gudii taate yaa abaluu
Osoo mana ormoo seentee jiraattee
Ati gudii taate jedha abaluun
19)Fardeen qabi kaa
Fardeen qabi yaa gurbaa
Gaachana qabadhu kaa yoo siigamte
Gaachana ofirra qabadhu yoo siigamte
20)Maal godhanii yaa biyya Dirree
Egaa maal godhanii
Dhaloota oolan malee
Silaa du’a hinoolanii
Itilleen daarii hinqabduu
Galgalli gaarii hinqabduu
‘ Nabsee’ kee ‘yaamaaruu’
Biyyoon galabaa siif yaa ta’u
Ayyaanni kee yaa dhaabbatuu
===============================!!============================

**Nama beekkamaaf faruu ittiin boochisan**

**(Siyyum Kabbadaa)**

**Marsaa Jalqabaa**

21)Fuulletti ba'i yaa duumessa warra abaluu
Fuulletti ba'i keessummaan dhufee
Hiriyoonni kee si barbaada dhufee
Mee ol jedhii ciqilee dhaabbadhuu
Daamaa kiyya x2 warri jalaa qabu
ee… Yaa leenca koo woo…

22)Si barbaadaan yaa duradeemaa warra abaluu
Si barbaadaan yaa duradeemaa karaa Fittaal
Hiriyoonni kee sibarbaada dhufanii
23)Yee yaa abaluu
Yaa qorich gaarreffattuu
Yaa qoricha wanbadee
Si yaaman kaa yaa abaluu
Si yaamanii dhirri rakkatee
Wanbadee biyyatti taphattee
24)Yee yaa abaluu
Abaluu gaafa rakkoo
Yaa abaluu karaa magorii
Yaa abaluu karaa Godiinaa
Yaa abaluu takkatuu lola godhee
Takkatuu jaarsummaan iyyeessa galchu
25) Maaloo maa natti deemtanii
Maaloo ani badee
Qotee-bulaan qotiyyoo camadee
'Gabareen' kooticha bu'ee
Xaa'oo rakkatee
26)Dhugaa qabda yaa alaabaa biyya Fittaal
Alaabaan biyya Fittaal jige jedhan
Kaleessa biiroo cufaa oole jedhan
Yaa abaluu warra Waldaa Gaamtaa
Akkam yaa ta'u har'a warri xaa'oo rakkate
Har'a dhufanii biiroodhaa sidhabuu hinoolanii
27)Yaa abaluu warra Liqii Qusannoo
Yaa abaluu situ balleesse
Situu ergamuu baay'ise
Situu fuuldura fiiguu baay'ise

Yaa abaluu leelloo sitti baay'ate
Yaa abaluu gaafa dhiirri rakkate
Karaa Godiinatti wabii ta'iif ati

**Marsaa Lammataa**

28)Akka jedhuu abaluun
Egaa ani kufee hinka'uu
Dhangala'ee hinharamuu
Egaa qurxii keessan beekaa
Ani akka durii isin faana hinfiiguu
29) Egaa abalu kaleessa lafa dhahee
Kilaashiin harkaa buutee
Shugguxiin mudhiirraa hiikkattee
30)Egaa abaluu angoon qaba jedhee,
Nama hinaggalaammaxuu
Takkatuu mufatee
Takkatuu araara godhee
Nama gaggeessaa malee
31)Koottu yaa abaluu har'a
Koottu samaanaa jiksinaa
Koottu samaanaa walirra kunnaa
32) Ijoolle abaluun
Maatii ormaa guddisaa turee
Kan ofii karra itti cufee biraa deeme
Adda baate kaa yaa abaluu daa'ima keen
Adda baate kaa lakkooleewwan teetiin
Adaraa namni ijoollee isaa argitan
Abbaatu iraa du'e jedhaa daftara bitaafi
32)Adaraa yaa abaluu too
Adaraa ijoollee too adaraa
Eegaa galgalaa x2
Ana biyyee natti deebisaa
Ijoollee too fudhadhaa gala
==============================!!===========================

**Dubartii beekkamtuuf faaruu ittiin boochisan**
**(Almaaz Beenyaa)**
**Boochiftuu 1ffaa**

33)Egaa yaa abaluu kiyyaa
Maalaan godhaa baayye na wajjin dhamaatee
Fiicheen si hafnee
Addisaabaan sin hafnee
‘Xaballis’ sin hafnee
34)Baayyee waallale
Baayyee konkolaataan olii gadiin nadeeme
Egaa galata dhabi
Yaa itillee cinaacha koo nyaatte jetti abaluun
35)Egaa yaa abaluu kiyyaa
Adaraa keessummaa fudhatee hingalinii
Adaraa yaa abaluu ni saalfattaa
Adaraa keessummaa fudhatte hingalinii
Abaluun mana jirti jettee
36) Yaa abaluu harka abooree
Yaa abaluu itittuu namaa jiksitu
Yaa abaluu cooma namaa murtu
Egaa ijoolle maal wayyaa
37)Adaraa nama niitiin jalaa duuteen mari’adhu yaa abaluu
Akka itti ijoollee guddisanii
Egaa beeki bichaa yaa abaluu kiyyaa
Beeki bichaa yeroon alaa galii
Akka durii abaluun mana hinjirtuu
38)Yaa intala abaluu
Eenyutu qotiyyoo nyaachisaa
Eenyutu maasaa keessa qonna oola
Egaa yaa abaluu kiyyaa
Karaa addisaabaa ol hinlaalini
Waraabessi edaa dallaa marsaa bulee
Leenca tiyyaa x2 warri jalaa qabu
Nagaatti yaa leenca tiyyaa hee… woo…
39)Geeche gizeen geechee x2
Geeche gizeen jetti abaluun
Geeche kaa yaa abaluu ilma abaluu
Maaloo nagaggeessi
Adaraa yaa abaluu kiyyaa
Adaraa daa’ima koo naaf mimildhadhu
40) Egaa yaa abaluu kiyyaa
Yaa abaluu ijoolleetee biran dhaqaa

Attamittuu attamii ijoollee teetii natti kenni

41)Yaa abaluu intala abaluu
Mee ol jedhii
Ijoolleen kaffalchaa waan siif taatu ilaali
Hoodhu gatii kee x2
Hodhu gatii harka keetii
Hoodhu gatii maaddii
Hoodhu gattii waancaa
Siin jetti ijoollee kaffalchaa

42)Egaa maa na ilaaltan
Maana ilaaltan yaa ijoollee kaffalchaa
Maana ilaaltanii ani baduufanii jetti abaluun

43)Egaa maalan godha yaa ijoollee too
Egaa maalan godha nan fayya jedheen
Addisaabaa keessa marmaaraa turee
Ilbaanyi x2
Kan qabeenyi koos hinhafnee
Kan lubbuun koos hinhafnee jetti abaluun

44) Egaa maaddirratti nyaatanii
Gundoorratti nyaachuu
Nama yaabaasuu jedhi nagaattii
Lubbuu kee 'yaamaaru'
Biyyoon galabaa siif yaa ta'u.

**Boochiftuu 2ffaa**

45) Yee yaa abaluu warra abaluu
Yaa kutattuu warra abaluu
Yee yaa ijoollee abaluu
Yeroon gala adaraa
Abaluun akkaa durii mitii
Dallatti baatee isin hinilaaltuu

46)Yee yaa abaluu
Yaa abaluu warra abaluu
Yaa hillikanyaa warra abaluu
Koottaa narraa gala
Narraa gala warri soddaa
Ayyaana waggaatii narraa gala

47)Yee yaa qacinee
Maaltu sirraa fokkisaa
Yoo dhooftee galchitu moo
Yoo calleessitee galchitu
Yee yaa abaluu niitii dhiiraa
Intala abaluu abaluudhaa

48) Yee yaa abaluu
Qurxii kee beeki bichaa
Takka Baalee Gobbaa jettaa
Takka yaa Shaggar jettaa
Abaluun akka durii mana hinjirtuu
Qurxii kee beekkadhuu
Bultii kee godhadhuu

49)yaa abaluu ‘assanaabataa’ deemi
Warra soddaa ‘assanaabbati’
Qe’ee kee ijoollee kee ‘assanaabbati’

50)*Maloo ani bade maa na daawwattanii*
*Yaa firoottan koo maa na daawwattanii*
*Ani baduu kiyya yaa firoottan koo*
*Nagaatti yaa ijoollee koo*
*Ani ka’ee hindeebi’uu*
Ani ka’ee hindeebi’uu
Ani karaa ga’ee hindeebi’uu
Nagaatti yaa biyya koo jetti abaluun har’a
Sutuma deemi x2
Egaa suutuma deemi yaa abaluu
Nyaachu hindhaqxu nyaatamuu dhaqxaa

51)Eenyu sibeeka yaa abaluu
Eenyutti gortaa?
Ijoollee abaluu abaluuti moo
Ijoolleen harka silaaluu hindhiiftuu
Ijoolleen garaa abaluu
Harka silaaluu hindhiiftuu
Harka qullaa itti hindhaqinii
Mee laalii daftara isaanii
Yaa abaluu ijoollee guddisuu beekta jedhanii
Yoo abaluun gabaa baate lakkoolee hosiftaa
Yaa abalu maaltu sirraa fokkisaa

52)Yaa abbayii **x2**
Yaa abbayii intala abaluu
Yaa abbayii mana abbayii
Hundumaa assanaabbati kaa har’a

53)Egaa maal wayyaa
Maal wayya yaa abaluu
Maal wayya yaa ijoollee too
Egaa ana garaan nadidee
Gaaraan nadiduun saa
Iftaan ayyaana waggaa ta’uu hinool

Egaa ani kufee hinka'uu
Ani bade hingaluu
Galgala biyyee narraan deebisaa
Ijoollee abaluu narraa deebisaa

**Boochiftuu 3ffaa**

54)Egaa manaa gadi baatee
Egaa manaa baatee obboleettiin abaluu
Obboleettiin abaluu abaluu manaa baate
Manaa gadi baatee ol deebii dadhabde
55) Egaa hinuma yaattaa yaa biyyee
Xoomii qabaan iftaanii hinuma nyaattaa
Sin yaa mararu yaa abaluu
Ormi cooman xoomii qabaa
Ani biyyeedhanan xoomii qabaa
56) Egaa nagaattii **x2**
Nagaatti yaa qamadii warra abaluu
Biyyeen siif yaa salphisu
Waaqni lubbuu kee 'yaamaaru

===============================!!==============================

**Maanguddoo beekkamaaf faaruu ittiin boochisan**

**(Guutamaa Badhaanee)**

**Boochiftuu 1ffaa**

**Seenaa himuufiin yoo eegalu**

57) Yee yaa abaluu
Yaa abaluu warra sanyii abaluudhaa
Eenyutu siyaame har'a
Eessa dhaquuf kaate
58)Yaa abaluu cooma nama murachiisu
Yaa abaluu daadhii nama unachiisu
Yaa sanyii warra abaluu abaluudhaa
Sanyii warra qotiyyoon darabee
Sanyii warra dhaltiiloo darabee
Eenyutu nama beeka kaa har'a

**Itti Fufuun Faaruun Faarsee Yoo Boochis**
59) Jige kaa hiini jigee

Hiini warra abaluu jigee
Kannisni mootii malee eessuma qubata kaa
Ijoolleen abbaa malee akkamiin guddatu kaa

60)Akkam goota kaa yaa abaluu
Yaa abaluu gaafa keessummaa
Yaa abaluu gaafa jaarsummaa
Yaa abaluu gaafa guddaayii
Yaa abaluu gaafa rakkinaa
Hinooltu kaa maqaan namaa
Maqaan namaa hinoolu yaa biyyana
Hinoolu garuu yaa maaraguu
Maaragni biyyaatis har'a jige

**Hirmaattota keessaa namni namicha beeku bifa faaruun yoo himuuf**

61)*“ yaa jagna koo,*
*yaa leenca koo,*
*yaa abbaa gootaa ,*
*yaa abbaa korommii,*
*yaa abbaa sanyii warra abaluu,*
*yaa abbaa dhaltiiloo buburree*
*yaa abba qottiyyoon cimdii,*
*yaa abbaa gootaraan dilbii ,*
*garam deemtaree?*
*eessaf kaate har'a?”*

**Boochiftuu** 2**ffaa**

62) Egaa yeroon galgalaa
Mee ol naqabi yaa abaluu tiyyaa
Saanqaa jechuu balbalaa **x2**
Ilmooj jechuun hangafaa

63)Egaa nandhufaa
Nandhufa yaa ijoolle nan dhufaa **x2**
Nandhufa yaa abaluu kiyyaa/tiyyaa
Dhufuun kiyya hinooluu nan dhufaa
Yoo biyyeen morma koo nyaachuu baatte
Yoo kirriin miilafi harka koo narraa kutuu baatte
Jedha abaluun har'a yaa ijoolle.
Nagaatti kaa nagaatti
Nagaattuma nagaatti
Jedha kaa abaluun har'a

**Boochiftuu (1ffaa)**

64)Egaa baroodaa bulte
Eda qottiyyoon tiyya baroodaa bulte
Egaa gorboo diige
Fardi gorboo diige
Qe'eedhan doorsisan kaa
Dhiira qe'eedhaan doorsisanii jedha abaluun
65) Egaa nagaatti
Yaa ijoolle nagaattii
Yaa abaluu nagaattii
Yaa abaluu abaluu nagaattii
Nagaatti kaa nagaattii
Egaa kuma balleessan bade
Kuma balleessaan abboo oggaatiin bade
Nagaatti nagaattii
Qa'ee kee waaqni yaa dhaabu
Ijoolle biddira keessan yaa baasu
66)Egaa nagaatti
Nagaatti x2
Mataa hinmagarre hin haadanii
Nama hinagarre hinyaadanii
Egaa nagaattii x2
Qe'ee kee waaqni yaa dhaabuu
Biyyee galabaa siif yaa godhuu
Lubbuu kee 'yaamaaru'
==================================!!===========================

**Nama namni ajjeeseef faaruu ittiin boochisan**

67) *yaa leenca koo* x(2)
*yaa sanyii warra abaluu abaluu*
*sin yaatte kaa sareen*
*saree eenyummaan ishii hinbeekamne*
*tasa sinyaatee*
*silaa foon ishii ciccirtee gattee*
*eenyutti dhaammatteree*
*eenyu damii kee yaa baasuu*
*qabda ijoollee korommii qabdaa*
*ijoolleen keetu ni baasu damii kee…*

**Faaruu Hawaasni Ijoolleef ittiin boo'uuf**

*68)Yaa ilmakoo*
*Yaa margaa koo*
*Maaltu si argatee*
*Maaltu nu jalaa si qurxe*
*Nu'uu ergannee sin quufnee*
*Sitti hirkanna jennee si abdannee*
*Maaloo maa akkana nu gootee*

**faaruu Nama ogummaa harkaa beekuuf ittiin boochisan**

*69) Akka godhanii yaa abaluu*
*Akkam godhuu*
*Mana jalqabatti hafe akkam yaa godhanii*
*Warri horii jalaa cabe akkam yaa godhanii*
*Yaa abalu har'a horiin biyyaa cabee rakkatan kaa*

**Faaruu seenaa himuun boo'anii boochisan agarsiisu**

*70) " yaa jagna koo,*
*yaa leenca koo,*
*yaa abbaa gootaa ,*
*yaa abbaa korommii,*
*yaa abbaa sanyii warra abaluu,*
*yaa abbaa dhaltiiloo buburree*
*yaa abba qottiyyoon cimdii,*
*yaa abbaa gootaraan dilbii ,*
*garam deemtaree?*
*eessaf kaate har'a?"* jechuun himuuf.

**Ga'eesota hawaasa keessatti beekkamaniif Faaruu boochiftuun dhiyaatuuf**

72) *Yee yaa abaluu*
*Yaa abaluu har'aa miti durii*
*Maalummarraa dhabamte*
*Eenyutu si wallaale*
*Xinnaa guddaatu si beekaa*
*Hojii kee isa duriitu si ibsa*
*Yaa abaluu rakkoorratti nama dhaqqabu*
*Yaa abaluu maalitti mudoo qabda*
*Yoo nama olchitu moo yoo loltu*
*Ati hoomafuu mudoo hin qabdu*
*Kan sibeeku sii himaa*

**Dabalee E**

**Suuraalee Keessa Qorannootti Argaman Waan Isaan Agarsiisa Waliin**



Suura 1_ Boochiftuun farda yaabbatee boochisa gara qe'ee nama du'eetti yommuu daaman



Suura 2_ Karaa walakkaatti yommuu ga'an boochiftuun namoota gidduu dhaabbatee yoo boochisu



Suura 3_ Iddoo awwalchatti boochiftuun yommuu namoota gidduu dhaabbatee boochisu



Suura 4_ Dargaggeessaaf shinooteen hidhatameefi yeroo boochiftuun boochiftu agarsiisu

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoo kun hojii koo ta'uu isaafi, kanaan dura Yuunivarsiitii kamiiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hindhiyaanne ta'uu isaa akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee, wabii keessattis kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa ______________________________

Mallattoo ________________________

Guyyaa _______________________